

QAACCESSA RAAWWII TAPHA IJOOLLEE

AANAA KOKKOSSAA

ABDATAA ALAMAAYYOO DABALEE

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII
FOOKILOORII**

HAGAYYA, 2009/2017

FINFINNEE

QAACCESSA RAAWWII TAPHA IJOOLLEE AANAA

KOKKOSSAA

ABDATAA ALAMAAYYOO DABALEE

GORSAAN: DR. XILAAHUUN TALIILAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUN
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUF FOOKILOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUF
FOOKILOORII.**

HAGAYYA 2009/2017

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Aaddis Ababaa

Dhaabbata Digirii Duraatiin Boodaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Abdataa Alamaayyootiin Mata Duree: *Qaaccessa Haala Raawwii Tapha Ijoolee Aanaa Kokkossaarratti* jedhuun qophaa'e Sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa

Itti Gaafatamaa Muummee Ykn Qindeessaa Digrii Lammaffaa (MA)

Axeereraa

Kaayyoon qorannoo kanaa, qaaccessa haala raawwii taph ijoollee Aanaa kokkossaarratti xiyyeeffate kan jedhu yoo ta'u, Sababni qorannoon kun barbaachiseef, irraanfataamaa dhufuu tapha ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatanii, xiyyeeffannoon taphoota kanaaf kennamuu dhabuu, taphoota ammayaatiin liqinfamuu taphoota ijoollee kanaafi aanaa kanatti kallattii kanaan qorannoon gaggeeffame jiraachuu dhabuu isaati. Adeemsa qorannoo kana tarkaanfachiisuu keessatti barruuleefi qorannoowwan mata duree kanaan walfakkaataan sakatta'amaniiru. kaayyoo kana galmaan gahuuf ragaan duudhaa hawaasaa yoomessa dhugaafi namtolchee keessaa adda durummaan mala daawwannaa kan godhate ta'ee dabalataan marii garee gargaaramuun funaanamee jira. Malli iddatteessuu qoratichi dhimma itti bahes mala idatteessuu akka kaayyoofi walhimaa yoo ta'u, odeeffannoowwan haala kanaan funaannamanis mala akkamtaatiin qaaceffameera. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti maalummaa tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanii, gosoota tapha kanaa, faayidaa isaanii, akkaataa taphichi itti qophaa'uufi haala taphni kun ittiin taphatamu, yoomessa taphichi kun keessatti taphatamuufi wantoota yeroo ammaa tapha ijoollee kanarraan dhiibbaa geessisaa jiran fa'atu qaaceffame. Qaaceffama kana, giddu-galeeffachuun, gosoonni tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan beekamoon 18 akka jiran, taphni ijoollee yoomessa garagaraa (yeroo Birraa, Bonaa, Arfaasaa, Gannaa, taphoonni kunneen hunduu guyyaa qofa akka taphataman, akkasumas taphoota yoomessa garaa garaa) keessatti taphatamuu danda'aniifi taphoonni haala kanaan aadaa hawaasaa calaqqisiisan kun yeroo ammaa xiyyeeffannoo argachuu dhabuurraan kan ka'e taphoota ammayaatiin bakka buufamuun dagatamaa jiraachuun bu'aa qorannoo kanaan bira gahameedha. Kanarraa ka'uudhaan rakkoolee kanneen hir'isuuf dhimmoonni akka: tapha ijoollee suuraafi sagaleen waraabanii dhalootaaf hambaa godhanii kaa'uu, hawaasni sadarkaa sadarkaan jiran dhimma tapha ijoolleef akka bakka kennan gochuuf, waajjirri dargaggoofi ispoortii kanneen aadaa keessatti hammatamuu qaban irratti ogeeyyiin qorachiisee osoo bakka argachiisee, qorattoonni dhimma tapha aadaa ijoollee kanarratti qorannoo kana ka'uumsa godhachuun kallattii garagaraan akka ilaalaniifi yaada gara fuulduraatiif furmaata barbaaduun yaboo qorannoo kanaati.

Galata

Waan hundumaa dura osoo na hinhifatiniifi nuffin gorsaafi yaada bilchaataa naaf kennuun waraqaan qorannoo kootii kun haala kanaan akka qophaa'u kan taasisan gorsaa koo, Dr. Xilaahuun Taliilaatiif galanni koo guddaadha.

Akkasumas galma ga'iinsa qorannoo kanaatiif bu'uura ta'uudhaan ragaa qulqulluu naaf kennuun kanneen naaf tumsan ijoollotaafi namoota ganda baadiyaa Aanaa Kokkossaa, itti dabalees Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa kanaan osoo hingalateeffanne bira hindarbu.

Dabalataan Obboleewwan koo hunda galma ga'iinsa qorannoo kootii kanaaf sababa ta'an kan qabeenyaafi humna isaanii osoo hinqusatin kallattii barbaachisu hundaan na duukaa bu'an keessaayyuu, Tasfaayee Alamaayyoo deeggarsa maatiin dhala ofiitii taasisuu olitti kunuunsanii nabarsiisuu isaaniitiif jaalalaafi kabajni guddaan ani isaaniif qabu yoomiiyyuu kan dagatamuu miti.

Dhumarratti barsiisota hiriyyoota koo kan ta'an yaadaafi humna qabaniin cinaa koo dhaabbatanii kan najajjabeessaa turan Daawwit Baacaa, Baahiluu Kuraabbaachoofi Sisaay Kabbadaa, Turee Gannaafi Tolosaa Tasfaayee guddiseen galateeffadha. Akkasumas kanneen harkiifi humni isin gabaabbatee osoo nabira hingayin haftan hundaan galatoomaa jedheera.

Jibsoo

Jechoonni armaan gaditti tarreeffaman kunneen waraqaa qorannoo kanaa keessatti isaan dhimma itti bahamaniidha. Haala hiika isaan qorannicha keessatti qabaniin hiikni kennameefii jira.

A'uu	darbachuu, darbuu
Ardaa	gosa, balbala, aantee
Baarree	meeshaa aannanii isa guddaa dhumaa
Bijammirii	tapha okkolchoo, merexee
Bililissaa	darbannaa ulee, tililloo
Bobbaasuu	yaasuu, waaree dheechisuu
Bondee	hiyyeessa wamaa hinqabne
Boroo	mana duuba, dawoo
Caasoo itti maruu	miilaan miila biroo sakaaluu
Callee	mi'a mormaa
Cawaa	jaarii, ayyaana
Cinoo qabuu	walirra dhufuu, bakka walbu'uu
Ciqilee	dhundhuma harkaa
Daayessa	yaaxxina
Dannaba	dhagaa saddiiqaa kan baayyee tuulame
Diibiyyo diibo	dhokachoo taphachuu
Duudhaa hawaasaa	barsiifata hawaasaa
Ededa	qarqara bishaanii
Faana dhahuu	duukaa bu'uu, hordofuu
Foorfachuu	haara galfii, boqonnaa fudhachuu
Gaalee	funyoo, haada mukarratti biqilu
Gabbachuu	misuu, furdachuu, coomuu
Gajafuu	cawachuu, sirbuu, ayyaanaan guutamuu
Gatantaruu	daddarbamuu, dhaabbachuu dadhabuu
Gooddii gadi	lafa irraa gadee ta'e
Gooroowwan	kutaawwan gurguddoo
Gora	morka

Halangicha	jaarsa intala namaaf kadhatu
Hancuuraa	bosoqqee
Hankaassee	sibiila ulee jaarsolii gara jalaatiin itti godhamu
Harka ilaallachuu	shaakalaaf, yaaliif
Hoofee	funyoo weessii
Hoongoo	duwwaa
Humnaan	boortaan, fedhii malee
I/G	itti gaafatamaa/tuu
Ilaala	tabba gubbaa
Irra kaaya	horii intala xinnoo heerumtu waliin kennamu
Jala dibamuu	bishaan jala lixuu
Kaloo	dallaa, mooraa
Kutaa	nyaata abbaan yemmuu nyaatu ilmaan isaaf kennu, kutu
Laxaa	harcummee, ulee xiqqoo, shaxxee
Luluma	sibiila eeboo gara jalaatti argamu
Miila hiikachuu	socho'uu, bal'ifachuu
Minneminneessoo	tapha dhokachoo, diibiyoo
Qaanii	saalfii, fokkuu
Qaarisuu	irraan dabarsuu, gubbaarra dabarsuu
Qarruu malkaa	marga saardoo jiidhaa dubartootni harkatti qabatan
Shingifachuu	itti xanachuu, naaf raawwadhu jedhee itti dhaammachuu
Shururfachuu	mucucaachuu
Ugguu	sodaachuu dhabuu
Wararii	saddiiqa
Weessii	warqii kan nyaatamu
Winciriirrachuu	gaalee mukaatti rarra'anii darbatamuu
Woyyuu	waan sodaatamu, kabajamu, hooda, safuu
Yarachuu	huqqachuu, qal'achuu, laafuu
Ykn	yookiin

Baafata

Fuula

Axeereraa	i
Galata	ii
Jibsoo	iii
Baafata	v
Baafata Suuraawwanii	ix
Boqonnaa Tokko: Seensa	1
1.1. Seen-duubee Qorannichaa	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa	3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa	5
1.5. Daangaa Qorannichaa	5
1.6. Hanqina Qorannichaa	6
1.7. Seen-Duubee Haala Waliigalaa Aanaa Kokkossaa	6
1.7.1. Haala Teessuma Lafaa	6
1.7.2. Hawaas-Diinagdeen	9
1.7.3. Aadaa Beekamoo Ta'an	11
1.7.4. Hidda Latiinsa Oromoo Arsii Aanaa Kokkossaa	15
1.8. Qindaa'ina Qorannoo	15
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu	17
2.1. Yaad-Rimee Maalummaa Fookloorii	17
2.2. Goroowwan Fookiloorii	19
2.2.1. Meeshaalee Aadaa	20
2.2.2. Aartii Sochii Qaama Hawaasaa	21
2.2.3. Duudhaa Hawaasaa	22
2.2.4. Afoola	24
2.3. Faayidaa Fookiloorii	25
2.3.1. Dhiibbaa Karaa Adda Addaatiin Irra Gahu Jalaa Miliquuf	27

2.3.2. Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Jabeessuufi Cimsuuf	28
2.3.3. Barsiisuuf.....	28
2.3.4. Amala Fudhatamaa Ta'e Ittiin Dagaagsuuf.....	29
2.4. Gahee Ijoolleen Fookiloorii Keessatti Qaban	30
2.5. Akkaataa Ijoolleen Gareen Fookilooriitti Hirmaataniin	32
2.5.1. Sadarkaa Maatiitti	32
2.5.2. Sadarkaa Ollaatti.....	33
2.5.3. Sadarkaa Mana Barumsaa Idileetti	34
2.6. Maalummaa Tapha Ijoollee Kanneen Sochii Qaamaatiin Walqabataniin.....	35
2.7. Gosoota Tapha Aadaa Ijoollee Sochii Qaamaatiin Walqabataniin	36
2.8. Faayidaa Tapha Aadaa Ijoolleesochii Qaamaatiin Walqabataniin.....	37
2.9. Akkaataa Raawwii Tapha Ijoollee Sochii Qaamaatiin Walqabataniin	39
2.10. Yoomessa Raawwii Tapha Ijoollee	41
2.11. Yaaxxinaalee Qorannoo Fookiloorii	42
2.11.1. Yaaxxina Faayidaa	43
2.11.2. Yaaxxina Haalaa	45
2.12. Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhufeenya Qaban	48
Boqonnaa Sadi: Mala Qorannoo	52
3.1. Gosa Qorannoo.....	52
3.2. Irraawwatama Qorannichaa	53
3.3. Madda Ragaalee	53
3.4. Mala Iddatteessuu Qorannichaa	53
3.5. Mala Odeeffannoon Ittiin Sassaabame	55
3.5.1. Daawwannaa.....	55
3.5.2. Afgaaffii	57
3.5.3. Afgaaffii Marii Garee.....	57
3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee	58
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Odeeffannoo	60
4.1. Tapha Ijoollee Sochii Qaamaatiin Walqabatan.....	60

4.1.1. Taphoota Sochii Utaalchaa Ofkeessaa Qaban	61
4.1.1.1. Utaalchoo	61
4.1.1.1.1. Utaalchoo Uleerraa	61
4.1.1.1.2. Utaalchoo Lafarraa	63
4.1.1.1.3. Utaalchoo Bishaan Irraa.....	64
4.1.1.2. Wazaawwazoo Taphachuu	65
4.1.2. Taphoota Sarara Eeggachuudhaan Taphataman	66
4.1.2.1. Bijammirii Taphachuu	67
4.1.2.2. Korboo Woraanuu	69
4.1.2.3. Tirгаа Taphachuu.....	72
4.1.2.4. Buruntii Taphachuu	74
4.1.3. Taphoota Kallattii Hundattuu Fiiguudhaan Taphataman	76
4.1.3.1. Adaabbaa Baalee	77
4.1.3.2. Diibiyyo Diiboo Taphachuu	79
4.1.4. Taphoota Taa'uufi Walitti Naanna'uudhaan Taphataman	83
4.1.4.1. Tun Maali Ishiin?	83
4.1.4.2. Worarii Taphachuu.....	84
4.1.4.3. Takii Taphachuu	87
4.1.5. Taphoota Haala Adda Addaatiin Taphataman.....	90
4.1.5.1. Woldhaansoo Wolqabuu	91
4.1.5.2. Winciriiirroo Taphachuu	93
4.1.5.3. Bishaan Daakuu	94
4.1.5.4. Farda Gulufsiisuu	96
4.1.5.5. Shururoo Shururfachuu	97
4.1.5.6. Bililissaa Taphachuu	98
4.1.5.7. Ruxii A'uu	101
4.2. Tapha Ijoollee Akkaataa Koorniyaatiin.....	103
4.2.1. Taphoota Ijoollee Dhiiraa Qofaan Taphataman	103
4.2.2. Taphoota Koorniya Lamaaniinuu Taphataman	104

4.3. Yoomessa Tapha Ijoollee Waytii Keessatti Taphatamaniin	104
4.3.1. Taphoota Yeroo Arfaasaa Taphataman.....	105
4.3.2. Taphoota Yeroo Gannaa Taphataman.....	105
4.3.3. Taphoota Ijoollee Yeroo Birraa Taphataman	105
4.3.4. Taphoota Ijoollee Yeroo Bonnaa Taphataman	106
4.3.5. Taphoota Yoomessa Garaagaraa Keessatti Taphatamuu Danda'an	106
4.4. Dhiibbaawwan Tapha Ijoollee Kana Akka Dagatamu Taasisaa Jiran.....	106
Boqonnaa Shan: Cuunfaafi Yaboo	108
5.1.Cuunfaa.....	108
5.2.Yaboo.....	111
Wabiilee	113
Dabaleewwan	

Baafata Suuraawwanii

Suuraa 1 ^{ffaa} ulee irra utaalumuuf qophaa'e-----	62
Suuraa 2 ^{ffaa} yemmuu dabareen utaaalan-----	62
Suuraa 3 ^{ffaa} mucaa utaalee qilleensarra jiru-----	62
Suuraa 4 ^{ffaa} yemmuu mucaan utaaluuf ka'u-----	63
Suuraa 5 ^{ffaa} mucaa utaalee gubbaarra jiru-----	63
Suuraa 6 ^{ffaa} yemmuu utaalee lafa bu'u-----	64
Suuraa 7 ^{ffaa} yemmuu gareen utaaalan-----	65
Suuraa 8 ^{ffaa} erga bishaan daakan booda yemmuu utaaalan-----	65
Suuraa 9 ^{ffaa} mucaa dursee utaalee shingifatu-----	65
Suuraa 10 ^{ffaa} kan itti shingifatame yemmuu utaaalu-----	65
Suuraa 11 ^{ffaa} yemmuu gareen taphatan-----	66
Suuraa 12 ^{ffaa} mucaa utaalee haadarra darbaa jiru-----	66
Suuraa 13 ^{ffaa} yemmuu isaan sarara (mana) ijaarratan -----	69
Suuraa 14 ^{ffaa} yemmuu isaan dabaree waliif kennan-----	69
Suuraa 15 ^{ffaa} yemmuu darbatee mana waraanu-----	69
Suuraa 16 ^{ffaa} mucaa erga bishaan daake booda laga utaaalu-----	69
Suuraa 17 ^{ffaa} yemmuu korboon darbatamu-----	71
Suuraa 18 ^{ffaa} yemmuu mucaan korboo darbatame waraanu-----	71
Suuraa 19 ^{ffaa} yemmuu mucaan korboo darbatee dhabu-----	71
Suuraa 20 ^{ffaa} yemmuu dooyaa wal waaman-----	71
Suuraa 21 ^{ffaa} boolla taphichaaf qophaa'e-----	74
Suuraa 22 ^{ffaa} bakka dhaabbatanii darbatan-----	74
Suuraa 23 ^{ffaa} yemmuu mana bulan-----	74
Suuraa 24 ^{ffaa} bakka bulan yemmuu ilaalan-----	74
Suuraa 25 ^{ffaa} yemmuu kubbaan kennamu -----	76
Suuraa 26 ^{ffaa} yemmuu kubbaa fudhatee rukutu-----	76
Suuraa 27 ^{ffaa} isheen rukutamte yemmuu deebistee rukuttu-----	76
Suuraa 28 ^{ffaa} yemmuu mana baratan-----	78
Suuraa 29 ^{ffaa} yemmuu mucaan qabuuf ari'atu-----	78
Suuraa 30 ^{ffaa} yemmuu qabee marga irra kaayu-----	78

Suuraa 31 ^{ffaa}	yemmuu mucaan manni isinitti ajaa'e jedhu-----	78
Suuraa 32 ^{ffaa}	yemmuu isaan harka walii lakkaa'an-----	82
Suuraa 33 ^{ffaa}	yemmuu mucaan rafee warri kaan dhokachuuf deeman-----	82
Suuraa 34 ^{ffaa}	yemmuu mucaan warra dhokatan barbaadu-----	82
Suuraa 35 ^{ffaa}	yemmuu mucaan deebi'ee lafa dhungatu-----	82
Suuraa 36 ^{ffaa}	ijoollee taphaaf qophaa'an-----	84
Suuraa 37 ^{ffaa}	yemmuu kubbaa jala kaayu-----	84
Suuraa 38 ^{ffaa}	yemmuu kan jala kaa'ame ari'u-----	84
Suuraa 39 ^{ffaa}	tapha gara dhumaarra gaye-----	84
Suuraa 40 ^{ffaa}	yemmuu saddiiqaaf dabaree ilaallatan-----	86
Suuraa 41 ^{ffaa}	yemmuu mucaan mana yaasu-----	86
Suuraa 42 ^{ffaa}	yemmuu mucaan saddiiqa buusaa deemu-----	87
Suuraa 43 ^{ffaa}	yemmuu gareen taphatan-----	89
Suuraa 44 ^{ffaa}	yemmuu qayyifatu-----	89
Suuraa 45 ^{ffaa}	yemmuu ciqilee dhoofsisu-----	89
Suuraa 46 ^{ffaa}	yemmuu fudhachuuf qophaa'u-----	89
Suuraa 47 ^{ffaa}	yemmuu manni ijaaramuuf-----	92
Suuraa 48 ^{ffaa}	yemmuu caasoo itti maru-----	92
Suuraa 49 ^{ffaa}	yemmuu kuffisuuf olbutu-----	93
Suuraa 50 ^{ffaa}	yemmuu mucaan biro cinoo qabuuf-----	93
Suuraa 51 ^{ffaa}	yemmuu mucaan darbatamu-----	94
Suuraa 52 ^{ffaa}	yemmuu mucaan darbatamee deebi'u-----	94
Suuraa 53 ^{ffaa}	yemmuu gareen winciriirratan-----	94
Suuraa 54 ^{ffaa}	yemmuu bishaan seenan-----	95
Suuraa 55 ^{ffaa}	yemmuu waldorgoman-----	95
Suuraa 56 ^{ffaa}	yemmuu jala dibamuuf qophaa'an-----	95
Suuraa 57 ^{ffaa}	yemmuu qarqararra utaaluun waldorgoman-----	95
Suuraa 58 ^{ffaa}	yemmuu garaachessuun yaaban-----	97
Suuraa 59 ^{ffaa}	yemmuu gulufuuf qophaa'an-----	97
Suuraa 60 ^{ffaa}	yemmuu gareen gulufan-----	97
Suuraa 61 ^{ffaa}	yemmuu lama ta'anii gulufan-----	97

Suuraa 62 ^{ffaa} ulee shururoof qophaa'e-----	98
Suuraa 63 ^{ffaa} mucaa shururfataa jiru-----	98
Suuraa 64 ^{ffaa} yemmuu gareen shururfatan-----	98
Suuraa 65 ^{ffaa} yemmuu bakka shururootti deebi'an-----	98
Suuraa 66 ^{ffaa} ulee tililloof qophaa'e-----	100
Suuraa 67 ^{ffaa} yemmuu darbachuuf qophaa'an-----	100
Suuraa 68 ^{ffaa} yemmuu mucaan shingifatu-----	100
Suuraa 69 ^{ffaa} uleewwan darbatamanii lafa bu'an-----	100
Suuraa 70 ^{ffaa} yemmuu mukarra qaarisuudhaan gareen taphatan-----	101
Suuraa 71 ^{ffaa} ijoollee ruxii darbachuuf qophaa'an-----	102
Suuraa 72 ^{ffaa} yemmuu isaan jaldeessa darbatan-----	102

Boqonnaa Tokko: Seensa

Boqonnaa kana jalatti mata dureewwan dhiyaatan: seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinoota qorannicha keessatti muudataniifi odeeffannoo waa'ee seenduubee bakka qorannoon kun itti adeemsifamee fa'aadha. Tokkoo tokkoon isaanii haala itti aanuun walduraaduubaan dhiyaatanii jiru.

1.1 . Seen-duubee Qorannichaa

Haalli jiruufi jireenyaa, maalummaafi mallattoon saba tokkoo ifatti bahee kan ittiinbeekamuu danda'u keessaa aadaan isa tokko. Aadaan saba tokkoo immoo kanittiin ifee mul'atu, afaan inni dubbatuuniifi raawwii inni agarsiisuuniidha. Aadaan afaan kan ibsu yoo ta'u; afaanis aadaa kan ibsuudha. Yaanni kun Afaaniifi aadaan walitti dhufeenya cimaa akka qaban mirkaneessa. Afaan aadaa malee guddachuu akka hin dandeenye, aadaanis afaan malee jiraachuufi guddachuu hindanda'u. Kun ammoo kallattiidhaan haala jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqqisiisu ta'uu isaa mul'isa.

Maalummaa aadaa ilaalchisee, Namarraa Basha (2007:1)፩፫(1974:7) wabeeffachuun akka ibsetti, “Hawaasni tokko kan kooti jedhee, itti amanee, haala jiruufi jireenya isaa kan ittiin gaggeeffatu aadaa hedduu qaba. Aadaan kunniin raawwii hawaasummaan qaban keessaa haala nyaataafi dhugaatii, sirna fuudhaafi heerumaa, haala tapha isaanii, Waaqeffannaafi k.k.f. calaqqisiisuu danda'a.” Akka yaada nama kanaatti, ummanni aadaa mataa isaa kan qabuufi aadaa kanaan jiruufi jireenya isaa ibsata.

Ummanni Oromoo aadaa boonsaa eenyummaa isaa ittiin ibsatu hedduu keessaa tokko tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabataniidha. Akka yeroo ammaatti taphoonni ammayyaa osoo hinbabal'atin dura, ijoolleen tapha sochii qaamaatin walqabatan kan mataa isaanii niqabu. Taphootuma kanaanis tooftaa jiruufi jireenyaa kan ittiin shaakalan akkasumas, amalaafi aadaa hawaasa kana keessatti fudhatama qabu kan ittiin jajjabeeffataniifi gabbifatan yommuu ta'u, faallaa isaatiin immoo, amala gadhee hawaasaan jibbamuufi balaaleffatamu immoo akka irraa ittiin maqaniif gargaaramaa turaniiru. Har'as irraa baraa ittis gargaaramaa jiru. Kun immoo, kan nama hubachiisu akkuma mammaaksi “Gogaa jiidhaan maru” jedhamu

durumaa kaasee ummanni Oromoo ijoollee isaa taphatti gargaaramee umrii ijoollummaatti qaree qajeelchee kan guddisaa ture ta'uu isaati.

Fooklooriin, wanta bal'aa ta'eefi gosoota adda addaa jalatti aadaa hawaasaa kan qoratuudha. Akka Dorsan, (1972:1) ibsutti, fookilooriin damee afur (afoola, meeshaalee aadaa, aartii sochii qaamaafi duudhaa hawaasaa) qaba. Dameewwan kun walkeessa jiru. Afoola wajjiin, raawwii barsiifataa wajjiinis warreen kuniifi meeshaaleen sirnaaf barbaachisan wajjiin mul'achuun amala isaanii. Kanaafuu, amala tokkoo tokkoo isaanii gadi fageenyaan hubachuufi qorachuun adeemsa qorannooti. Taphni ijoollee sochii qaamaafi dubbii afaanii ofkeessaa qabus afoola jalatti kan ramadamudha jechuuf ni danda'ama. Yaada kana ilaalchisee, Masfin(1995:42) waa'ee tapha ijoollee bal'inaan kaasee jira. Akka ibsa isaatti, "Afoolli yaaxxina baay'ee bal'aa ta'ee kan hambaa haammatuudha. Durdurii, hibboo, sirboota aadaa, taphoota ijoolleefi kan kana fakkaatan afoola keessatti haammatamu," jedha. Akka yaada kanaatti afoolli waan bal'aa wantoota hedduu haammatu yoo ta'u, taphni ijoollee afaaniin daddarbu yoo ta'e, aadaa hawaasaa keessaa tokko ta'ee, gooroowwan fookiloorii keessaa afoola jalatti kan ramadamuudha.

Fookilooriin calaqqisiistuu aadaafi hawaasummaati. Seenaa, aadaa, duudhaa, ogummaa, falaasama jiruufi jireenya hawaasaa baatee dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Fookilooriin muuxannoo jireenya woggaa dheeraa hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti horateefi horachaa deemu, eenyummaa hawaasaa kalaqee itti fayyadamu kan ibsuudha. Kanaafuu fookiloorii qu'achuun waa'ee hawaasa itti fayyadamu sanaa, ilaalcha, eenyummaa, falaasama jiruufi jireenya isaa gadi fageenyaan hubachuuf gargaara. Fookilooriin kunis wantoota adda addaa ofjalatti qabata. Isaan keessaa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu isa tokkoodha. Qaama aadaa ta'ee seenaa ummata Oromoo keessatti iddoo guddaa kan qabu, har'a ispoortii jedhamee kan beekamuudha. Akka haaraatti gurmaayee, sadarkaadhaan cimee, hanga shaampiyooniitti hindeemin malee, aadaa Oromoo keessatti taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan yookaan bifa ispoortiitiin mul'atan baay'eedha.

Ummanni Oromoo aadaa tapha ijoollee kan ummaticha keessatti ijoollee tajaajilaa turaniifi har'as tajaajilaa jiran hedduu qaba. Aadaan tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kunis aadaa ummata Oromoo keessaa isa tokko yemmuu ta'u, ummanni Orommoos ijoollota abdiin borii ta'an kana haala gaariin guddisuuf aadaa kanattis dhimma bahee, tooftaafi mala

jireenyaa kan ittiin barsiisuudha. Haaluma kanaan gorsuu kan barbaadu gorsuuf, qaama isaanii jabeessuufi dandeettii waa yaaduu isaanii gabbisuu kan barbaadu tapha kanatti dhimma bahee ittiin barsiisa. Kallattii barsiisuun keessattuu dhaloota haaraa ittiin barsiisuuf, qajeelchuufi ittiin guddisuuf aadaan tapha ijoollee baay'ee murteessaadha. Ummanni Oromoo Aanaa Kokkossaas, akkuma Oromoota biroo tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanitti dhimma bahuun jiruufi jireenya isaanii ni ibsatu. Seenaa darbes karaa wanta aadaa kanaan dhalootaa dhalootatti ittiin dabarfatu.

Haaluma kanaan Aadaan tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu kunis hawaasa naannoo kanaa biratti kan beekamuudha. Taphni ijoollee biyyaa biyyatti garaagarummaa qabaachuun isaa beekamaadha. Taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu kan Godina Arsii Lixaa Aanaa Kokkossaatti taphatamus akkuma isa kan biraa amala ofdanda'e qaba. Haaluma kanaan tilmaamaan haajedhamu malee hanga qorataan kun sakatta'etti mata duree kana ilaalchisee wanti qoratame hinjiru. Kanaaf qorannoo barbaachisa.

1.2 . Ka'umsa Qorannichaa

Fookilooriin calaqqisiistuu aadaafi hawaasummaati. Seenaa, aadaa, duudhaa, ogummaa, falaasama jiruufi jireenya hawaasaa baatee dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Isaan keessaa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu isa tokkoodha. Qaama aadaa ta'ee seenaa ummata Oromoo keessatti iddoo guddaa kan qabu, har'a ispoortii jedhamee kan beekamuudha. Akka haaraatti gurmaayee, sadarkaadhaan cimee, hanga shaampiyooniitti hindeemin malee, aadaa Oromoo keessatti taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan yookaan bifa ispoortitiin mul'atan baay'eedha.

Mata duree haala raawwii tapha ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatan kan Aanaa kokkossaa qaaccessuu jedhu kana irratti qorannoo akka gaggeessuuf qoratichaaf ka'umsa kan ta'e, qoratichi aanaa kanatti dhalatee yeroo guddatetti taphoonni ijoollee kun baay'een isaanii kanjiraniifi ijoolleenis taphicha irraa bu'aa olaanaa argataa akka turaniidha. Amma garuu haalli kun jijjiiramee taphoonni baay'een kan dagatamaniifi kanneen jiraniifis hagas hunda xiyyeeffannoon kennamaa akka hinjirreedha. Kun immoo, ijoolleen akka eenyummaa isaanii dagatan gochuu irra darbee jireenya hawaasummaa akka dhabaniifi qaamni isaanii jabinaafi midhaagina akka hinqabaanne isaan taasisa. Kanaafuu qoratichi muuxannoo qabu irraa

ka'uudhaan ka'umsi rakkoolee kanniinii maal akka ta'e addaan baasuuf dhimma kanarratti qorannoo gaggeesse. Qoratichi aanaa kanatti dhalatee guddachuun isaa odeeffannoo dhuga-qabeessa argatee, yaada ofiitiin deeggaree ibsuu nidanda'a amantaa jedhu waan qabuuf irra caalaa aanaa kanatti qorannoo akka gaggeessu isa taasiseera. Akkasumas, yeroo ammaa taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kun sababa ammayyummaatiin dhiibbaa jala galuu irraa kan ka'een, liqinfamuu irra darbee sadarkaa baduufi irraanfatumuu irra gahee jira. Haaluma walfakkaatuun taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan godina Arsii Lixaa Aanaa Kokkossaas baay'een isaanii irraanfataniiiru. Kun akka hintaaneef immoo, qorannoo irratti adeemsisuun fookiloorii hawaasaa galmeessuufi kunuunsuun barreeffamaan tursiisuun mala filatamaadha.

Karaa biraatiin qorannoon tapha ijoollee irratti gaggeeffame jiraatus, kan mata duree kana fakkaatu hingaggeeffanne; keessattuu naannoo kanatti hinqoratamneeyyu. Kanaaf, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa taphoota ijoollee keessaa, kanneen sochii qaamaatiin walqabatan irratti yoo ta'u, gabaabumatti qorannoo kana gaggeessuuf dhimmi ka'umsa ta'e, irraanfatamaa dhufuu tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanii, xiyyeeffannoon taphoota kanaaf kennamuu dhabuu, taphoota ammayaatiin liqinfamuu taphoota kanaafi kallattii kanaan qorannoon gaggeeffame dhabamuu isaaniiti. Kanaafuu akka badaa hin deemneef qorannoo irratti gaggeessuun barbaachisaa ta'a. Haaluma kanaan adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessatti gaaffileen kanaa gaditti dhiyaatan deebii niargatu jedhamee abdatama. Isaanis:

A/ Gosoonni tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan aanaa kokkossaatti taphataman kam fa'aadha?

B/ Akkaataan raawwii tapha kanniinii maal fakkaata?

C/ Taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kunniin yoomessa akkamii keessatti taphatamu?

1.3 . Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Raawwii tapha ijoollee aanaa kokkossaa qaaccessuu yoo ta'u, kaayyoon gooree isaa ammoo:

- ❖ Akaakuu tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanii adda baasuu.
- ❖ Akkaataa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan ittiin raawwatamu ibsuu
- ❖ Yoomessa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessatti taphatamu sakatta'uu

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun erga xumurameen booda qaamolee adda addaatiif faayidaa garaa garaa qaba. Isaanis:

- ❖ Tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan kanaan dura sababoota garagaraatiin dagatamee ture kana, amma garuu hawaasni naannoo kokkossaa jiranhangaa tokko akka isaan ofduuba deebi'anii yaadataniifi kunuunsaniif dhaamsa ni dabarsa.
- ❖ Waajira Aadaafi Turiziimii Aanaa Kokkossaatiif akka madda ragaatti nifayyada.
- ❖ Namoota gara fuulduraatti tapha ijoollee irratti kallattii kanaan qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka'umsa nita'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Arsii Lixaa Aanaa Kokkossaatti adeemsifame. Daangaan mata duree qorannoo kanaa, tapha ijoollee Oromoo keessaa, haala raawwii tapha ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatan irrattiidha. Innis, ijoollee umrii ijoollummaa keessa jiran keessaa kanneen waggaa 7-14 giddutti argaman irraatti kan xiyyeeffate yoo ta'u, Sababni isaas tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan naannoo kanatti beekamu irra caalaa ijoollee daangaa umrii jedhame kana giddutti argamaniin kan taphatamu waan ta'eefiidha. Kunis ijoolleen tapha kana taphatan irra caalaan isaanii kanneen horii tiksaniifi mana barumsa sadarkaa 1^{ffaa} keessa kan jiraniidha.

Taphni ijoollee gosoota hedduufi faayidaa hedduu qaba. Gosoota taphaafi faayidaa tapha ijoollee hundarratti qorannoon osoo gaggeeffamee bu'a qabeessa ture. Haata'uu malee kana raawwachuun baasiifi humna guddaa akkasumas, yeroo baay'ee waan gaafatuuf, qorataan xiyyeeffannoo qorannichaa taphoota ijoollee jiran keessaa tapha ijoollee kanneen yemmuu taphataman sochii qaamaatiin walqabatan (sochii qaamaa ofkeessaa qabanniiifi) haala raawwiifi faaydaa isaanii waliin kan jedhu qofarratti daangessuuf dirqameera. Akkasumas, gandootni aanicha jala jiran wal irraas ta'ee aanicha irraa baay'ee kan fagaataniifi baay'een isaanii immoo adeemsa miila qofaaf malee adeemsa geejjibaatiif kanneen hinmijanne waan ta'aniif gandoota aanicha jala jiran 25 keessaayis gandoota Saddeeti qofa irratti kan xiyyeeffateedha. Gandoota filaman kanas qorataan yemmuu filatu gandoota jiran keessaa kanneen isatti dhiyaataniifi walitti dhiyaatan keessaa filachuudhaan.

Haala kanaan gandootni filataman gandoota baadiyaa 7 Heebanoo, Duulaa, Hoogiso, Haroo Shifaa, Dayyu Daalattii, Bokoree, Horasabbuufi ganda magaalaa kan mana barumsa sad.1^{ffaa} qabu tokko ganda Guutuu jedhamutu qorannoo kanaaf filatame.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Akkuma qorannoowwan biroo qorannoon kunis yeroo gaggeeffamu adeemsa keessatti bu'aa ba'ii heddu keessa darbee sadarkaa dhumaa kanarra gahe. Wantoota akka hanqinaatti adeemsa qorannoo kanaa keessatti mul'atan keessaa, muraasni isaanii kanneen armaan gadiiti.

- ✓ Taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kun taphoota ammayyaatiin waan wal makeef yoomessa sirrii ta'een odeeffannoo gahaa argachuun rakkiseera.
- ✓ Qoratchi hojii idilee isaa hojjachaa qorannoo kana waan gaggeesseef, odeeffannoo sassaabbachuu irrati danqameera.
- ✓ Odeef-kennitootni sababoota garaagaraa fakkeenyaaf, haala bara kana tureen jechuun, sababa 'koomaandi poostiitiin' walqabatee odeeffannoo barbaachisaa akka barbaadam utti kennuu dhabuu.
- ✓ Gandootni qorannoon kun irratti gaggeeffame aanaa irraa fageenya kan qabaniifi ibsaa kanneen hinqabne waan ta'aniif meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu chaargii godhachuuf baay'ee rakkisaa ture.

Haata'u malee, qoratchi kaayyoo isaa qabatee ka'e galmaan ga'uuf rakkoolee kanniiniif osoo gadi hinjedhin hanqinaafi hir'ina mul'atan kana tooftaa gara garaa kanneen akka, (odeef-kennitootatti iftoominaan itti siquun amansiisuu, yeroo boqonnaa isaaniitti gaafii gaafachuun odeeffannoo sassaabbachuu)fi karaan fagaatus obsaan danda'uufi kkf hunda keessa darbuun qorannoo kana galmaan gahee jira.

1.7. Seen-Duubee Haala Waliigalaa Aanaa Kokkossaa

1.7.1. Haala Teessuma Lafaa

Aanaan Kokkossaa bifa bulchiinsaatiin kan hundeeffamte naannoo bara 1916 ttiifi akka aanaatti kan ofdandeette ammoo, A.L.H Bara 1954ttiidha. Kan argamtu Kibba Dhiha Godina Arsii Lixaa keessatti ta'ee, magaalaa guddittii biyyattii (Finfinneerraa) gara Kibbaatti kiiloomeetira 365fimagaalaa guddittii Godinaarraa gara Kibba Bahaatti kiiloomeetira 116

fagaattee kan argamtuudha. Haalli qilleensa Aanaa kanaa irra caalaan baddaa yommuu ta’u harki muraasni badda daredha. Aanichi kan daangeffamuun aanolee godinichaatiiniifi naannoo ummatoota kibbaatiin Godina Sidaamaatiin ta’ee, Kaabaan Aanaa Kofalee, Dhihaan ummatoota Kibbaa, Kibbaanis ummatoota Kibbaa, Bahaan Aanaa Dodolaafi Aanaa Nansaboo tiin daangeffama. Aanaan kun gandoota baadiyaa 22fi gandoota magaalaa 3 wolumaagalatti gandoota 25 of keessaa kanqabuufi bal’inni lafa aanichaa heekeraan 72746dha. Haalli teessuma lafa aanichaa ammoo, lafti ciisaan % 30, tulluun %45fi gaarri %20 dha. Akka raga argameetti baay’inni lakkoofsa ummata Aanaa Kokkossaa 164,989 yoo ta’u Amantiin aanicha keessatti argamu irra caalaan amantaa Musiliimaa yoo ta’u kanneen itti aanan walduraa duubaan Piroteestaantii, amantaa Ortodoksiitifi Waaqeffattoota. Kunis dhibbeentaan yoo kaa’amu, (%40, %35, %20 fi %5) ta’u jechuudha.

(Badhaasaa Buttaa 2005:12-13)

Aanaan kun bakkaa seena qabeessa isheen qabdu keessaa tokko “*Ilka Waabee*” jedhama. Bakki argama isaa magaalaa guddoo Aanichaarraa gara Kaabaatti kiiloometira (Km 29) fagaatee ganda Boree bakka Ilka jedhamutti argama. Seenaa jaarraa hedduun lakkaa’amu kan qabu Ilka Waabeen Aanaa kana bira darbee aanota ollaafi hawaasa naannoo sabaafi sablammoota ummatoota kibbaa hedduu birattis ni beekama. Akka ragaan manguddoota irraa argame ibsutti jechi Ilka Waabee jedhu jechoota Afaan Oromoo lama ilkaafi waabee jedhaman irraati. Akkasumas moggaasni maqaa ilka jedhamu kun kan kennameef jaarraa dheeraa dura naannoo woggaa 850 har’aa seenaa dhufaatii Shee Huseen wojjiin wolqabata.

Shee Huseen nama sanyii ArabaaYemen yommuu ta’an naannoo yeroo lola Qureeyish baqachuudhaan itoophiyaa seenanii naannoo mootummaa Affaar har’aa akka qubatan dubbatama. Sababa kanaaf amantii islaamaa itoophiyaa keessatti babal’ifachuu hin dandeenye. Yeroon booda wolitti bu’iinsa mootummaa Aksum duriifi mootummaa Zaaguwee jiddutti uumameen carraa argataniin gara wolakkaa biyyaatti dhufuu danda’aniiru. Haaluma kanaan karaa Jimmaatiin dhufanii Ilka Waabee yommuu gahan raajiin tokko uumame jedhama. Innis naannoo kanatti hordoftoota isaanii wojjiin salaata irra osoo jirani lafti bosona qofa waan turteef Arbi bosona keessaa isaan nyaachuuf itti ka’e jedhama. Yeroo kanatti isaan arba kana of duuba mil’atanii yoo ifatan arbi kun lafa jala lixee ilkaan isaa qofti lafaa olitti

hafe. Haala kanaan ilkaan arbaa naannoo sanaa yeroo dheeraaf mul'ataa waan tureef ilkaan arbaa kan jedhu irraa ilka jedhame jedhama.

Moggaasni maqaa ilka jedhamuu karaa biraatiin Shee Huseen guyyaa salaatuudhaaf bishaan waan dhabaniif masaraaxa isaaniitiin lafa woraananii bishaan baasanii burqaa sanaan dhiqatanii salaatan jedhama. Erga salaatanii ka'aniin booda maddi burqaa sun dhaabbachuu waan dideef ilkaan Arbaa naannoo sana tureen ukkaamsanii cuqqaalan jedhama. Akka ragaa biraatti kan kaa'an immoo battaluma Arbi lafa lixe sanatti burqaan lafaa madduu isaatiifi burqaan madde kun dhangala'ee dhaabbachuu didee lafa naannoo sanaa hunda uwwisee, hawaasa naannichaa irraan dhiibbaa geessisuuf yoo ka'u namni maqaan isaa Waabee jedhamu kallattii yaa'a bishaanii lolaa qotee gara kallattii tokkootti akka yaa'u taasisnaan achumaan waabee jedhames jedhu. Akka odeeffannoon manguddoota irraa argame ibsutti, Shee Huseen yeroo gara wolakkaa biyya teenyaatti dhufan dursanii iddoo Ilka Waabee jiraachaa turan. Sana booda gara godina Baalee Dirree Shee Huseeniitti akka socho'an himama.

Haaluma kanaan hawaasni naannoo, amantootni amantaa duudhaa hordofaniifi musliimotni iddoo gara garaatii dhufuudhaan waaqa uumaa achitti waaqeffachuudhaan muudu. Yeroo muudaa xiqqaafi guddaan, dhiiraafi dhalaan ilka Waabee irratti walitti yaa'anii, nyaatanii, dhuganii waaqeffattootni gaafa wanti nyaataaf qopheeffatanii dhufan harkaa dhumatu guyyoota hedduun booda gargar galu. Ilki Waabeen yeroo muudaa akkuma dirree Shee Huseen woggaatti yeroo lama ji'a jaha jahaan kan muudamu yoo ta'u ji'a kana keessa jedhamuus baatu muudni tokko yeroo gannaa, inni lammaffaan immoo woqtii bonaa naannoo badheessaatti siqee akka gaggeeffamu himama. Muudni yeroo gannaa gaggeeffamu hajjiifi kan yeroo bonaa gaggeeffamu immoo zaaraa jedhama.

Hawaasni Muuda keessatti hirmaatan Aanota ollaa, Aanaa Dodolaa, Nansaboo, Kofaleefi naannoo ummatoonni kibbaa Sidaamarraa nidhufu. Haata'uu malee namootni abbumaadhaan naannoo ilka Waabee hooggananiifi woggaa guutuu dhuunfaa ofiitti waaqeffataa ilka Waabee muudan namootni lakkoofsaan kudhan ta'an dallaadhuma iddoo sanaa keessa jiraatu. Namootni iddoo garaagaraatii muudaaf gara Ilka Waabeetti dhufan namoota kanniiniif waan garaagaraa fidaniifii dhufu. Walumaagalatti ilka waabee wanti seena qabeessa isa taasisu:

- Namni iddoo kanatti bahee waa kadhate waan kadhate sanaaf deebii argata.
Fakkeenyaaf: dubartiin dhala dhabde ilka waabeetti baatee yoo kadhatte ni milkoofiti.
-Namni loon deege ilkatti bahee yoo kadhate nihora (qabeenya godhata).
-Dubartii ciniinsuun rakatteef bakka kana deemanii yoo kadhataniif niofkolti.
-Namni dhibeedhaan rakkate bakka kanatti bahee yoo kadhate waan fayyuuf.

Yeroo ammaa sababoota garaagaraatiin ilki waabee seenaan isaa haa xiqqaatu malee yeroo durii dalla isaatuu sinbirroon alatti wanti takkaayyu irra hinbarartu jedhamee amanama.

(Ayyaano 2007:4-6)

Aanaa kana keessaa laggeen dhangala'an (yaa'an) keessaa beekamoon, laga loggitaa, Waabee, Maganaamoofi Collee fa'aadha. Laggeen kunniiniifi kanneen biroo aanaa kana keessatti argaman dhumarratti laga loggitaa jedhamu kanatti galu. Gosti mukkeen bosona Aanaa kana keessatti argamanii, Hindheessa (gaattiraa), Heexoo, Amshiiqqaa, Kombolcha, Garambaa, Korraallaa, Birbirsaa, Abbayyii, Tuullaa, Mokkaanniisa, Onoonuu, Gatamee, Reejjii, Qaanquu, Ejersa, Anshaa, Wontafullaasa faati isaan muraasa. Karaa biraatiin aanaa kana wanti adda isa taasisu lafa caffeewwanii beekamoo hanga shanii qabaachuu isaati. Isaanis gandoota baadiyaa keessatti, ganda Jiidhaa, Kaawoo, Garba Hurufa, Woyyoo kombolchaafi Dikii jedhamanitti kanneen argamaniidha. Kan biraa wanti Aanaa kana adda isa taasisu, Leemmaniifi Baargamoon baay'inaan kan itti oomishamaniifi keessattuu leemman bakka kamittuu hojjiirra oolu Aanaa kana keessaa akka argamutti himama.

(Badhaasaa Buttaa 2005:24)


1.7.2. Hawaas-Diinagdeen

Aanaa kana keessa baay'inaan kan jiraatu ummata Oromoo yoo ta'u sabaafi sablammoonni biroos ni argamu. Ummanni %80 ta'u ummata Oromoofi kanneen hafan saba Sidaamaa, Amaara, Wolaaytaafi sumaaileen niargamu. Ummatni Oromoo Aanaa keessa jiraatu baay'inaan baadiyaa kan jiraatu ta'ee jireenyi isaa horsiisa horiifi qonnarratti kan hundaa'eedha. Oomishni isaanii baay'naan midhaan nyaataa, boqqoolloo, garbuu, qamadiifi midhaan boollaa, weessii, dinnichaafi kanneen baalli isaanii nyaatamu raafuu, shunkurtii fa'itu oomishama. Horsiiisni horii Aanaa keessatti baay'inaan kan jiruufi gabaa kamiifuu horii dhiyaachuu danda'utu horsiifama. Kanaaf Godina Arsii Lixaa keessaa Aanaan tun horsiisa looniitiin akka sadarkaa tokkoffaatti ilaalami. Horsiiisa horiitiin cinatti horsiisa kanniisaatiinis

Aanaan tun ni beekamti. Horsiisi horii kunis saawwan, lukkuu, kotte duudaa kan aka fardaa, harreefi darbee darbee gaangee, hoolaafi re'ee, jedhamanii beekamu.

Taphootni ijoolleen yeroo horii eegan taphatan, shururoo, utaalchoo uleerraafi lagarraa, dhokachoo, bishaan daakuu, fardaan gulufuu, winciriirroofi korboon isaan muraasa. Aanaan tun horsiisa kanniisaa mala ammayaatiin ta'uu baatus mala duriitti dhimma bahuun qotee bulootni anichaa bosona isaaniitti fayyadamnii damma gabayaaf dhiyaatu dhabanis kan dhugaatii daadhii gurgurtaafi sirna garaagaraatiif oolu ni qabdi. Kanaaf imalootni karaa deeman yeroo karaa magaalaa Aanichaa kanaan darban, osoo daadhii magaalaa aanicha a kana hindhandhamatinhin darbineef.

Haaluma kanaan haalli teessumaafi bakka itti argama Aanaa kokkossaa akka waliigala Aanaattiifi bakki isheen itti argamtu, akkasumas Aanota ishee daangessan akka armaan gadiitti kaartaan ibsamaniiru.



1.7.3. Aadaa Beekamoo Ta’an

Aanaan Kokkossaa Aadaa beekamoo ta’an baay’ee qabdi. Isaan keessaa, aadaa araaraa, sirna guddifachaa, sirna fuudhaafi heerumaa adda addaa, sirna ateetee, sirna nyaataafi dhugaatii, Aadaa koottu dhufee, Aadaa gumaa baasuu, Aadaa uffannaa, Aadaa booyaa, Aadaa Jaarii gajafuu, aadaa rakoo qaluu, aadaa ateetee bahuu, aadaa darma dhahachu, soodduu dhaabachuu, milkii ilaallachuu, Aadaa falachuu fa’a maqaa dhayuun ni danda’ama. Aadaan Araaraa Aanaa kana keessatti kan baay’ee beekamuufi bakka guddaa qabuudha. Namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti yeroo waliin jiraatan akkuma nageenyi jiru walitti bu’iinsis hinhafu.

Hawaasni Aanaa kokkossaas amaluma kana qaba. Haala kanaan yeroo namoonni yeroo adda addaafi bakka adda addaatti sababa garagaraatiif walitti bu'an jaarsoliin gadaa qoraa harkaa qaban yookiin dandeettii dubbatanii nama araarsuu qaban taa'anii qora walwaamanii, murtii kennanii akkaataa balleessaa namootaatiin kan balleessetti muranii akka yakkee yakkaa baafatu godhu. Yeroo kana kan balleesse namicha miidhameefis ta'ee ardaa isaatiif waan barbaachisu guutee ardaanis ta'ee namichaan araarama. Akka aanaa kanaatti aadaan fuudhaafi heerumaa karaa saddeetiin raawwatama. Isaanis:-

1. Walgara:- sirni kun intala intalaan jijjiiruudhaan kan raawwatamuudha. Intalti worra lachuutuu guddinaan kanwolcaalan yookaan isheen takka geettuu takka immoo xiqqoo yoo taate, akka afaan aadaatti 'intalti kal'oo woltarti' jedhama. Garaagarummaa kana guutuuf worri intala xiqqoo worra intala guddootiif horii kennan. Horiin kun 'horii irrakaayaa' jedhama. Yoo intalti lachuu walqixa ta'an garuu horii irra kaayuu hinbarbaachisu; isaanuma lamaan waljijjiiruun raawwatama.
2. Gabbara:- adeemsa kana keessatti namni intala fuudhu tokko intala fuudhaaf barbaadu takka worra intalaatti nama kadhatuuf ergata. Erga halangichi intala kadhatee argeefii booda guyyaan qabamee mana worra intalaa abbaa kaayaa wajjiin demuudhaan intalas niarga. Achitti worri golantaa isaaniitti gabbara itti qabata. Gabbarri kun loon, qarshiifi meeshaalee biroo kan akka hoccuu yookaan woyaa fi dammaa fa'a.
3. Hawii:- haalli fuudhaafi heerumaa kun ammoo osoo maatiin gama lachuutuu hinbeekne dargaggeessaafi shamarreen takka woljaalachuudhaan gara mana maatii gurbaatti wol fudhatanii kan galaniidha. Kana booda worri gurbichaa gara worra shamarreetti intalti 'teessan asi nubira jirti; gara biroo hinbarbaadinaa' jechuudhaan nama ergu. Sirni itti aanus achiin booda kan raawwatamuudha.
4. Adda Baana:- dubartiin takka dhiira jaalattu tokko osoo inni hinhawanneefi hinkadhanne fedhii ishii qofaan siinqee harkatti qabatee gara mana gurbaa barbaadduu sanaa dhaqxi. Yoo mana gurbaa sanaa geette, "Adda baana shifaa xabboo mana citaa worra afaan golaa na jalaa goraa" jechuudhaan heerumaaf dhufuu ishii of ibsiti. Dubartii haala kanaan mana worra gurbaa dhaqxe takka, namni itti dhaqxe sun fuudhuu diduu yookaan deebisanii ari'uun akka aadaatti koongumaa dhoorkaadha.
5. Miil-battoo:- sirna fuudhaa heerumaa kana keessatti namni tokko intalti yoo jalaa duute worri intalaa akka firoomni hincinneef akkasumas jaalala soddaaf qaban ibsachuuf

jecha obboleettii ishii kan hinkaadhimamne yoo kan hinjirre ta'e ammoo, intala biroo aantee keessaa barbaadaniitti heerumsiisu. Sirni kun miilbatoo jedhama.

6. Dhaala:- sirna kana keessatti, namni tokko yoo haadha manaa irraa du'e obboleessi isaa kan hangafaa yookiin kan itti aanu niitii isaa wonta dhiirsi tokko raawwatu hunda raawwachuudhaan akka abbaa manaatti horata. Sirna kana keessatti rakoon haaraan hinqalamu. Isa kanatu dhaala kennuu jedhama.
7. Buttaa:- adeemsa sirna gaa'elaa kana keessatti dhiirri yookaan dargaggeessi tokko fedhii intalaafi maatii ishiitiin alatti garee butii qindeeffachuudhaan humnaan dirqisiisee intala takka yoo fudhateedha. Namni intala bute tokko erga ishii manaan gahatee booda, worri intalaa akka itti hinhiikanneef, dursee jaarsa araaraa erguudhaan yakka balleessummaa isa irraa eegamu hunda kafalee araarfata. Kana booda sirni wolgaraa yookiin gabbaraa itti aana.
8. Manatti fiduu:- haala kana keessatti namni tokko nama biroo firummaadhaaf yoo barbaade,qabeenyaafi namimmaa isaa yoo hawwe, rakkoon adda addaa isa muudatee namni kun akka isa gargaaruuf yoo barbaade, mucattii isaa mana isaatti fideefii gaa'ela jidduu isaaniitti kan taasisuudha.

(Badhaasaa Buttaa 2005:38)

Haata'uumalee, yeroo ammaa kana akka aanaa kanaatti gosoota fuudhaafi heerumaa kanniin keessaa buttaa, dhaalliifi mana waliif dabarsuun miidhaa geessisaa turaniin amma sadarkaa baduu irra gayaniiru. Nyaanni Aadaa Aanaa kana keessatti beekamanis Micciirraa, Marqa, Koofaa, Koofaa bachoo, Caccabsaa, Qalqalloo, Dibaa, Quuncee, Bulluqa, Finiinni isaan beekamoodha. Dhugaatiin Aadaas kan akka: Daadhii Bookaa, Aannan (itittuu, baaduufi oo'ituu) dha. Gosti nyaataafi dhugaatii kunniin yeroo barbaachisaa ta'etti kanneen hojiirra oolaniidha. Aadaan Ateetes Aadaa Kokkossatti baay'ee beekamuudha. Ateeteen sirna kadhaa waaqaa dubartootaan gaggeeffamu ta'ee, dhimma birootiifis kan dhimma itti bahaniidha. Akka aanaa kanaatti ateeteen gosa lamatu jira. Isaanis:- Ateete falaa fi Ateete goraa. Ateeteen falaa yeroo taateewwan jiruufi jireenya ummataa irratti jeequmsa geessuu danda'an kan akka dhibee daddarbaa, caama, beelaafi hoongee, woraanaafi balaa biroo yoo muudatan akka isaan irraa baraaruufti dubartootni siinqee qabatanii waaqa faarfataa malkaafi tulluutti bahanii waaqa kadhatu. Qarruu malkaa marga jiidhaan maranii fuudhuudhaan namaan qabu.


Kan irraa hafes boroo manaa kaayu. Ateeteen goraa ammoo, yoo mirgi dubartii takkaa yookaan dubartoota hedduu tuqameefi miidhaan seeraan alaa irra gaye waan uumame kana balaaleffachuudhaaf kan taasifamuudha. Gama birootiin, gosa ateetee kanaatiin duula mirga dubartootaa kabachiisuu akkasumas tokkummaa isaanii kan cimsu jechuun nidanda'ama. Ateeteen kun woyyooma dubartootaatiin wolqabata. Naannoo kanatti maaltu woyyu kan jedhuuf immoo, siinqeen woyyu, qanafaan woyyu, haati woyyu, dubartiin woyyu, jechaa waan hamaan arrabsamuu hinqabdu. Kanneen hundaa tuquun yakka. Heeraan kan nama adabsiisuudha. Kunis horii nama irraa qalchiisuudhaan kan raawwatamu ta'a. Siinqeen baatee duwwaa hingaltu waan jedhamuuf, dubartiin siinqee qabatee yoo baate duwwaa hingaltu milkaa'uu qabdi. Siinqeen kabajamtuudha; akkasumas woraana falaati. Siinqee cabsuun, dabsuuniifi woyiin tumuun dhoorkaadha; nama adabsiisa.

Aadaan uffannaas Aanaa kanatti kan beekamu ta'ee uffanni aadaa worra dhiiraa kan akka:- hoccuu, qoola, gonfaa, sabbataafi woraantilee fa'a yoo ta'an, kan worra dubartootaa immooo, bonkoo, harsama, hanfalaa, kal'oo, qoloofi qoobii fa'aadha. Wolumaagalatti Aadaawwan bebbeekamoon Aanaa kokkossaatti argaman kanneen armaan olitti eeramaniifi kan biroos kan akka Aadaa booyaa, Aadaa cawaa, Aadaa falachuufi kan kana fakkaatan akka jiran beekamaadha. Kanaafuu, Aanaan Kokkossaa aadaa mimmidhaagaa kana fakkaatuufi qoranno on irratti hinadeemsifamin hedduu qabdi.

(Badhaasaa Buttaa 2005:39-40)

1.7.4. Hidda Latiinsa Oromoo Arsii Aanaa Kokkossaa

Akka Ragaan Waajira Aadaafi Turizimii Aanaa Kokkossaa ibsutti, hiddi latiinsa Oromoo Arsii Aanaa Kokkossaa haala caatoo armaan gadiitiin kan mul'atudha.



(Af-gaaffii Badhaasaa Buttaa 26/07/09)

1.8. Qindaa'ina Qorannoo

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan dhiyaateedha. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seendubee, sababa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi seenduubee haala waliigala aannichaatu argama.

Boqannaa lammaffaa keessatti immoo, yaad-rimee maalummaa fookiloorii, gooroowwan fookiloorii, faayidaa fookiloorii, gahee ijoolleen fookiloorii keessatti qaban, akkaataa ijoolleen gareen fookilooritti hirmaatan, maalummaa tapha aadaa ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatani, gosoota taphoota kanneenii, faayidaa taphoota kanneenii, haala raawwii taphoota kanaa, yoomessa raawwii taphoota kanneenii, yaaxxinaalee qorannoo fookiloorii, sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkiitu dhiyaate.

Sakatta'i barruu yaadrimmee maalummaa fookiloorii, gosoota fookiloorii, faayidaa isaanii fa'a of jalatti kan qabatu yoo ta'u, sakatta'a barruu walfakkii immoo qorannoowwan kana dura dhimma kanaan walqabatani hojjataman garaagarummaafi walfakkeenya isaan qaban kan agarsiisuudha. Boqonnaan sadiimmoo mala qorannichaa, adeemsa qorannichaa, maddeen ragaa, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaa kan hammatuudha. Boqonnaa araffaan immoo, qaaccessa raga hammatee jira.

Odeeffannoowwan bifa suuraafi viidiyoon walitti qabamanis qabiyyee qabiyyeen erga qoqqoo damanii booda qaaceffamuun gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru;Ibsis ittikenameera Yeroo kana yaada ka'e caalatti ifa taasisuuf tokkoo tokkoo taphootaatiif suuraawwan jala jala isaaniitti kaa'amaniiru. Akkasumas tartiibni suuraawwan kanaa immoo baafatatti aananii kan argamaniidha. Boqonnaa shanaffaa keessatti qorannoo kana ilaalchisee cuunfaafi yaboon kan bal'inaan itti ibsamaniidha. Gara dhumaatti wabiileen kan dhiyaatan yemmuu ta'u, isaanitti aansuun kan barreeffamee argamu dabaleedha. Dabalee jalatti gabatee qabxiilee daawwannaa,gaaffilee af-gaaffii, gaaffilee marii garee, maqaafi gahee hojii odeefkennitootaafi suuraalee namoota marii garee taasisanii fa'atu dhiyaate.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Qorataan tokko mata duree tokko irratti qorannoo sirriifi bu'a qabeessa ta'e gaggeessuuf, yaada hayyootaatiin deeggaramuu akka qabu beekamaadha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaan, (2011:57) "Qorataan tokko mata duree isaatiin kan walqabate kan duraan barreeffamee jiru sakatta'uun ogummaa odeeffannoo dhimma isaatiin hidhata qaban addaan baasuu, qindeessuu, gadi fageenyaa xiinxaluufi ibsuun gabbifata" jedha. Yaanni kun kan ibsu, bu'uura qorannoo tokkoof yaada hayyootaan barreeffamee mata dureen walsimu sakatta'uun baay'ee barbaachisaa akka ta'eedha.

Haaluma walfakkaatuun, Berg (2001:19) waa'ee sakatta'a barruu yommuu ibsu: "Aliterature review is an account of what has been published on a topic by accredited scholars and researchers," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti sakatta'a barruu jechuun dhimmoota mata dureen walqabataniin hayyootaan barreeffaman, maxxanfaman yommuu ta'u mata duree qorannoon irratti gaggeeffamu tokkoof dubbisaniin itti gargaaramuun akka barbaachisu ibsa.

Itti dabalees, Dastaan (2013:96) "Qorannoon gaggeessinu ragaa beektotaatiin deeggaramee dhiyaachuu qaba." jedha. Haala kanaan mata duree qorannoo kanaa kan ta'e qaaccessa haala raawwiifi faayidaa tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan jedhuun kan walqabatu, qabxiiwwan fookiloorii jalatti argaman kanneen hayyoota garaagaraan barreeffaman sakatta'uufi qindeessuu irratti xiyyeeffata. Kanarra ka'uudhaan mata dureewwan as jalatti ka'an maalummaa fookiloorii, faayidaa fookiloorii, yaada hayyoonni adda addaa waa'ee qabiyyee tapha ijoollee irratti maal akka jedhan, maalummaa tapha ijoollee, gosoota tapha ijoollee, akkaataa raawwii tapha ijoollee, faayidaa tapha ijoolleefi yoomessa tapha ijoollee fa'aadha.

2.1. Yaad-Rimee Maalummaa Fookiloorii

Maalummaa fookiloorii ilaalchisee hayyoonni adda addaa yaada garaa garaa kennaniiru. Hanga har'aattis yaanni kennamaa jiru adda adda akka ta'e yaada isaan kennan irraa hubachuun ni danda'ama. Fookiloorii jechi jedhamu akka gosa qu'annoo tokkootti jalqaba kan mul'ate jaarraa 19^{ffaa} keessa akka ta'e hayyoon Dorsan (1972:1) akkas jechuun ibsa. "Folklore emerged as a new field of learning in the nineteenth century, when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of the lower classes," jechuun ibsa. Akka yaada barreeffama kanaatti, fookilooriin akka dirree qorannoo tokkootti

bifa qo'annoofi qorannoon kan mul'ate jaarraa kudha saglaffaa keessa akka ta'e mullisa. Hayyuun Marzolph (1998:5) waa'ee fookiloorii ilaalchisee dhimmoota hedduu kaasee jira. Qabxiwwan fookilooriin walqabatu yommuu ibsu: "Folklore is a powerful cultural expression both containing and conveying a number of meanings," jedha. Akka yaada barreeffama kanaatti, fookilooriin dhimmoota aadaan walqabataniifi dhimmoota aadaa hiika qabeessa ta'an kan qabate, kan beeksisu ykn hubachiisu irratti humna kan qabu ta'uu isaa mirkaneessa. Haaluma walfakkaatuun Alan Dundus (1965:12) hiika fookiloorii kallattii wanta inni of jalatti hammatuutiin yoo ibsu.

Folklore includes myths, legends, folk tales, proverbs, riddles, chants, charms, blessing, curses, oaths, insults, retorts, taunts, teases, toasts, tongue twisters and greeting and leave taking formulas (e.g. see you later alligator) art folk belief or superstition. It also includes folk costume, folk dance, and folk drama (and mime), folk medicine, folk instrumental music (e.g. fiddle tunes), folk songs.... Folk poetry.... The list of folklore forms also contains) games, gestures, symbol, prayers (e.g. graces) practical jokes, folk etymologies, food, recipes...jedha.

Akka yaada barreeffama kanaatti, jiruufi jireenyi hawaasa sadarkaa kamirraayyuu jiru fookilooriin ala akka hin taane ibsa. Sochiin hawaasa keessatti taasifamu hundi, fookiloorii jalatti akka hammatamu mirkaneessa. Haaluma kanaan kanneen akka, hibboo, geerrarsa, baacoo, dubbii qoolaa, arrabsoo, abaarsa, eebba, nagaya walgaafachuu, tapha ijoollee, diraamaa, shubbisa, mallattoon ibsuufi waan kana fakkaatan of keessatti qabatu. Fookilooriin nooraa ta'ee seenaa saba tokkoo dhalootaa dhalootatti dabarsuun cinatti, hawaasni tokko fedhii isaa kan ittiin ibsatu ta'uu isaati.

Ben Amos (1979:43) "---folklore is a sphere of interaction, a mirror of culture, a perspective screen of personality," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti fookilooriin walqunnamsiistuu hawaasaa, ibsituu aadaafi ibsituu eenyummaa akka ta'e addeessa. Ibsa kanarraa immoo fookilooriin hawaasaa, eenyummaa, maalummaafi aadaa hawaasaa waliin hidhata guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Hojiin barreeffamaa utuu hinbabal'atin dura, hawaasni aadaa isaa, duudhaafi seenaa isaa dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa ture meeshaa guddaan fookilooriidha. Hayyuun biraa immoo fookiloorii haala armaan gadiitiin hiika. *Oring (1984:1)*

Folklore is a compound word built up some from "folk" referring to some group of people who have some thing called "lore" and "lore" referring to learning or knowledge, especially, handed down from past times or possessed by a class or a group of people jedha.

Akka hayyuu kanaatti immoo jechi fookiloorii jedhu jecha dacha “folk” garee hawaasaafi “lore” beekumsa gareen kun waliin qaban, beekumsa yookiin hubannoo irra caalaa kan isa durii akka ta’e ibseera. Oring ammas (1984:12) “folk” yommuu ibsu, “any group of people who share at least one common factor that creates a sense of collective identity-----” jedha. Akka yaada kanaatti “folk” garee hawaasaa yoo xiqqaate waan tokko waliin qooddataniidha. Fookilooriin yaada bal’aa qaba. Kanas yaadaafi hiika hayyuulee adda addaa irraa hubachuu dandeenya. Garaagarummaa hiikaalee irraa kan ka’e tokko tokko ‘firooma qabu’ jechuunillee ni dhiba. Dhimma kana ilaalchisee hayyootni adda aaddaa yaada garagaraa kennaniin jiru. Fakkeenyaaf:

Melakne. M. (2006:8) ammoo Fookiloorii akka kanaa gadiitti ibsa. “Every group bound together or by common interest and purposes whether educated or uneducated rural or urban, possessed tradition which may be called it folklore,” jedha. Yaada armaan olii kanarraa kan hubannu fookiloorii jechuun garee hawaasaa amala wal isaan fakkeessu qaban kan baratees ta’e kan hin baratiin, kan baadiyaas ta’ee kan magaalaa kan walitti isaan hidhu jechuudha. Kana jechuun hawaasni kamiyyuu waan wal isaan fakkeessu kan qabaniifi hawaasni barateefi hinbaratin akkasumas magaalaa fi baadiyaan kanhindaangeffamne dha. Hayyuun Alan Dundes (1965:12) immoo fookiloorii waan inni of keessatti qabatuun yoo ibsu, jiruu fi jireenyi hawaasaa sadarkaa kam irraayyuu jiru fookilooriin ala akka hin taane ibsa.

Sochiin hawaasa keessatti taasifamu hundi fookiloorii jalatti akka hammatamu nimirkanessa. Haaluma kanaan kanneen akka hibboo, geerarsa, baacoo, dubbii qoolaa, arrabsoo, abaarsa, eebba, nagaya wal gaafachuu, tapha ijoollee, diraamaa, shubbisa, mallattoon ibsuu fi waan kan fakkaatan of keessatti qabata. Fookilooriin nooraa ta’ee seenaa saba tokkoo dhalootaa dhalootatti dabarsuun cinatti hawaasni tokko fedhii isaa kan ittiin ibsatuudha.

2.2. Gooroowwan Fookiloorii

Fookilooriin waan baay’ee of keessatti qabachuu irraan kan ka’e daangaan isaa bal’aadha. Gooroowwan fookiloorii ilaalchisee, hayyuun Dorson (1972:3-5) fookilooriin gooroowwan gurguddoo afuritti akka qoodamu ibseera. Isaanis: afoola, duudhaa hawaasaa, meeshaalee aadaa, aartii sochii qaama hawaasaa jedhamu. Isaan kunniin akka armaan gadiitti tokko tokkoon ibsamaniiru.

2.2.1. Meeshaalee Aadaa

Meeshaaleen aadaa kanneen fookiloorii jalatti hammataman ta'anii kan namoonni fedhii meeshaafi xiinsammuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha hojjetan wantoota ijaan mul'atanifi harkaan qaqqabamuu danda'an ta'anii aadaa wajjiin walitti hidhiinsa cimaa kan qabaniidha. Wanti aadaa kan gurraan dhaga'amu yookiin kan afaaniin dubbatamurraa kan ijaan ilaalamuudha. Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falasama hawaasa tokkoo kan calaqqisuudha; namoota ilaalchafi barsiifata tokko qabaniin dhaloota tokko irraa kan itti aanutti bifa ilaalamuufi harkaan qabamuutiin qabeenya aadaa darbuu danda'u. Ijaarsa manaa, dallaa, kuusaa midhaanii, hojii harkaa, mimmiidhagsa meeshaafi manaa, tuulaa nyaata horii, kkf gooroo kana jalatti ramadamu. Haaluma walfakkaatuun maalummaa meeshaalee aadaafi wantoota isa jalatti hammataman ilaalchisee hayyuun Dorson (1972:232) irratti akkas jechuun ibsa.

Material culture responds to techniques, skills, recipes, and formulas transmitted across the generations and subject to the same forces of conservative tradition and individual variations as verbal art. How men and women introduction oriented societies build their homes, make their clothes, prepar their food, farmand fish, process the earth's bounty, fashion their tools and implements, and design furniture and utensls are questions that concerns the student of material culture.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti, meeshaaleen aadaa kanneen armaan gadii of jalatti hammatu. Isaanis: wantoota harkaan hojjataman /folk craft/, meeshaalee aadaa, ogummaa aartii /folk art/, akkaataa nyaata aadaafi qophii isaa, meeshaalee qonnaa, meeshaa ittiin qurxummii qaban, akkasumas akkaataa ittiin warri dhiiraafi warri dubartootaa hawaasa keessatti ittiin of beeksisaniifi kan kana fakkaatu of jalatti akka qabatuu ibsa. Haala kana irraa wanti hubatamu, dhalli namaa duruma irraa jalqabee jiruufi jireenya isaa gaggeeffachuuf meeshaalee isa fayyadu uummatee itti gargaaramaa turuu isaa gosa fookiloorii kana jalatti ilaaluun mirkaneeffachuun nidanda'ama. Qo'ataan ykn barataan wanta aadaa tokko beekuu kan barbaadu hawaasni jiruu dabarse keessatti akkamitti mana akka ijaarratan, huccuu hojjetan, nyaata qopheeffatan, lafa qotatan, qurxummii qaban, meeshaalee adda addaa midhaagfataniifi kan kana fakkaatan beekuudhaan. Wanti aadaa hawaasa wajiin bara dheeraf ture kun bara qaroomaa keessatti immoo mallattoo akkamii akka hambiseefi qunnamtii isaan jidduu jirus hubachuutu irraa eegama. Hojiin kun yeroo baayyee qorattoota aadaatin gaggeeffamullee ogeessonni afoolaas raawwachuu ni danda'u.

Wanti aadaa sirna hawaasaa, aartii, muziqaa fi shubbisa qo'achuuf gargaarsa guddaa qodha. Taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanis meeshaalee aadaa adda addaatti dhimma bahuun kan taphatamuudha. Fakkeenyaaf: taphni ijoollee ulee, funyoo (haada), dhagaa, gaaleefi k.k.f tti dhimma waan bahuuf karaa kanaan hanga tokko taphni ijoollee gooroo fookiloorii kana wajjiinis hidhata niqaba.

2.2.2. Aartii Sochii Qaama Hawaasaa

Aartiin sochii qaama hawaasaa, gosa aartii hawaasa keessaa tokko ta'ee sochii qaamaan deeggaramee mul'atuudha. Aartiin sochii qaama hawaasaa, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaatiif bifa oggummaan guutameen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Aartiin sochii qaamaa dhimma sochii qaamaatiin mul'atuudha. Sochiin qaamaa kunis: dhiichisa, shaggooyyee, ragada, geelloofi kan kana fakkaatan of keessatti qabachuu danda'a. Sims and Stephens (2005:128) akkas jedhu.

Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for a performance to happen, a recognized setting must exist (we have to know a performance is taking place) and participants (performers and audience) must be present.

Akka yaada waraabii kanarraa hubatamuutti, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa, hirmaattota dirqamatti barbaachisa. Gosti aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka, miila, mataa, fuula, mudhii, mormafi kan kana fakkaatan keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatamuudha. Gosti aartii kanaa, kafanni aadaa uffatamee, meeshaalee muuziqaa aadaatiin fayyadamee, yoomessa keessatti raawwatu eeggachuun, akka yaada hawaasa sanaatti kan raawwatuudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Dorson, yommuu ibsu, aartiin sochii hawaasaa gooroowwan fookiloorii keessaa tokko yommuu ta'u, wantoota akka: weedduu /muuziqaa/, sochii qaama, diraamaafi kan kana fakkaatu kan of jalatti qabatu ta'uu isaa mirkaneessa (1972).

Haala kanaan taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan Aartii sochii qaama hawaasaa jalatti kan ramadamu ta'ee, gochaafi jechaan labataa labatatti kan darbuudha. Karaa kanaan taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan gooroowwan fookiloorii keessaa isa kana jala galuun ibsamu. Kanaan kan walqabatu, Robert A. Georges and Michael Owen Jones kan jedhaman, (1995:244-246) irratti yommuu akkaataa haala raawwii tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatani yoo ibsan, ijoolleen yommuu taphatan, tartiiba eeggatani hamma tapha

kana xumuranitti, lakkoofsa lakkaa'uu yookaan qubee sagaleessuudha jedhu. Fakkeenyaaf: kubbaa waaqatti ol darbatanii hmma inni deebi'ee dhufutti daddafanii lakkoofsa lakkaa'uu, qubee sagaleessuu yookaan harka walitti rurrukutaa lakkaa'uun kan taphatamu yommuu ta'u kubbaan deebi'ee yommuu dhufu harkaan qabuun irra deebi'anii waaqatti ol darbachuun taphichi itti fuufa jechuudha. Itti dabalees, akkaataa ijoolleen itti taphatan ilaalchisee hayyuun Georges and Jones (1995:243) yommuu ibsu, " Children chant rhymes not only when bouncing balls of course, but also when clapping, patting, hands together, jumping rope, taunting others, or taking pleasure in the sounds of words of manipulating language," jedha.

Kanaaf tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kana jecha afaanii ofkeessaa qabaachuun isaa afoola jala yoo isa galchu, gochaan ibsamuun isaa immoo aartii sochii qaama hawaasaa jalatti akka ramadamu isa taasisa. Akkasumas Ruth Fennegan, kitaaba 'Oral literature in Africa' jedhu (1970:295) keessatti tapha ijoollee fookiloorii jala galchuun ilaaltee jirti. Haaluma kanaan aadaa hawaasa keessatti beekaman keessaa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan baay'ee beekamaa yommuu ta'u labataa labatatti kan darbu sochii qaamaa dabalatee dubbannaa (himaamsa afaaniin) kan daddarbuudha.

2.2.3. Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa kutaalee fookiloorii keessaa tokko ta'ee, wanta aadaatiin baay'ee walitti dhiyaata. Gosti fookiloorii kun sochii dhuunfaan taasifamu caalaa bifa tokkummaan yookaan gareen gocha raawwatamurratti xiyyeeffata. Haaluma walfakkaatuun, Dorson (1972:3) irratti akkas jedhee dubbata, "Social folk custom is emphasis on group interaction rather than on individual skills and performances." Akka yaada hayyuu kanaatti, duudhaan hawaasaa (social folk custom) hawaasa keessatti hojiirra kan oolu walitti dhufeenya namootaan yookaan bifa garee uummachuudhaan. Sababni isaas kutaan fookiloorii kun hirmaachisaafi hirmaattonni waliin ta'uun, garee uumuun kan raawwatamuudha. Duudhaan hawaasaa kun wantoota hedduu of jalatti qabata. Yaada kana ilaalchisee, Misgaanuun (2011:18-19) irratti yommuu ibsu, "Feestivaalaafi kabaja ayyaanaa, taphaafi bashannana, qoricha aadaa, aadaa amantii, aadaa waan safuu (moral cultural), hooda /laguu (superstition) tapha aadaa (traditional sporting recreations)" jedha. Duudhaan hawaasaa guyyoota keessatti raawwatamu, bakka murtaa'aa ta'eefi sirna keessatti raawwatamu (ritual) niqaba. Raawwii kana keessatti hawaasni sun ilaalcha ofiif qabu kan ittiin calaqqisiifatuudha.

Kutaa kana jalatti kan ramadaman:- kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa, waaqeffannaafi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Sababa kanaaf taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanis akkaataa ijoolleen gareen taphataniin gooroo fookiloorii kana faana walitti dhufeenya niqaba.

Ijoolleen fookilooriitti hirmaachuuf yookaan hirmaachisuuf hawaasa keessatti gahee qabu. Yeroo taphatanis gareen taphatu. Yaada kana Taaddaseen (2011:270) yommuu ibsu, “Children are also active participants in the production and re production of culture, especially by means of expressive Performance,” jedha. Ijoolleen umrii isaanii keessatti tapha adda addaafi qoosaa garaagaraa fookiloorii keessa galuun kan ibsatan gareen gurmaa’anii yookaan lama lama ta’aniiti. Amala walitti dhufanii wajjiin jiraachuu, wajjiin hojjachuufi wajjiin taphachuu hawaasa keessatti dhalatan irraa adeemsa keessa kan baraa adeemaniidha. Aadaan safuu, duudhaa, ilaalcha, amalaafi yaada namootaa kan sirreessuudha. Kunis garaagarummaa yaada namni humna isaatiin qabuufi bifa gurmaa’anii jiraachuutiin karaa ittiin amala walirraa qoqqooddataniidha. Karbon (1989:61) yoo ibsu, “It is culture that binds us together in to group sharing a certain degree of similarity that over comes individual difference...” jedha.

Akka yaada kanaatti hawaasa tokko, aadatu walitti qaba, sababa kanaan afaan tokko dubbata; yoo wonti jeequ hinjiraanne amantii tokkotti amanu; falaasamaafi safuu waliin qabu. Haalli kun hunduu kan waliinii waan ta’eef, garaagarummaa namoota gidduu dhuunfaan jiru nimaqsu. Kana jechuun namoonni garaagarummaa manaa manatti qaban dhiisanii tokko ta’u; kun immoo waliigalteedha. Ijoolleenis yeroo waliin taphatan amaluma kana horachaa adeemu. Taaddeseen (2011:270) akkas jedha, “Children learn folk tales from adults at home and share them with other children in school or play ground’s” jedha.

Yaada kana irraa wanti hubatamu, ijoollee fookilooriitti kan gargaaraman namoota dullooman / manguddoota/ irraa yommuu ta’u isa kanas mana jiraatan keessatti kan barataniidha. Haaala kanaan isa mana keessatti baratan kana hiriyyoota isaanii wajjiin bakka mana barumsaa yookiin bakka taphatanitti yaada irratti wal jijjiiruun dandeettii fookilooritti fayyadamuu bal’ifatu. Sababa kanaaf ijoolleen yemmuu gareen ta’anii tapha sochii qaamaa kana taphatan amala gooroon fookiloorii kun agarsiisu waan agarsiisuuf isa kana jalattis karaa kanaan ramadamu.

2.2.4. Afoola

Afoolli gooroowwan fookiloorii keessaa isa tokko ta'ee, dubbannaa afaaniitiin yeedalloon kennameeffiis ta'ee, osoo hin kennaminiif kalaqaafi oommaa dhimma hawaasummaa adda addaarratti kan xiyyeeffatu ta'ee, aadaafi duudhaa hawwsni tokko qabu himaamsa afaaniitiin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Afoolli ogbarruu dubbii afaaniitiin dhiyaatuudha. Aartii ogbarruu aadaa dubbii afaaniin qindaa'ee himamu. Kanaafuu, maqaalee akka ogbarruu hinbarreeffamiin, ogbarruu hawaasaa, beekumsa hawaasaa, ogbarruu jaalatamaa jedhaniifi k.k.fn qaba. Kanneen keessaa, jecha *afoola* jedhutu hunda caalaa beekamaadha. Kunis waan lama xiyyeeffachuu isaa mul'isa: Afaaniin dabruu isaafi kan hawaasa baadiyaa, kan barreessuufi dubbisuu akkasumas kan hinbaratiniin kalaqamuu, yookiin qabeenya gamtaa ta'uu gosa ogbarruu kanaati. Georgesfi Jones (1995:314) kallattii faayidaa afoolli tokko hawaasaaf qabuun yoo ibsan:

Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained, jedhu.

Akka yaada armaan oliitti, afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa. Afoola gargaaramee hawaasni walbarsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannana, wal-bashannansiisa. Hawaasni bifa 'ammayyoomen' har'a seeraawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuuf bu'uura kan ta'e, beekumsa afoolaa irra dhaabbateeti. Har'as duukaa jira; borus biraa hinhafu. Geetaachoonis (2009:141) waa'ee faayidaa afoolaa yommuu ibsu, "Afoolli faayidaalee hedduu qaba. Isaanis haara itti galfachuu, bashannanuu, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa," jedha. Akka yaada kanaatti, afoolli jiruufi jireenya dhala namaa ibsuu bira darbee faayidaa adda addaatiifillee ooluu akka danda'uudha.

Akkasumas, Mesfiin (1995:42) kitaaba Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Jildii-7 jedhamu keessatti waa'ee afoolaa akkas jechuun ibsa, "Afoolli eenyummaafi ilaalcha sabaa, haala, beekumsa, seenaaafi qarooma ummataa kan agarsiisu mallattoo sabni tokko saba biraarraa adda bahee ittiin beekamuudha," jedha. Akka yaada armaan olii kanaatti eenyummaafi maalummaan saba tokkoo kan inni ittiin ifee mul'atu afoola isaatiin. Kun

ammoo kan inni mul'isu waa'ee saba tokkoo beekuuf aadaa isaa beekuun murteessaa akka ta'eedha. Akkasumas Beekan (2015:5) irratti Richard M. Dorson wobeeffachuun waa'ee afoolaa yommuu ibsu, akka fayyadama Beekaanii, afoola jechuun fookiloorii jechuudha. *Addunyaa Barkeessaa.(2016:166)* afoola irratti,

Hawaasni Oromoo bakkaafi yeroo adda addaatti dhimma adda addaatiif afoolatti gargaaramee ergaa isaa dabarfataa ture;dabarfachaas jira. Afoolli isaa kunis seetoo isaa waan ta'eef,isaan gorfata; semmoo dinagdeefi eenyummaa isaa waan ta'eef,isa ilaalee quufa. Natoon ofjajjabeessee har'umeetti quba qaba. Daawwitii isaa waan ta'eef kaleessa mil'atee har'a jiraata;har'a ciniinnatee boriifis suuqqata. Isatu jireenya;jireenyatu isa. Kana afuu dubbatamee hindhumu.

Akka yaada beekaa kanaatti Afoolli daawwitii waan dura ture nama fuuldura qabuun kallattii fuulduraa murteessu ta'ee hawaasa gorsuu,eenyummaa isaa ibsuufi madda galii hawaasichaa ta'uu tajaajilaa kan tureefi tajaajilaa kan jiruudha.

Taphni aadaa ijoollees gooroowwan fookiloorii keessaa gosa afoolaa jalatti kan ramadamu akka akka hayyoonni hedduun nimirkanessu. Taphoonni kunniin irra caalatti kanneen dubbii afaanii irratti xiyyeeffataniidha. Yaada kana ilaalchisee Mesfiin (1995:42) keessatti waa'ee tapha ijoollee bal'inaan kaasee jira. Akka ibsa kanaatti, “Afoolli yaaxxina baay'ee bal'aa ta'ee kan hambaa hammatuudha. Durdurii, hibboo, sirboota aadaa, taphoota ijoolleefi kan kana fakkaatan afoola keessatti hammatamu,” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti taphni ijoollee afoola jalatti kan ramadamu ta'ee jechaan labataa labatatti kan darbu ta'uusaa mirkanessa. Karaa kanaan taphoonni af-walaloo ofkeessa qaban afoola jalatti ramadamuun ibsamuu danda'u.

2.3. Faayidaa Fookiloorii

Faayidaa fooklooriin jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu hedduu akka ta'e beektonni fookloorii adda addaa ni ibsu. Beektoonni kuuneen fooklooriin hawaasa tokko gama hawaasummaatiin, siyaasaatiin, aadaa, seenaa ilaalchisee faayidaa hedduu kan qabu ta'uu eeru. Fakkeenyaaf, Misgaanuun (2011:12) akka armaan gaditti ibsa.“Fooklooriin dhaloota darbeefi kan ammaa riqicha ta'ee wal qunnamsiisa. Kana jechuun haambalee bara durii turaniif jiran dhaloota har'aatti agarsiisuun maalummaa ummatichaa walitti fida.” Fooklooriin madda ragaati. Kunis qorannoon seenaa aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan dhihaatuuf uummata madda ragaa barreeffamaa hin

qabnef madda qorannoo, seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa godhachuun fooklooriin nitajaajila. Kana malees, fooklooriin uummata madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnoota diinagdeefi hawaasummaa keessatti nitajaajila. Akkas umas, gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba.(R. Dorson,1972;Misgaanuu ,2011). Dhalli na maa jiruu fi jireenya isaa guyyaa guyyaan kan gaggeeffatu fookilooriitti gargaarameeti. Kana ilaalchisee hayyoonni Georges and Jones jedhaman (1995:314) keessatti maalummaafi faayidaa fookiloorii akkas jedhu:-

Through folklore people can educate or acculturate each other perpetuate, challenge or modify a group social norms and values: inform others about the basis for or nature of their culture: reveals or display their identity, traditionalist, knowledge or competence: and certainor beintended.

Kana jechuun, fookooriin hawaasa tokko keessatti bu'a-qabeessa akka ta'e ifaa ifatti lafa kaa'a. Hawaasni fookilooriitti gargaaramee duudhaa yookiin aadaa isaa ibsachuu akka danda'u akkasumas fooklooriin qabee walbarsiisuun yookiin walhubachiisuu akka danda'u mirkaneessa. Faayidaa fookiloorii ilaalchisee kanneen armaan olii haacaqasaman malee kanneen akka waliin mormiif, naamusaafi saafuu wal barsiisuu, bashannansiisuuf, oltee bultee guyyaa guyyaa, muddannoo hawaasaa ibsuufis ooluu nidanda'a. Akkasumas, Wendy Reich (1971:233) (R.Bas com 1954)fi (Dundas 1965:279) wabeeffachuun faayidaa fookiloorii akka armaan gadiitti bakka afuritti qooda.

First of all folklore is an attempt to escape in fantasy, not only from the various suppressions imposed by society, but from the Geographic environment, and from one's biological limitations. He cites as examples, rags to riches themes in stories such as Cinderella and events such as the Zuni hero who kills four bucks in a single day. Secondary, serves to strengthen and reinforce cultural traditions. The third function is of education. The examples are ogre or bogeyman tales used to disciplen young children, and stories with moral advocating principles, such as hard work or filial piety. Fourthly, folklore helps to maintain conformity to accepted patterns of behavior.

Akka yaada kanaatti, faayidaan fookilooriin dhala namaatiif gumaachu baay'ee ol aanaadha. Jireenya guyyaa guyyaa keessatti wanti raawwatamu hundi fookilooriin alatti bakka gayuu hin danda'u. Haaluma kanaan, yaadni hayyuu armaan olii,fookilooriin faayidaa gurguddoo afran akka qabu ibsa. Isaanis:

2.3.1. Dhiibbaa Karaa Adda Addaatiin Irra Gahu Jalaa Miliquuf

Faayidaan fookloorii inni guddaan dhiibbaa jiruufi jireenyaa keessatti karaa adda addaatiin mudaturraa ittiin jalaa miliquudhaaf. Yoomessa dubbiitti dhimma bahuun, kanbarba adan dubbatanii ergaa dabarfachuun nidanda'a'ama. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Bascom(1954:343) yemmuu ibsu, "... But folklore alsoreveals man's attemptes to escape infantsy from the conditions of his geographical environment and from his own biological limitations as a member of genus and Homo sapiens," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, faayidaa fooklooriin qabu keessaa inni tokko dhalli namaa dhiibbaa karaa gara garaatiin irra gahu jalaa (dhiibbaa haala teessuma naannoofi karaa uumama sanyii yookaan qomoo dhala namaa Hoomoo Saappiyansii)kan ittiin bahuudha jedha.

Haaluma walfakkaatuun uummata Oromoo biratti fookloorii miliqqeef itti gargaaramuun bal'inaan kan baratameedha. Sirboota, geerarsaafi taphoota adda addaan qabaniin kan jibbaniifi morman kanittiin balaaleffataniidha. Kan jaalataniifi deeggaran ammoo, kan ittiin leellisaniidha. Akkasumas namoota gadda adda addaa irra jiran fookilooritti fayyadamnee jalaa milliqsuu yookaan dagachiisuun ni danda'ama. Yoomessa isaa eeggatanii waan itti gargaaramaniif nama kamillee biratti akka yakkaatti kan ilaalamuu miti.

Haaluma kanaan sirboota garaa garaa yoomessa mijaawaa keessatti akka barbaadanitti weeddisu. Sirbootni akkas akkasii yeroo cidhaan alatti jedhamuu hin danda'amu. Yoo jedhames dhiibbaan hawaasa irra qaqqabu ulfaataa ta'a. Itti dabaluu hayyoonni Georges and Jones (1995:170) faayidaa fookiloorii ilaalchisanii qabxiwwan tokko tokko kaasaniiru. Qabxiwwan isaan kaasan keessaa muraasni, "... It is the case in folklore implicit world views principles and themes are made explicit," jedhu. Yaada kana irraa wanti hubatamu, fookilooriin eenyummaa saba tokkoo akka daawwitiitti kan ibsu akka ta'e ifatti kaa'a. Kun ammoo, hawaasni tokko haala jiruufi jireenya isaa dhoksa tokko malee akka calaqqisiifatuuf isa gargaara. Taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu kunis ijoolleen taphichaan bashannanaa dhiibbaa garaagaraa jalaa akka miliqaniif isaan gargaara. Yaada faayidaa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu ijoollotaaf qabu ilaalchisee, Zawudee(2001:73) irratti yommuu ibsu, taphni ijoollee ijoollotaaf, bashannansiisuuf, gaafii gaafataman hatattamaan deebisuu irraa kan ka'e sammuu isaanii qaruu akka danda'u, ijoollonni miliqqee adda addaa barachuullee akka danda'an kan godhu ta'uu isaa, akka hiriyootaa fi namoota naannoo

isaanii jiran wajjiin wal baran godha yaada jedhu lafa kaa'a. Hawaasa keessatti ijoollonni dhaloota haaraa waan ta'aniif, wantoota addunyaa kana irra jiruun walbaruuf baay'ee carraaqu. Kana gochuuf immoo meeshaan guddaan isaan itti fayyadaman tapha aadaa garaagaraati.

2.3.2. Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Jabeessuufi Cimsuuf

Aadaan saba tokkoo dhalootaa gara dhalootaatti cimee akka itti fuufu gochuuf fookilooriin gahee guddaa qaba. Kun immoo addaan citiinsi aadaafi duudhaa hawaasa tokko akka hin muudanneef tumsuu bira darbee seenaafi duudhaawwan hawaasaa umrii dheeraa akka jiraatu godha. Yaada kana hayyuun Bascom, (1954:344) yommuu ibsu, "Folklore is that which is plays in validating culture in justifying its ritual and institution to those who perform and observe them," jedha. Aadaanfi duudhaan hawaasni duraan qabu cimee, jabaatee, hin eegamu taanaan wantoota ammayyaatiin bakka bu'uun isaa kan nama shakkisiisuu miti. Haaluma walfakkaatuun, Wendy Reich (1971:233) faayidaa fookiloorii yammuu ibsu, "Folklore serves to strengthen and reinforce cultural tradition," jedha. Hawaasni jiruufi jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti yommuu fookilooritti fayyadamu aadaan inni qabu cimee dhalootaa dhalootatti akka darbuuf gargaara.

Aadaafi seenaa, heeraafi seera, gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, argachuufi dhabuu, walumaagalatti jiruufi jireenya hawaasaa tokkoo beekuuf aadaa isaanii beekuun barbaachisaadha. Wasanee, (1990:141) Asafaa, (2004:13) yaada kana "Literature affect the society and is also affected by it." jechuun ibsu. Yeroo ammaa hunda caalaa rakkoo ta'ee kan jiru amantiilee adda addaati. Akka abbootiin jedhanitti, amantiileen biyya alaatiin gara biyya keessaatti gala jiran kunniin, aadaa, amantii, seenaa, falaasama, siyaasa, diinagdee, walumaagalatti eenyummaa saba Oromoo hanga irraanfachiisuutti gahanii jiru.

2.3.3. Barsiisuuf

Kana jechuun hawaasa tokko keessatti kan fudhatama qabu isa kam akka ta'e fookilooriin qabaniin barsiisuudha. Kun akkaataa jireenya hawaasummaa, aadaa fi duudhaa eeggachuu, haala jiruu fi jireenya ofii akka ittiin gaggeeffataniif k.k.f gochuu irratti gahee guddaa qaba. Karaa birootiin immoo amaloota badaa ta'an yookaan kan hin barbaachisne akka sirreeffataniif kan barsiisuudha. Haaluma walfakkaatuun, Boney (1985:285) faayidaa fookiloorii akkas jechuun ibsa, "Folklore is an education tools for the transmission of cultural

traditions, values and histories from one generations to the next,” jedha. Akka yaada barreeffama hayyuu kanaatti, fookilooriin meeshaa barumsaa hawaasni aadaafi duudhaa isaa dhalootaa dhalootatti yookaan labata tokko irraa labata biraatti ittiin dabarsu ta’uu isaa mirkaneessa.

Ijoolleenis tapha taphatan irraa barnoota guddaa argatu. Aadaa hawaasa Oromoo keessaa inni tokko immoo, ijoollota tapha garaa garaan qabee sgara amala gaariitti akka guddatan gochuun cinatti amala badaa isa hawaasaan balaaleffatamurraa akka of sirreessan gochuuf gahee guddaa taphata. Akkaataa taphni ijoollee ijoolleef barumsa kennuu danda’u ilaalchisee, Namarraa Bashaa Qorannoo isaa (2015:26) keessatti ዳፋ ዳግ (1974:123) wabeeffachuun faayidaa tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan ilaalchisee, “Taphoota garaagaraatti dhimma bahuun karaan ijoollonni tooftaa jireenyaa ittiin baratan keessaa: Mala adamoo ittiin shaakalan, tooftaa ittiin qaama jabeeffatan, karaa ittiin miliqqee baranii fi gara guddinaatti kan isaan geessu tapha addaa addaa isaan umrii ijoollummaa isaanii keessatti taphataniiniidha. Akka yaada nama kanaatti, ijoolleen taphatti gargaaramanii akeeka barumsaa guddaa baru, karaa ittiin waan garaagaraa jalaa miliquu danda’aniifi qaamni isaanii akka jabaatuuf tooftaa isaan gargaaruudha. Kun hundi kan argamu tapha isaan yeroo ijoollummaa isaaniitti taphataa guddatan irraayi.

Yaada walfakkaatuun hayyuun, Bascom (1954:344) faayidaa fookiloorii yoo ibsu, “Folklore is that which it plays in education, particularly, but not exclusively, in non-literate societies,” jedha. Kun immoo aadaan hawaasa tokkoo osoo addaan hincitin haala wolitti fuufiinsa qabuun yeroo dheeraaf akka turu gochuuf gumaacha guddaa taasisa. Walitti fuufiinsa qabaachuun aadaa hawaasa tokkoo immoo yeroo dheeraaf utuu hin dagatamin labata labatatti cimee akka daddarbu taasisa.

2.3.4. Amala Fudhatamaa Ta’e Ittiin Dagaagsuuf

Hawaasni tokko waan itti gammaduufi jaallatu akkuma qabu, kan jibuufi balaaleffatus ni qaba. Haaluma kanaan kan of keessatti jibbe tokko akka hinbaballanneefi hindagaagne gochuuf fookilooriitti gargaaramee akka jibbamu calaqqisiisuu bira darbee akka dhabamu taasisa.

Faallaa kanaatiin waan jaalatamaa hawaasa keessatti fudhatamaa ta'e akka jajjabaataniifi cimee akka itti fuufu gochuuf gaheen fookiloorii olaanaadha. Yaada kana hayyuun Wendy, (1991:233) irratti yommuu ibsu, "Foklore helps to maintain conformity to accept patterns of behavior" Jedha. Yaanni kun kan ibsu, fookilooriin amala qajeelaafi sirrii walqabatee adeemu hawaasa keessatti uumuuf nama gargaara kan jedhuudha.

2.4. Gahee Ijoolleen Fookiloorii Keessatti Qaban

Gaheen ijoollonni fookiloorii keessatti taphatan baay'ee ol aanaadha. Kanarraa kan ka'e waa'ee fookiloorii ijoollee qorachuun, kan ulfaatuufi dirree qu'annoo baay'ee bal'aa kan nama gaafatuudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Ann Grideo jedhamu (1980:167) kitaaba 'The study of children's folklore' jedhu keessatti yommuu ibsu "The study of children's folklore is avast, inter disciplinary field," jedha. Haata'uu malee akkuma namoota sadarkaafi umrii adda addaa keessa jiraniijoolleenis fookiloorii keessatti gumaacha olaanaa qabu. Hirmaannaafi gumaachi isaan taasisan akka salphaatti kan ilaalamu miti. Kanas yoo hirmaatan lama lama ta'anii yookaan gurmaa'anii haala jiruufi jireenya isaanii gaggeeffatuufi guyyaa gara guyyaatti gaheen isaan taphatan bal'inaan mul'ata. Yaada kana ilaalchisee Mechling Joy in Fekede (2003:371) akkas jechuun ibsa.

Children are actively involved in using folklore from the moment their mothers begins to tell them 'mother Goose' rymes or sing them lullabies. They recite jump-Rope jingles, tell jokes and riddles, and try out rap or whatever is popular. It therefore, makes good sense for teachers to take full advantage of the real connection between children and folklore.

Yaada kanarraa wanti hubatamu, umrii ijoollummaa keessa kan jiran akkuma namoota worra kaanii fookiloorii keessatti sirritti akka qooda fudhataniidha. Haaluma walfakkaatuun, hayyuun Grideo (1980:160) irratti akkas jedhee ibsa, " Children of many cultures share similar games, songs, stories, rymes, jokes, and riddles." Yaanni kun kan mirkaneessu walitti dhufeenyi ijoolleefi fookiloorii (aadaa) cimaa ta'uusaa, keessattuu kan akka:- tapha sirbaa, oduu odeessuu, qoosaa garaa garaa qoosuufi kan kana fakkaatanitti hirmaachuu keessatti qooda ol aanaa qabu. Haata'uu malee hawaasa keessa jiraatan keessatti ijoollootaaf ilaalchiifi xiyyeeffannoon hin kennamuuf taanaan, aadaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf jijjiirama fiduun akka hindanda'amne Taaddaseen (2014:136) irratti nidubbata.

Amalootaafi aadaa ijoollonni qaban ilaalchisee Mechling Joy in Fekede (2003:376) akkas jechuun addeessa, “ Children were among the 1st non peasant groups studied by folklorists at the end of nineteenth centure.” jedha. Kunis kan inni ibsu, aadaaafi amalli ijoolleen yeroo ijoollummaa isaanii calaqqisiisan jalqaba kan qoratame dhuma jaarraa 19^{ffaa} ta’uu isaati. Haata’uumalee ijoollonni akkuma kutaa hawaasaa isaan biroo amala gareen yookaan lama lama ta’uun fookiloorii keessatti qooda ni fudgatu.

Yaada kana ilaalchisee, Mechling Joy in Fekede (2003:378) yommuu ibsu, “Along the way to the adult settings, the children is the member of several folk groups, face to face human groups where in people use stylized communications to creat the sense of ashared, meaningfull world.” jedha. Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda’amutti ijoolleen yeroo xiqqeenya isaanii irraa eegalanii hanga umrii ga’eessa ta’aniitti garee garaa garaa uummatanii fookilooritti gargaaramuun jireenya hawaasummaa dhugaa jiraachaa darbu jechuudha. Kutaa hawaasaa keessaa ijoolleen dhaloota haaraadha. Dhaloota haaraa waan ta’aniif immoo, wanta haaraa duraan hinbeekne baruuf yommuu isaan carraaqan nimul’ata. Haaluma walfakkaatuun, waabaruuf waan ariifataniif gaheen isaan fookiloorii keessatti qaban baay’ee olaanaadha.

Yaada kana hayyuun Grideo jedhamu (1980:160) kitaaba ‘The study of children’s folklore’ jedhu keessatti yommuu ibsu, “The folklore the children’s share is most active during the elementary school years, roughly ages six through twelve,” jedha. Akka yaada kanaatti ijoolleen umrii ijoollummaa isaaniitti keessumaa, naannoo umrii woggaa jahaa hanga woggaa kudha lamaatti (yommuu mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa barataniitti) fedhiifi kaka’umsa isaan fookilooriitti hirmaachuuf qaban daraan olaanaa akka ta’e dubbata. Yeroo kana ijoollonni sammuu isaanii baay’ee walaba waan ta’eef gammachuu guddaatu itti dhagahama. Haaluma walfakkaatuun (1980:161) irrattis dabalee yommuu ibsu “The study of children’s folklore is generally the study of happy, un self conscious kids,” jedha. Akka yaada waraabii kanaattis, waa’ee fookiloorii ijoollee qu’achuun, waa’ee gammachuufi waan sirrii qu’achuun akka ta’e mirkaneessa. Ijoolleen worra gaheessotaarraa wanti ittiin adda ta’an amala hedduu qabaachuu isaaniitiin.

2.5. Akkaataa Ijoolleen Gareen Fookilooriitti Hirmaataniin

Gaheen ijoolleen fookiloorii keessatti qaban baay'ee olaanaadha. Fookilooriitti hirmaachuuf yookaan hirmaachisuuf hawaasa keessatti gahee qabu. Yaada kana Taaddaseen (2011:270) yommuu ibsu, "Children are also active participants in the production and re production of culture, especially by means of expressive Performance," jedha. Ijoolleen umrii isaanii keessatti tapha adda addaafi qoosaa garaagaraa fookiloorii keessa galuun kan ibsatan gareen gurmaa'anii yookaan lama lama ta'aniiti. Amala walitti dhufanii wajjiin jiraachuu, wajjiin hojjachuufi wajjiin taphachuu hawaasa keessatti dhalatan irraa adeemsa keessa kan baraa adeemaniidha. Aadaan safuu, duudhaa, ilaalcha, amalaafi yaada namootaa kan sirreessuudha. Kunis garaagarummaa yaada namni humna isaatiin qabuufi bifa gurmaa'anii jiraachuutiin karaa ittiin amala walirraa qoqqooddataniidha. Karbon (1989:61) yoo ibsu, "It is culture that binds us together in to group sharing a certain degree of similarity that over comes individual difference..." jedha.

Akka yaada kanaatti hawaasa tokko, aadatu walitti qaba, sababa kanaan afaan tokko dubbata; yoo wonti jeequ hin jiraanne amantii tokkotti amanu; falaasamaafi safuu waliin qabu. Haalli kun hunduu kan waliinii waan ta'eef, garaagarummaa namoota gidduu dhuunfaan jiru nimaqsu. Kana jechuun namoonni garaagarummaa manaa manatti qaban dhiisanii tokko ta'u; kun immoo waliigalteedha. Taaddese (2011:270) akkas jedha, "Children learn folk tales from adults at home and share them with other children in school or play ground's" jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, ijoollee fookilooriitti kan gargaaraman namoota dullooman / manguddoota/ irraa yommuu ta'u isa kanas mana jiraatan keessatti kan barataniidha. Haaala kanaan isa mana keessatti baratan kana hiriyoota isaanii wajjiin bakka mana barumsaa yookiin bakka taphatanitti yaada irratti waljijjiiruun dandeettii fookilooritti fayyadamuu bal'ifatu. Akkaataa ijoolleen garee uumachuun fookiloorii keessatti qooda fudhatan ilaalchisee, Mechling Joy in Fekede (2003:379) akka armaan gadiitti bakka saditti qooda:- isaanis:-

2.5.1. Sadarkaa Maatiitti

Maatiin, bu'uura guddina aadaafi duudhaa daa'immanii yookaan ijoolleeti. Jalqaba ijoolleen maatii isaanii wajjiin garee uumuun bakka isaan fookiloorii itti fayyadamuu eegalaniidha. Yaada kana Mechling Joy in Fekede (2003:378) yommuu ibsu,

The first folk group is the family and much of the current interest in family folklore is relevant for understanding children's folk cultures, a child's first experience with a folk culture of peers may be with the siblings with whom the child shares a system of secret language, nick names, stories, teases, toys, play houses, secret douts, pets, clothing, riddle, jokes, traditional interaction routines, pranks, taunts, dangerous play, obscene play and forbidden play (eg. Smoking or drinking) jedha.

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti, jalqaba shaakalaafi itti fayyadama fookiloorii kan akka:- maqaa mason wal waamuu, itti fayyadama afaanicciitii kan afaan sinbiraa, oduu garaagaraa, hibboo taphachuu, qoosaa adda addaa, abbaa manaafi haadha manaa, namoota tuttuqanii fedhii isaanii malee kolfisiisuu yookiin aarsuu, horii manaa waliin bashannanuu, wantoota hinbarbaachifne (xuuxuufi dhugaatiirraa)fi kkf irraa akka of eeggatan ittiin baruufi kana hunda bakka itti eegalaniidha. Maatiin ijoollee isaanii taphoota garaagaraan qabonii jireenya hawaasummaa jiraachuu akka baran isaan taasisu. Fakkeenyaaf, waan akka oduu durii, sheekoo adda addaa, taphoota garaagaraan maatiin ijoollota nibarsiisu. Haala kana ilaalchisee Taaddesee (2011:269) akkas jedhee ibsa. "Like parent's all over the world, adults in Africa use verbal art in order to socialize children; folktales, for example, often dramatize the skills, moral standards, and values that are useful for reproducing and successfully navigating customary ways of life."

2.5.2. Sadarkaa Ollaatti

Gareen jiraachuun ijoollee, sadarkaa maatiitti murtaa'ee kan hafuu miti. Akkuma umriifi beekumsi isaanii dabalaa deemuun, fedhiin isaaniis guyyaadhaa guyyaatti dabalaa deema. Fedhii isaanii guuttachuuf immoo, daangaa jireenya isaanii bal'ifachuun ijoollota ollaa isaanii jiran waliin hariiroo uumuu jalqabu. Haala kana ilaalchisee Mechling Joy in Fekede (2003:378) akkas jedhee ibsa, "As the child's net work of human contracts extends beyond the family, the neighborhood provides settings for additional folk groups," jedha. Ijoolleen yommuu hiriyaa yookiin garee filatan, akka yaadaan waliigalaniifi isaaniitti tolutti filatu. Taphoota adda addaa yommuu taphatan akka walii galuu danda'anitti taphatu. Seerri tapha isaaniis aadaafi duudhaa hawaasa olla isaanii kan hinfaallessineefi dambii ittiin bulmaata hawaasichaan kan qajeelfame akka ta'e Mechling Joy in Fekede (2003) sirritti lafa kaa'a.

2.5.3. Sadarkaa Mana Barumsaa Idileetti

Ijoolleen akkuma jireenya maatiifi jireenya ollaa waliin taasisan keessatti fookilooritti fayyadaman, sadarkaa mana barumsaattis, garee uummachuun yookaan lama lama ta'uun fookilooritti gargaaramuun beekamaadha. Mechling Joy in Fekede (2003:379) yaada kana ilaalchisee akkas jechuun ibsa, "The formal school system becomes the next setting for children folk culture,". Sadarkaa kanatti gareen yookaan hiriyaan ijoollonni uumatan salphatti kan jijjiiramu osoo hin ta'in yeroo dheeraaf kan turuudha. Itti dabalees, umriifi saala wal fakkaaturratti kan xiyyeeffatuudha. Haaluma walfakkaatuun, Mechling Joy in Fekede (2003:379) yommuu ibsu, "The primary and secondary schools keep together children with in certain age ranges so that even recess has alimited ranges of ages from which the children may re groupthem selves into the folk groups of the play ground," jedha.

Haaluma walfakkaatuun bakki oolmaa ijoollee, mana barumsaa keessatti garee uumanii fookiloorii keessatti hirmaachuuf baay'ee barbaachisaa akka ta'e hayyuun Finnegan (1970:300) irratti yommuu ibsiti, "Schools are becoming increasingly important in the lives of more and more children in Africa, and its likely that similar singing games from whatever sources are now widespred (and thus accessible to study) among school groups," jetti. Yaada armaan olii irraa wanti hubatamu, ijoolleen mana barumsaa isaanii keessatti yommuu barachuuf walitti dhufan, yeroo boqonnaa isaaniittis ta'ee yeroo argatanitti garee uumanii taphoota garaagaraa akka taphataniidha. Tapha taphatan kana keessatti immoo, tartiiba isaa eeganii dabaree dabareen seera eegaa taphatu.

Haala kanaan, garee uumanii taphachuun isaanii fookilooriitti dhimma bahuu isaanii kan agarsiisuudha. Walumaagalatti, ijoolleen umrii isaanii keessatti haala idileenis ta'ee al-idileen garee uumachuun gosoota fookiloorii kan ta'an keessatti qooda nifudhatu. Mechling Joy in Fekede (2003:379) hirmaannaa ijoolleen fookiloorii keessatti qaban akkas jedhee addeessa, "Both with in and out side school children belong to arrange of formal and informal folk groups. These may be clubs, school out troops, organized athletic teames, summer camp cabins, bands, cheerleading squads, drama or debate groups, social fraternities or sororities, and even par-time work groups," jedha.

Haaluma kanaan, garee isaanii keessatti hirmaannaan isaan godhan kanneen akka:- garee dhaabbachuu, saala irratti kan hundaa'e (garee warra dhiiraa yookaan warra dubaraa) jedhamanii garee uumachuu, garee atileetotaa, garee yeroo ganna gannaa, dukkanaa yookaan waan akka godoo ijaaroo, garee dura taa'aa qabuun hoogganamuu, garee doo'ii yookaan garee fiilmiifi k.k.f. keessatti qooda akka fudhachuu danda'aniidha.

2.6. Maalummaa Tapha Ijoollee Kanneen Sochii Qaamaatiin Walqabataniin

Ummanni Oromoo aadaa boonsaa kan eenyummaa isaa ittiin ibsatu hedduu qaba. Aadaan isaa kun kan ittiin dhaadatus. Aadaa jechuun akkuma beekamu hawaasni walfakkaatu jiruufi jireenya isaa karaa ittiin ibsatuufi muuxannoo horate sana meeshaa dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti dabarsuudha. Karaa biraatiin aadaan karaa namoota lamaafi isaa ol gidduutti haala jireenyaa, beekumsaafi hubannoo qaban adeemsa hawaasummaa keessa kan walii dabarsaa ittiin jiraataniidha.

Taphni ijoollee kan ijoolleen umriin walmadaalan walitti gurmaa'uun taphoota hawaasa isaanii biratti beekkamoo ta'an taphataniidha. Aadaa boonsaa ummanni Oromoo qabu keessaa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan isa tokkoodha. Qaama aadaa ta'ee seenaa ummata Oromoo keessatti iddoo guddaa kan qabu, har'a ispoortii jedhamee kan beekamuudha. Haala kanaan tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan jechuun yeroo taphatamu sochii qaamaatiin kan deeggaramu yookaan sochii qaamaa kan ofkeessaa qabu ta'ee hawaasa baadiyaa biratti bal'inaan kan taphatamuufi qinda'aa ta'ee karaa ummatni aadaa ofii, duudhaa ofii, eenyummaa ofii ittiin ibsatu, akkasumas namootaaf gammachuu kan kennuudha. Maalummaa tapha ijoolleerratti hayyoonni adda addaa hiika kennanii jiru. Isaan keessaa tokko hayyuu xiinsammuu kan ta'e, Ann Birch (1970:56) akkas jedha.

Taphni ijoollee, kan ijoolleen haala jireenya naannoo isaanii ittiin adda baafachuuf, ittiin walbaruuf, akkasumas sodaafi yaaddoo isaanii haala nagaa keessatti ittiin ibsachuuf kan gargaaramaniidha. Akkasumas, taphni rakkoo hamaa ta'e ofirraa ittisuufi amaloota jiran wajjiin kan ijoollee walbarsiisuudha. Yaanni kun taphni ijoollee kan ijoolleen sodaafi yaaddoo isaanitti dhaga'amu ittiin ofirraa ittisaniifi kan ijoolleen wantoota naannoo isaanii keessatti argaman wajjiin ittiin walbaran akka ta'e ibsa. Akkasumas yaanni kun taphni ijoollee kan ijoolleen rakkoo isaanii karaa salphaa ta'een ittiin ibsataniidha.

Karaa biraatiin, Selamnew Feleke (2008:15) tapha ijoollee yoo ibsu, taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu kun seera, galmaafi bu'aa ba'ii kan qabu ta'ee taphattoota qaamaan yookaan sammuun kan si'eessuudha. Ijoolleen taphoota kana yeroo baay'ee kan fayyadaman shaakalaaf yookaan bashannanaaf yoo ta'u, haalli kun immoo of keessaa amala sochii wal dorgommii qabaachuu isaatiin namoota lamaafi isaa ol ta'an haala seera tumameetiin taphachuun gammachuu ofii ittiin argachuu yookaan deeggartoota isaanii bashannansiisuuf kan raawwatuudha. Akka yeroo ammaatti taphoonni ammayyaa kunniin osoo hin babal'atin dura, ijoolleen tapha aadaa kan mataa isaanii niqabu.

Tapha kanaanis tooftaa jiruufi jireenyaa kan ittiin shaakalan yemmuu ta'u, amalaafi aadaa hawaasa kana keessatti fudhatamu kan ittiin jajjabeeffataniifi gabbifatan, akkasumas fala isaatiin immoo amala badaa hawaasaan jibbamuufi balaaleffataman immoo akka irraa maqaniif gargaaramaa turaniiru; Har'as akkasuma irraa barachaa ittis gargaaramaa jiru. Yaanni kun kan nama hubachiisu, ijoolleen Oromoo taphatti fayyadamanii xiqqeenya isaaniirraa hawaasa isaaniin qaramanii guddachuu isaaniiti. **ዘሪሁን አስፋው**, (1992:56) ijoolleen akkuma sadarkaa umrii isaaniitiin tapha adda addaa ni taphatu. Mana barumsaa isaaniitti, Mana maatiitti, naannoo isaaniitti, bakka loon tiksanitti, walitti gurmaa'uun yookaan dhuunfaan taphachuu danda'u. Taphoonni ijoollee baay'een isaanii kan bifa wolalootiin dhiyaataniifi akkuma afoolaa dhalootaa dhalootatti kan daddarbaa turaniidha.

Taphni kunis seera ittiin taphataman kan qabaniifi ijoolleen sun ofii isaaniif kan uuman, maatiifi ollaa keessatti beektota argamaniin, akkasumas barsiisonni isaanii ijoollee kana taphachiisuudhaaf haalota mijeessuu irratti kan adeemsifamuudha. Ammas **ዘሪሁን አስፋው** (1992:56) ijoolleen yeroo baay'ee kan taphatan utaaluu, fiiguu, taa'uu, ka'uu, walqabatani ija dunuufachuudhaan, tarree galuudhaan, jilbiiffachuudhaaniifi sochii biroos agarsiisuudhaan yoo ta'u, yeroo tapha kanaa faaruun isaan faarsanis sochiilee kana waliin kan walqabataniidha.

2.7. Gosoota Tapha Aadaa Ijoollee Sochii Qaamaatiin Walqabatani

Ijoolleen umrii ijoollummaa keessa jiran keessatti akkaataa tapha isaanitiin ardii adda addaa irra yoo jiraataniyyuu amala wal isaan fakkeessutu jira. Amalli wal isaan fakkeessu kun ammoo irra caalaa akka wal fakkaatanitti walitti siqanii taphachuufi tapha jaallachuu isaaniiti. Yaada kana ilaalchiftee, Finnegan (1970:295) irratti yommuu ibsiti, “ Like children else

where, African children seem to have the familiar range of games and verse for their own play, non sense songs, singing games, cathrhymes and so on. They also engage in riddle asking and other game and dance,” ti jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti, ijoolleen afrikaa wolaloo mana rukuttaa qabu walitti qindeessanii ittiin taphatan kan akka: weedduu, sochii sirbaa, yeedaloo, sammuutti qabachuu, hibboo wal gaafachuufi sochii qaamaa kan of keessatti qabate akka ta’e ibsiti.

Taphni ijoollee qabiyyee isaa bu’uura godhachuun kutaa garaagaraatti qoodamuu danda’a. Yaada kana ilaalchisee, Zawudee (2001:64-72) gosoota tapha ijoollee qabiyyee isaa irratti hundaa’uun bakka afuritti qoodeera. Isaanis: tapha ijoollee kan gochaafi jechaan hurruubamu, tapha ijoollee gaafiifi deebiin taphatamu, tapha ijoollee lakkoofsa irratti bu’uuree taphatamufi tapha ijoollee gareedhaan taphatamu jechuun qoqqooda. Haalli kun immoo kan nama hubachiisu taphoonni ijoolleen taphatan gosa qabaachuu isaati.

2.8. Faayidaa Tapha Aadaa Ijoolleesochii Qaamaatiin Walqabatanii

Selamnew Feleke (2008:14-19) Taphoota ispoortii ammayaa yeroo ammaa kana sadarkaa addunyaatti beekamniif bu’uurri isaa taphoota aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kana ta’uun isaa beekamaadha. Taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan ijoolloota ijoollummaa isaanii irraa jalqabanii, jabina qaamaafi sammuu, obsa, abdiifi hamilee guutuu akka qabaatan kan isaan taasisuudha. Akka yaada kanaatti, Ijoolleen taphaan qabamanii akkasiti guddatan jabina qaamaaf barbaachisu gonfatanii rakkoofi gidiraa kam keessaayyuu bahuu akka danda’anitti kan leenjifaman ta’u.

Faayidaa tapha ijoollee ilaalchisee, Masfiin (1995:43) kitaaba jildii-7, mata duree “Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo” jedhu keessatti yommuu ibsu, “Taphni ijoollee immoo ijoolleen aadaadhaan qulqulluudha jedhaman, dandeettii waa yaadachuu, dabaree eeganii dubbachuu fi taphachuutti yeroo akka dabarsaniifi akka ittiin bashannanan faayidaa guddaa kenna.” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu ijoolloonni taphoota garaa garaatti gargaaramuun dandeettii waa yaaduu isaanii gabbifachuu bira darbanii muuxannoo hawaasaa akka fudhatan isaan gargaara. Aadaa hawaasa Oromoo keessaa inni tokko immoo, ijoolloota tapha garaa garaan qabee sgara amala gaariitti akka guddatan gochuun cinatti amala badaa isa hawaasaan balaaleffatamurraa akka of sirreessan gochuuf gahee guddaa taphata.

Selamnew (2008:16) Bu'aan tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan, Oromoon wogootii hedduudhaaf biyya, aadaafi maalummaa isaa eeggatee akka turu dandeessisee jira. Taphni kun waan salpaadhaan jalqabee hanga qophii waraanaatti kan cehuudha. Taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kun ijoollee Oromoo onnachiisee, hamilee guuchisee, dandeettii cimsachiisee, mala horachiisee hanga injifannootti osoo abdi hin kutatin isaan qopheessa. Akkasumas jaalalaafi marartee ijoollee giddutti uumuudhaan seeraafi heera hawaasa barsiisuudhaan jireenyaaf isaan qopheessa. Taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan, dorgommii of keessaa qabu keessatti, kan moo'ate kanaa boodas injifannoo isaa itti fuufuuf yommuu dhaadatu, kan moo'atame immoo, mudaa isaa haqee injifannoo haaraadhaaf sammuufi qaama isaa akka qopheessu taasisa.

Akka yaada kanaatti, Ijoolleen tapha sochii qaamaatiin walqabatu kana taphataa guddatan qaamni isaanii jabaachuu waan danda'aniif hojii itti hirmaatan hunda irratti bu'aa gaarii argamsiisu. Itti dabalees ijoolleen taphaan guddatan hoodaafi safuu hawaasaatiin waan guddataniif filmaata gaggeeffamu tokkokeessatti bakka guddaa qabu. Aadaa sirna gadaa keessatti ulaagaaleen filmaataaf gahaa nama taasisan jabina hamileefi obsa akkasumas beekumsa aadaafi dandeettii haasaati. Kun hundi kan horatamu ijoolleen taphoota aadaa adda addaa keessa yoo hulluuqan qofa. Kanaafuu ijoolleen tapha aadaa keessa injifannoon darban filmaata keessatti injifachuufis carraa gaarii qabu jechuudha.

Selamnew Feleke (2008:11-31) Ummatni itophiyaa %85 qonnaan bulaafi horsiisee bulaa kan ta'e taphoota aadaa sochii qaamaatiin walqabatan irratti hirmaachuun dandeettii, qaama isaa guddisuu, dhiphina adda addaa of irraa xiqqeessuu, bashananaaf, aadaafi duudhaa miira sabboonummaa qabu tooftaa ittiin ibsatuufi dagaagfatuudha. Itti dabalees taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan dagaagina qaamaafi sammuu irratti faayidaa olaanaa kan qabuufi akka waliigalaatti fayyummaa hirmaattotaafi baay'ee kan barbaachisuudha. Akka ibsa kanaatti, kutaa hawaasaa keessaa ijoollonni isaan tokko yommuu ta'an umrii ijoollummaa isaanii keessatti taphoota garaa garaa taphachuun jireenya isaanii gammachuun bashannansiisaa dabarsu.

Namarraa Bashaa Qorannoo isaa (2015:26) keessatti Dafa Jamoo (1974:123) wabeeffachuun faayidaa tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan ilaalchisee, "Taphoota garaagaraatti dhimma bahuun karaan ijoollonni tooftaa jireenyaa ittiin baratan keessaa: Mala

adamoo ittiin shaakalan, tooftaa ittiin qaama jabeeffatan, karaa ittiin miliqqee baranii fi gara guddinaatti kan isaan geessu tapha addaa addaa isaan umrii ijoolummaa isaanii keessatti taphataniiniidha. Akka yaada nama kanaatti, ijoolleen taphatti gargaaramanii akeeka barumsaa guddaa baru, karaa ittiin waan garaagaraa jalaa miliquu danda'aniifi qaamni isaanii akka jabaatuuf tooftaa isaan gargaaruudha. Kun hundi kan argamu tapha isaan yeroo ijoolummaa isaaniitti taphataa guddatan irraayi. Itti dabalees, faayidaa taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu ijoollootaaf qabu ilaalchisee, Zawudee(2001:73) irratti yommuu ibsu, taphni ijoollee ijoollootaaf, bashannansiisuuf, gaafii gaafataman hatattamaan deebisuu irraa kan ka'e sammuu isaanii qaruu akka danda'u, ijoollonni miliqqee adda addaa barachuullee akka danda'an kan godhu ta'uu isaa, akka hiriyyootaa fi namoota naannoo isaanii jiran wajjiin wal baran godha yaada jedhu lafa kaa'a.

Selamnew Feleke.(2008:25-28) Hawaasa keessatti ijoollonni dhaloota haaraa waan ta'aniif,wantoota addunyaa kana irra jiruun wal baruuf baay'ee carraaqu. Kana gochuuf immoo meeshaan guddaan isaan itti fayyadaman tapha aadaa garaagaraati. Yaanni kun kan ibsu, ijoolleen dandeettii waa yaadachuu, sammuu keessa tursiifachuu, aadaafi duudhaa hawaasaa isa gaggaariifi gadhee ta'e adda baasanii hubachuufi ittiin guddachuuf isaan gargaara. Taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan yeroo baay'ee galma, seera wal mormuu, walmorkiifi walitti dhufeenya cimsu of keessaa qaba. Akkasumas taphni aadaa ijoollee kun sagantaan yookiin waa sababeeffachuun kan qindaa'ee qophaa'uufi irratti hirmaatan ta'ee, faayidaa dandeettii qaama dagaagsu, ijaaru, booharsu, akkasumas aadaa hawaasummaa, diinagdee, amantiifi midhaagina aadaa ibsu kan kennuudha.

2.9. Akkaataa Raawwii Tapha Ijoollee Sochii Qaamaatiin Walqabatani

Afoolli aadaa hawaasaa qabate tokko, tooftaa ittiin dhiyaatuufi adeemsa mataa isaa qaba. Haaluma wal fakkaatuun taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatus, aadaa saba oromoo keessaa isa tokko yommuu ta'u, akkaataa itti taphatamu, yoomessa itti taphatamufi seera mataa isaa qaba. Taphni ijoollee yommuu taphatamu walduraa duuba isaa eeggachuun sochii qaamaa dabalachuun haala kalaqa qabuun taphatama. Akkaataa haala raawwii tapha ijoollee ilaalchisee, **ዘሪሁን አስፋው** (1992:56) akkas jedhee ibsa.Taphni ijoollee akkuma aadaa biyyaattiifi taphichaatti, akkuma umrii ijoolummaatti garaagarummaa qabaatuuyyuu baay'een isaanii sochii qaamaatiin kan deeggaramaniidha. Ijoolleen yeroo baay'ee kan

taphattu, utaaluun, fiiguun, taa'uun, ka'uun, waltuttuquun, harka walqabatanii ija isaanii dunuunfachuun, miilaafi harka diriirsuun, geengoo uumanii taa'uun ykn dhaabbachuun, hiriiruun, jilbiiffachuufi sochiiwwan garaagaraatiiniidha. Yeedalloon isaan yeroo taphatan jedhanis sochiiwwan kana waliin walqabatanii kan deemaniidha.

Akka ibsa kanaatti taphni ijoollee sochii qaamaatiin wal qabatu, sochiiwwan adda addaatiin deeggaramee kan dhiyaatu akka ta'e ibsa. Akkasumas taphoonni ijoolleen taphataniifi yeeddalloon isaan ittiin taphatan walmadaalaa kan deemu akka ta'e nuu ibsa. Kanaan walqaba tee maalummaa sochii ilaalchsee, Sims and Stephens (2005:127)yommu ibsu, "There are many performances going on in our example, the performers on the stage in their "official" role as performers, and the many activities you and your follow audience members engaged in that allowed you to express the traditions values and beliefs of the fan group you belonged to" jedha. Akka yaada nama kanaatti sochiin yookaan hurruubummaan haala adda addaan mul'achuu akka danda'u (sochii waltajjiirraa, sochii hojii idilee ofii keessatti mul'aturraa, sochii raawwataa fi hirmaattota aadaarraa, amantaa fi k.k.f, ibsachuuf taasisan fa'a akka ta'e ibsa. Akkaataa raawwii tapha ijoollee ilaalchisee, Finnegan (1970:301) akkas jettee ibsiti.

The children whose round games were studied were mostly boys from various southern Sudanese peoples (Nuer, Shilluk, Dinka, Bari, and Lotuko). The games are played on a moon lit night in the dry season and the singing, mostly in strophe and antistrophe, is led by one of the boys and accompanied by hand-clapping, foot-thumping, or the action of the game. Often the words themselves count for little. Sometimes the meaning is almost slurred out of recognition, and in this 'the Shilluks and Nuers are the greatest offenders, some consisting of mere nonsense syllables, which they themselves do not pretend to understand. Most of the singing games are based on the principle of a ring, the players squatting or standing in a circle, in one, the equivalent of 'Hunt the slipper', the players sit in a circle with their feet under them. The leader in the middle of the ring has to find a brace let which is being passed surreptitiously round the ring. He sings, answered by the others as they slap their knees in time to the song.

Akka ibsa hayyuu kanaatti, taphoonni ijoollee kan taphataman seera mataa isaanii irratti huda'aaniiti. Fakkeenyaaf akka aadaa ummata sudaaniitti, taphni dhaabbatanii naanna'anii taphatan akka jiru ibsaa, tapha akkasiis ijoolleen dhiiraa akka taphatan addeessiteetti. Yoomessa tapha kanaa ilaalchistee yommuu ibsiti, kan taphatamu woqtii bonaa ta'ee galgala

ifa ji'aatiin gargaaramanii taphatu. Yommuu taphatanis isaan keessaa mucaan dhiiraa dura bu'uun kan taphachiisu ta'ee harka walitti rukutuu, miila ol kaasaniif lafa dhiituu, yookaan akka sochii taphichaatti taphatama.

Robert A. Georges and Michael Owen Jones kan jedhaman, (1995:244-246) irratti yommuu ibsan, ijoolleen yommuu taphatan, tartiiba eeggatanii hamma tapha kana xumuranitti, lakkoofsa lakkaa'uu yookaan qubee sagaleessuudha jedhu. Fakkeenyaaf: kubbaa waaqatti ol darbatanii hamma inni deebi'ee dhufutti daddafanii lakkoofsa lakkaa'uu, qubee sagaleessuu yookaan harka walitti rurrukutaa lakkaa'uun kan taphatamu yommuu ta'u kubbaan deebi'ee yommuu dhufu harkaan qabuun irra deebi'anii waaqatti ol darbachuun taphichi itti fuufa jechuudha. Itti dabalees, akkaataa ijoolleen itti taphatan ilaalchisee hayyuun Georges and Jones (1995:243) yommuu ibsu, "Children chant rhymes not only when bouncing balls of course, but also when clapping, patting, hands together, jumpingrope, taunting others, or taking pleasure in the sounds of words of manipulating language," jedha.

Taphni tokko taphatamuuf ulaagaa ittiin taphatamu duraafi duuba isaa eeguu, hirmaachisaafi hirmaattotni jiraachuun barbaachisaadha. Kun hinta'u taanaan kan irraa barataniif fi ittiin bashannan ta'uun isaa hafee kan nama nuffisiisuufi jibbisiisu ta'a jechuudha. Walumaagalatti akkaataa haala raawwii tapha ijoollee irratti yaadonni armaan olii kan ibsan, ijoolleen tapha yeoo taphattu kutaa kutaan akka ta'eefi akkuma aadaa hawaasaatti garaagarummaa haaqabaattuuyyuu malee baay'een isaanii sochii qaamaatii kan deeggaraman akka ta'aniidha.

2.10. Yoomessa Raawwii Tapha Ijoollee

Aadaa oromoo keessatti ilaalchi ijoollootaaf kennamu bakka olaanaa waan qabuuf hawaasni kun immoo ijoolloota guddatanii abdiif borii ta'an kana yoomessa adda addaa keessatti taphatan qabee guddisuun hambaa borii godhee qaree isaan dhaaba. Kana gochuuf immoo tapha taphatamu faana ykn duukaa seera akka eegan gochuun amala waa yaadachuufi tartiiba garaagaraa qabaachuu shaakalu. Haala yoomessa tapha ijoollee kana ilaalchisee, Namarraa Bashaa (2007:30) ዳፋ ዳግግ (1974:123) wabeeffachuun yoo ibsu, "Aadaa oromoo keessatti taphni ijoollee kan taphatamu yoomessa mataa isaa qaba. Kana jechuun taphni hundi yeroo tokko keessatti kan taphatamu osoo hinta'in yoomessa mataa isaa eeggatee kan taphatamuudha." jedha. Akka yaada kanaatti taphoonni ijoollee hundinuu yeroo itti taphatamu qaba. Jechuun yeroo isaa malee taphni kamuu hintaphatamu jechuudha. Itti dabalees

yoomessa tapha ijoollee irratti hundaa' uun yeroo taphni ijoollee itti raawwatamu akka armaan gadiitti qoodama. Innis, tapha ijoollee yeroo gannaa taphatamu, kan yeroo birraa taphatamu, kan yeroo bonaa taphatamu, yeroo arfaasaa taphatamu, kan yoomessa adda addaa keessatti taphatamuufi tapha ijoollee halkan taphatamu jechuun qooda. Akka yaada Namaraatti, taphni ijoollee yeroofi iddoo itti taphatamu kan mataa isaa akka qabu agarsiisa. Karaa biraatiin ijoolleen naannoo murtaa'aa tokko keessa jiraatan akka taphoota sochii qaamaatiin walqabatan kanatti hirmaataniif wantootni sababa ta'an baay'etu jiru. Isaanis: naannoo hawaasni keessa jiraatan wajjiin kan walqabateedha.

Kunis hawaasichi naannoo keessa jiraatutti aadaa isaa haala itti calaqqisiisu ta'a. Fakkeenyaaf: ijoolleen naannoo lagaa yookaan haraa jiraatan bishaan daakuu shaakaluu aadaa godhatu. Akkasumas namni kun itti dabalee, iddoofi bakka meeshaaleen taphaaf barbaachisan murteessoon itti argaman wajjiinis walqabata. Karaa biraatiin ijoolleen tapha kana kan taphatan yeroo boqonnaa yookiin hojiin alaa, yeroo qophiilee ayyaanota garaa garaa, woqtiilee wajjiin (taphoonni kun irra caalaa manaan alatti kan raawwatamu ta'ee, erga roobni roobee caamee booda, keessattuu ji'oota muddee-ebllaa gidduutti kan gaggeeffamu), yeroo morkii ispoortii qabaniifi akka aadaa ta'ee hawwsicha keessatti fudhatama qabaachuu isaa fa'aan wal qabata.

Selamnew Feleke. (2008:29-31) yoomessa tapha ijoollee yoo ibsu, Akka waliigalaatti taphoonni aadaa sochii qaamaatiin walqabatan kan taphataman yeroo ijoolleen loon gara bakka tiksaniitti bobbaasan, yeroo horsiisee bulootni loon isaanii gara mooraatti deebisan, yeroo qotee bulootni hojiidhaa galan, yeroo oomishni gaheefi gumbiin midhaaniin guute, yeroo boqonnaafi yeroo ayyaanota woggaa garaa garaafa'adha. Yaanni kun kan ibsu, ijoolleen tapha kan taphatan, waa sababeeffataniiti. Yookiin immoo, tapha taphachuuf wanti isaan irraa ka'an kan akka boqonnaa argachuu, bakki itti taphataniifi meeshaan irraa taphichi qophaa'u fa'a sababa akka ta'aniidha.

2.11. Yaaxxinaalee Qorannoo Fookiloorii

Qorannoon afoolaa irraa jalaan gaggeeffamaa babal'achaa haadhufu malee, haala qorannoon afoolaa gaggeeffamu irratti hayyoonni yaada walfakkaataa hinqaban. Yaanni hayyoonni irratti walii hingalles, afoolli akkamiin walitti guurama? Qaacceffamaafi k.k.f dha. Rakkoolee kana

furuudhaaf yaaxxinoota hayyoota garaagaraatiin kennaman ilaaluun barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee, Addunyaa (2011:58) hayyuu Zoltan (2005:255) wobeeffachuun yaaxxina fookiloorii ilaalchisee yommuu ibsu: “Sakatta’abarruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu inni biraan yaaxxina qorannoon sun irratti bu’uuruudha. Dhimmi kun karaa biraatiin qorannichaaf dallaa ijaaruudha,” jedha. Kunis qorataan fookiloorii tokko mata-duree qorannoo isaaf yaaxxina sirriifi bu’uura qorannoo isaaf mijaa’u hinbeeku taanaan, qorannoon gaggeeffame firii gaarii argamsiisuu hindanda’u. Daayessi fookiloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu’uureffamaniiru. Qo`annoon fookiloorii tokko waan bu’uureffachuu qabu haala niwayya jedhaniin yaada jiru agarsiisu.

Hunduu kalattii isaaniin, qo`annoon fookiloorii dhimma siyaasaan walqabatee xiinxalamuu qaba, aadaa bu’uureffachuu qaba, haala keessatti raawwatu bu’uura godhachuu qaba, faayidaa giddu galeessa godhachuu qaba, seenaa bu’uura godhachuu qaba, xiinsammuu itti fayyadamaa gidduu galeessa godhachuu qaba, akkasumas seenessaafi hurruubaa bu’uura godhachuu qaba yaada jedhuufi kan kana fakkaatan lafa kaa`a. Haaluma kanaan mata dureen qorannoo kanaas aadaa hawaasaa qorachuudhaaf waan ta’eef qabatamaan bu’aan gaariin akka galmaa’u gochuuf yaaxxinaalee lamaan armaan gadii qofa irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamuudha.

2.11.1. Yaaxxina Faayidaa

Akka daayessa kanaattii afoollii (fookilooriin) faayidaan inni uummataaf qabu maali? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata. Akaakuu yaaxxinaalee fookiloorii yookaan qorannoo mata duree fookiloorii keessaa isa tokko yommuu ta’u, kallattii fookilooriin tokko faayidaa hawaasaaf kennu irratti hundaa’uun kan qoratuudha. Kunis waa’een fookiloorii tokko yommuu qu’atamufaayidaan inni qabu hinxiinxalamu taanaan faayidaan isaa osoo hinbaramin hafa jechuudha. Daayeessi kun gama waanta aadaa (material culture) akkasumas, gooroowwan afoolaa biroon hojiirra ooluu nidanda`a. Yaaxxinni faayidaa akkaataa ijaarsa afoolaa osoo hintaane tajaajila afoolli hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata.

Isa kanarratti Bascom (1992:175), yemmuu ibsu, “... as folklorists, we examine the verbal customary way and how it is important to the people sharing it,” jedha. Wanti yaada kanarraa hubannu qorataan fookiloorii yaaxxina faayidaatti yoo fayyadame wanti afaaniin himamu,

barsiifamuufi meeshaaleen aadaa maaliif akka tajaajilaniifi akkamitti akka tajaajilan qu'achuun akka irra jiraatu ibseera.

Kanaan walqabatee taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanis, dorgommii of keessaa qabu keessatti, kan moo'ate kanaa boodas injifannoo isaa itti fuufuuf yommuu dhaadatu, kan moo'atame immoo, mudaa isaa haqee injifannoo haaraadhaaf sammuu qama isaa akka qopheessu taasisa. Ijoolleen tapha sochii qaamaatiin walqabatu kana taphataa guddatan qaamni isaanii jabaachuu waan danda'aniif hojii itti hirmaatan hunda irratti bu'aa gaarii argamsiisu. Itti dabalees ijoolleen taphaan guddatan hoodaafi safuu hawaasaatiin waan guddataniif filmaata gaggeeffamu tokko keessatti bakka guddaa qabu. Aadaa sirna gadaa keessatti ulaagaaleen filmaataaf gahaa nama taasisan jabina hamileefi obsa akkasumas beekumsa aadaafi dandeettii haasaati. Kun hundi kan horatamu ijoolleen taphoota aadaa adda addaa keessa yoo hulluuqan qofa. Kanaafuu ijoolleen tapha aadaa keessa injifannoon darban filmaata keessatti injifachuufis carraa gaarii qabu jechuudha. Yaadonni kun kan nama hubachiisan, ijoolleen tapha taphataa yoo guddatan waan hunda keessattuu hirmaachuu akka danda'aniidha.

Faayidaa tapha ijoollee ilaalchisee, Masfiin (1995:43) kitaaba jildii-7, mata duree “Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo” jedhu keessatti yommuu ibsu, “Taphni ijoollee immoo ijoolleen aadaadhaan qulqulluudha jedhaman, dandeettii waa yaadachuu, dabaree eeganiidubbachuu fi taphachuutti yeroo akka dabarsaniifi akka ittiin bashannanan faayidaa guddaa kenna.” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu ijoollonni taphoota garaa garaatti gargaaramuun dandeettii waa yaaduu isaanii gabbifachuu bira darbanii muuxannoo hawaasaa akka fudhatan isaan gargaara. Aadaa hawaasa Oromoo keessaa inni tokko immoo, ijoolloota tapha garaa garaan qabee gara amala gaariitti akka guddatan gochuun cinatti amala badaa isa hawaasaan balaaleffatamurraa akka of sirreessan gochuuf gahee guddaa taphata.

Haaluma kanaan qorataan kunis yaaxxinni kun mata duree qorannoo isaaf mijaa'aawaan ta'eef yaaxxina kana irratti hundaa'uun qorannoo isaa gaggeesseera. Kunis mata dureen qorannoo kanaa qaaccessa haala raawwiifi faayidaa tapha aadaa ijoollee kanneen sochii qaamaatiin wal qabatan kan jedhu waan ta'eef taphoonni kunniin immoo akka kaayyoo

tokkootti faayidaa tapha ijoollee kaasani jiru. Haala kanaan yaaxxinni kun mata duree isaa waan tuquuf qorataan yaaxxina kanatti dhimma bayeera.

2.11.2. Yaaxxina Haalaa

Kaayyoon yaaxxina kanaa qorannoon fookiloorii aadaa hawaasa tokkoo calaqqisiisu yoomessa uumamaa keessatti qoratamuu qaba amantaa jedhuudha. Kunis bakka wanti sun itti raawwatamu seenanii wanti qoratamu maal akka fakkaatu, akkamitti akka raawwatamu, yookaan akkaataa itti hurruubamu, yoomessa uumamaa keessatti qorachuudha. Yaadrimeen dayeessichaas afoolli hafee keessaa osoo hinta`in yoomessa hurruubummaa keessa jira yaada jedhudha. Afooleewwan dargaggoo ta`an kanas kan adda taasise, yaada kanarratti amantaa isaan qabani cimaa ta`uusaati. Akka fakkeenyaatti yaada isaanii kallattiin yoo ilaalle, “ ---the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated.” (Dorson, 1972: 45).

Akka yaada armaan olii kanaatti, afoola tokko qu`achuun kan danda`amu, waan raawwatamee taa`eeru irraa osoo hin ta`in, waan raawwachaa jiru bu`uura godhachuudhaan. Kunis haala qabatamaa afoolli yookaan fookilooriin sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, wantoota yeroo hurruubummaa sana dhimma itti bahan, walumaa galatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`anii kan gaggeeffamu ta`uu nu hubachiisa. Yaaxinni haalaa yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fookilooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanumaan walqabatee taphni aadaa ijoollee yemmuu taphatamu achi keessatti ga`een hirmaachisaafi hirmaatoota maal akka ta`e, akkaataa raawwiin achi keessatti barbaachisu itti mul`atu, yeroofi iddoo taphni kun itti dhiyaatu ibsuuf yaaxxina haalawaa fookiloorii bu`ureeffachuun xiinxaluun nidanda`ama.

Fakkeenyaaf akkaataa haala raawwii tapha ijoollee ilaalchisee, **ዘሪሁን አስፋው** (1992:56) akkas jedhee ibsa. Taphni ijoollee akkuma aadaa biyyaattiifi taphichaatti, akkuma umrii ijoolummaatti garaagarummaa qabaatuuyyuu baay`een isaanii sochii qaamaatiin kan deeggaramaniidha. Ijoolleen yeroo baay`ee kan taphattu, utaaluun, fiiguun, taa`uun, ka`uun, waltuttuquun, harka walqabatani ija isaanii dunuunfachuun, miilaafi harka diriirsuun, geengoo uumanii taa`uun ykn dhaabbachuun, hiriiruun, jilbiiffachuufi sochiiwwan garaagaraatiiniidha. Yeedalloon isaan yeroo taphatan jedhanis sochiiwwan kana waliin walqabatani kan deemaniidha. Akka ibsa kanaatti taphni ijoollee sochii qaamaatiin wal

qabatu, sochiiwwan adda addaatiin deeggaramee kan dhiyaatu akka ta'e ibsa. Akkasumas taphoonni ijoolleen taphataniifi yeeddalloon isaan ittiin taphatan walmadaalaa kan deemu akka ta'e nuu ibsa.

Yaaxxina haalawaa kana ilaachisee Simsfi Stephens (2005:136) akkas jedhu. "The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance." Haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattootaafi dhiyeessota firiiwwan fooklooriin dalagamaniif anniisaa (humna) cimaa akka ta'an yaanni waraabbii armaan oliin tuqame nihubachiisa. Qorannoo kanaafis yaaxxini addadurummaan filatame yaaxxina haalawa fooklooriiti. Haaluma kanaan qorataan kunis, yaaxxina kana mata duree isaa wajjiin walsimsiisee yoomessa uumamaa keessatti kallattiin abbaa dhimmaa bira gayee waa'ee mata durichaa maal akka ta'e, attamitti akka raawwatuufi adeemsonni raawwichaa akkam akka ta'e ykn yommuu raawwatamu maaltu akka barbaachisu qorachuuf yaaxxina kan atti dhimma bayeera.

Walumaagalatti mata duree 'qaaccessa haala raawwiifi faayidaa tapha aadaa ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatan' jedhamu kana qorachuuf yaaxxina kanatu barbaachisa jedhamee wanti adda bahee taa'e jiraachuu baatus, qoratichi yaaxxinaalee garaagaraa jiran keessaa isaan lamaan armaan olitti ibsaman mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhiyeenya qabu jedhee waan filateef akkasumas, yaaxxinni tokkichi kaayyoo qorannoo mata duree kanaa ta'uu waan hin dandeenyeef itti gargaarameera. Ragaa mata duree kanaa madaaluuf akkaataan itti fayyadama fookiloorii, faayidaa fookiloorii, gooroowwan fookilooriifi daayessaalee fookiloorii haala itti aanuun ibsamaniiru. Fookilooriin bal'inaan aadaa, amantaafi duudhaa hawaasaa irratti kan hundaa'uufi isaanumaan uumamee yeroo baay'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha. Taphni ijoollee gosoota fookiloorii jalatti kan hammatamu ta'ee, aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti jechaafi gochaan kan ittiin dabarsaniidha.

Taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu immoo aadaa hawaasaa fookiloorii jalatti ramadamu keessaa isa tokkoodha. Kanaaf ijoolleen taphatti gargaaramanii kan jibbaniifi morman ittiin balaaleffachuufi kan fedhan immoo ittiin faarsuu danda'u. Karaa biraatiin tapha ijoolleetti gargaaramanii aadaafi duudhaan hawaasni qabu cimeefi jabaatee akka itti fuufu

gochuun akka danda'amu faayidaan fookiloorii kun niagarsiisa. Ammas tapha ijoolleetti gargaaramnee aadaan hawaasaa walitti fuufiinsa qabaachuun yeroo dheeraaf osoo hindagatamin yeroo dheeraaf labataa labatatti cimee akka daddarbu taasisuun waan danda'amuuf faayidaan fookiloorii kun ragaa tapha kanaa madaaluuf gahee qaba. Hawaasni Orommoo ijoollee isaa taphaan qabee waan ofkeessatti jibbe akka hinbabal'anneefi hindagaagne gochuu bira darbee akka jibbamuufi dhabamu taasisa. Sababa kanaaf faayidaan fookiloorii kunis ragaa mata duree kanaa madaaluuf barbaachisaadha.

Hayyuun Dorsan (1972:3-5) irratti gooroowwan fookiloorii bakka gurguddoo afuritti qoodeera. Gooroowwan isaa kana keessaa tokko, aartii sochii qaama hawaasaati. Aartiin sochii qaama hawaasaa kun dalagaa sochii qaamaatiin deeggaramee mul'atuudha. Mata dureen qorannoo kanaas tapha ijoollee sochii qaamaa irratti xiyyeeffate qaaccessuudha. Tapha ijoollee kana keessatti immoo sochii qaamaatu mul'ata. Haala kanaan taphni ijoollee kun damee fookiloorii kana jala galuu waan danda'uuf ragaa kana madaaluu keessatti dameen fookiloorii kun gahee guddaa qaba. Afoollis gooroo fookiloorii keessaa tokko ta'ee kan afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan lufuufi hambaa hawaasaa hammatuudha. Taphni ijoollees aadaa hawaasni qabu keessaatti kan ramadamuufi gochaafi afaaniffaan labataa labatatti kan darbu waan ta'eef karaa kanaan gooroo fookiloorii kana keessattis niargama.

Dabalataan meeshaaleen aadaa dameewwan fookiloorii keessaa gooroo isa biraafi kan hawaasni fedhii isaanii ittiin guuttachuufi dandeettii ogummaa isaanii itti agarsiifachuuf itti gargaaraman ta'anii aadaa wajjiin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabaniidha. Taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatnis yemmuu taphatamaniifi qophaa'an meeshaalee aadaa irraa qophaa'an kan mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaf: uleen, funyoo (haada) aadaa fa'a fudhachuun nidanda'ama. Karaa kanaan taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan damee fookiloorii kana wajjiin walitti hidhatiinsa qabu. Ammas hayyuun Dorsan (1972:40) yaaxxina ykn daayessaalee qorannoo fookiloorii hedduun akka jiran ibseera. Isaan keessaa yaaxxini faayidaafi yaaxxini haalaa kanneen mata duree kanaan walitti hidhata qabaniidha.

Sababni isaas xiyyeeffannoon mata duree qorannoo kanaa haala raawwiifi faayidaa tapha ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatan qaaccessuu kan jedhurratti waan ta'eefidha. Yaaxxini faayidaa fookilooriin ykn afoolli saba tokkoo akkamitti akka tajaajilu kan qu'atu yoo ta'u, yaaxxini haalaa immoo, afoola ykn fookiloorii tokko qorachuun wanta raawwatamee

lafa taa'e osoo hintaane, waan raawwatamaa jiru akkamitti akka raawwatu, maaliin akka raawwatuufi yoomessa hurruubummaan sun keessatti raawwatu fa'a irratti hundoofneeti jedha. Taphni ijoollee kunis kanneen sochii qaamaatiin walqabatan waan ta'aniif qoratamuu kan danda'an yemmuu raawwatamaa jiranittiidha. Kanaafuu ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf yaaxxinoonni kunneen lamaanis kallattiidhaan barbaachisu. Walumaagalatti ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf qorataan yemmuu fookilooritti fayyadamu, faayidaawwan fookiloorii, gooroowwan fookilooriifi daayessaawwan fookiloorii akkaataa armaan olitti ibsameen walsimsiisee itti gargaarameera.

2.12. Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhufeenya Qaban

Qorannoofi qu'annoon hojjatamu tokko, kanneen kanaan dura hojjataman wajjiin walfakkeenyaafi garaagarummaa qabaachuu danda'a. Akkasumas mata duree qorannoo gaggeessan tokko irratti qorannoo isa fakkaatu, kan duraan qoratamee lafa taa'e argatanii dubbisuun, kallattii qoratichi ittiin ilaale adda baasuun fooyyessuun, waan dabalammuu qabu itti dabaluun ilaaluun adeemsa qorannoo tokkooti. Qorannoon kunis qorannoo namoota biroo wajjiin walfakkeenyaafi garaagarummaa qaba. Haaluma kanaan qoratichi, barruu walfakkii hanga yaadame argachuun rakkoo ta'ee mul'atus, kanneen armaan gadii argatee sakatta'uuf yaalee jira.

1. Namarraa Basha (2015) mata duree qorannoo 'Qaaccessa Raawwiifi Tapha Ijoollee Godina Wollagga Lixaa Aanaa Boojjii Dirmajii' jedhu irratti ulaagaa digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf hojjatanii jiru. Qorannoo isaa kana keessatti waa'ee tapha ijoollee ilaalchisee yaadonni ka'an kan akka: gahee ijoolleen fookiloorii keessatti qaban, gosoota tapha ijoollee, faayidaa isaaniifi haala taphoonni kunniin ittiin raawwataman fa'aadha. Qorannoon isaa kun ciminaafi hanqinas niqaba. Cimini qorannoo Namarraa akaakuufi faayidaa tapha ijoollee ibsuufi isaan kun kaayyoo gooree ta'anii qaama qorannoo keessatti ibsamuu isaaniiti.

Hanqini qorannoo isaa keessatti mul'atu immoo, kaayyoo isaa keessatti akaakuu tapha ijoollee jedhee bakka tokkotti kaayuu isaati. Karaa biraatiin daangaa tapha ijoollee qabaachuu dhabuu isaati. Qorannoon Namarraa qorannoo kanaan bakki inni itti walfakkaatu, qorannoon isaas tapha aadaa ijoollee irratti gaggeeffamuufi ijoolleenis tapha kanatti gargaaramuun aadaafi safuu hawaasaa dhuunfataa akka guddatan,

akkasumas yommuu gosoota taphaa tarreessu taphoonni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatustokko tokko tuquun isaa fa'a isaan muraasa.

Garaagarummaan mata duree isaafi mata duree kanaa gidduu jiru immoo, mata dureen qorannoo isaanii tapha ijoollee gosa kamiyyuu ta'ee bifa garagaraatiin kan taphataman qaaccessuu yoo ta'u, mata dureen qorannoo kanaa immoo, tapha aadaa ijoollee ta'ee kan sochii qaamaatiin walqabatu irratti xiyyeeffatee kan qaaccessu ta'uu isaati. Karaa biraatiin bakki qorannoon lamaan kunniin itti gaggeeffame bakka garaagaraati. Akkasumas isaan taphoota kanniin kaasani ibsanis, mata duree qorannoo kanaa jalatti immoo, haalli raawwiifi faayidaan taphoota kanniin bal'inaan ibsameera.

2. Lachiisaa Birruu(2011) Mata duree qorannoo “Haala dhiyeenyaafi qabiyyee tapha ijoollee godina Shawaa lixaaAanaa Jalduu” jedhu irratti waraqaa qorannoo ulaagaa digrii tokkoffaa guuttachuuf hojjatanii jiru. Cimini qorannoo Lachiisaa keessatti mul'atu, qorannoo isaa boqonnaa shanitti qooduun dhimmoota jiran hanga tokko kaasuu isaa yoo ta'u, dhimmi inni akka qabiyyeetti kaase faayidaa tapha ijoollee waan ta'eef gama faayidaafi qabiyyee gargar baasuu dadhabuutiin dadhabina qaba. Qorannoon isaa Qorannoo kanaan bakki inni itti walfakkaatugama haala dhiyeenyaafi gosoota tapha ijoollee ibsuu isaatiin. Garaagarummaan mul'atu ammoo, mata dureen qorannoo isaanii tapha ijoollee kanneen bifa gaafiifi deebiitiin, bifa wolalootiin, haala waljalaa qabuutiiniifi bifa seeneffamuutiindhiyaatan irratti kan xiyyeeffatee yoo ta'u, qorannoon kun immoo tapha ijoollee ta'ee kanneen sochii qaamaatiin walqabatani taphatamuu danda'an 18 haala raawwiifi faayidaa isaanii irratti xiyyeeffatee qaaccessuu isaatiin garaagara. Karaa biraatiin iddoowwaan qorannoowwan kunneen itti adeemsifame adda adda ta'uun isaanii garaagarummaa isaan qabaniidha.
3. Abdulmaliik Abdurahamaan (2003) mata duree ‘Akaakuu tapha ijoollee ibsuu Godina Harargee Lixaa Aanaa Masalaa’ jedhu irratti waraqaa qorannoo ulaagaa digrii tokkoffaa guuttachuuf hojjatanii jiru. Qorannoon Abdulmaliik ciminaafi hanqinas qaba. Cimini isaa maalummaa taphaafi maalummaa tapha ijoollee, faayidaa tapha ijoollee, akaakuu tapha ijoolleefi bifa tapha ijoollee jedhee bifa bifaan taphoota tokko tokkoon kaayuu isaati. Akaakuu tapha ijoollee jedhee ka'ee tapha ijoollee kanneen

seeneffaman bira darbuun isaa immoo dadhabina isaati. Walfakkeenyi qorannoo isaaniifi qorannoo kana gidduu jiru akaakuu tapha ijoollee ibsuufi faayidaa tapha ijoollee fa'a irratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Haata'uumalee qorannoowwan kunneen garaagarummaas qabu. Garaagarummaan isaan qaban, qorannoon Abdulmaliik akaakuu tapha ijoollee gaaffiifi deebiifi wolaloo of keessaa qaban qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorannoon kun immoo tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan jedhurratti kan xiyyeeffate ta'uu isaatiin garaagarummaa qabu.

4. Masfiin Tashoomee(1995:42-75) Kitaaba mata duree ‘ *Barruulee Qormaata WaaltinaAfaan Oromoo*’ Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaan maxxanfame keessatti, Tapha Ijoollee Godina Shawaa Dhiyaa Aanaalee: Amboo, Daandii, Calliyaa, Dawoofi Ada'aa Bargaa irratti gosoota taphaa tokko tokko fuula muraasaan (42-75) irratti ibsuuf yaalee jira. Cimini qorannoo Masfiin keessatti mul'atu, taphoonni walitti qabaman ijoollee hammamiin akka taphataman ibsuu isaati. Fakkeenyaaf: taphni ijoollee lama giddutti adeemsifamu, kanneen nama tokko qofaan taphatamaniifi kanneen biroos baldhinaan agarsiifamaniiru. Hanqini qorannoo isaa immoo, kaayyoon qorannichaafi wanti qorannoo keessatti agarsiifame haala walsimateen hinteenye.

Akkasumas taphni ijoollee yoomiifi eessatti akka taphataman osoo hinibsamin bira darbaman nimul'atu. Fkn, tapha Jimma jimmiyyoo jedhu. Walfakkiin kitaaba kanaafi qorannoo koo gidduu jiru gosoota taphaa ijoollee ibsuu qofa irrattiidha. Garaagarummaan jiru garuu, barreeffamni kun bifa kitaabaatiin kan qophaa'e ta'uu isaatiifi barreeffamichi haala raawwii irratti kan xiyyeeffate miti. Qorannoon kun immoo tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan haala raawwiifi faayidaa isaanii ibsuu kan jedhurratti kan xiyyeeffateedha.

5. Jilee Goobanaa (2012) mata duree ‘ Qabiyyee Tapha Ijoollee Oromoo Gujii Aanaa Bulee Horaa Godina Booranaa’ jedhu irratti waraqaa qorannoo ulaagaa digrii tokkoffaa guuttachuuf hojjatanii jiru. Qorannoon Jilee iddoo, yeroo, ergaafi akaakuu tapha ijoollee ibsuun isaa cimina isaa yoo ta'u, gosoota tapha ijoollee osoo hindaangessin amala tapha ijoollee muraasaan amala tapha ijoollee hunda bakkaa buusee ibsuun isaa dadhabina isaati. Fakkeenyaaf, ergaa gosa tapha muraasaatiin tapha ijoollee hunda ibsuu fa'a.

Walfakkeenyi qorannoo isaaniifi qorannaa kanaa tapha ijoolleerratti gaggeeffamuu, haala adeemsaa, akaakuufi iddoofi yeroo tapha ijoollee ibsuu kan jedhurratti yoo ta'u garaagarummaan isaan qaban immoo, qorannoon isaanii tapha ijoollee af-wolaloo irratti xiyyeeffate ta'ee, tapha gaaffiifi deebii of keessaa qabuufi tapha bifa waljalaa qabuutiin dhiyaateedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa garuu tapha ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban haala isaan ittiin raawwatamaniifi faayidaa isaanii ibsuu kan jedhuudha. Karaa biraatiin garaagarummaa isaan qaban bakka garaagaraa irratti qoratamuu isaaniiti.

Boqonnaa Sadi: Mala Qorannoo

Boqonnaan kun kan ofjalatti hammatu tooftaalee qorannoofi qabxiiwwan mala qorannichaatiin walqabatan kan akka, gosa qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama, iddattoofi tooftaa iddatteessuu, mala odeeffannoon ittiin funaanamu (meeshaa funaansa ragaa), mala odeeffannoon ittiin qaaceffamuufi qindaa'ina qorannichaa kan jedhaman fa'a adha. Qabxiiwwan bu'uuraa armaan olitti ibsaman kunniinis bal'inaan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

3.1. Gosa Qorannoo

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa, haala raawwiifi faayidaa tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan aanaa Kokkossaa qaaccessuudha. Qabxiiwwan ijoo ta'anii qorannoo kanaaf barbaachisan ammoo, hawaasa kana keessatti waan argamaniif, maalummaa isaanii, gosoota isaanii, akkamitti akka taphataman, faayidaa isaaniifi yoomessa raawwii isaanii xiinxalluuf gumaachi inni qabu guddaadha. Ragaa sirrii mata duree qorannoo kanaan walsimu argachuuf ammoo, namoota aanaa kanaa keessaa isaan kallattiin waa'ee tapha ijoollee waliin walitti dhufeenya cimaa (muuxannoo waa'ee tapha aadaa ijoollee irratti qaban) qorachuun dhimma murteessaafi ijoodha. Kanaaf qoratichis wantoota aadaa hawaastiin walqabate irratti qorannoo gaggeessuuf ammoo, gosa qorannoon ittiin gaggeeffamu keessaa qorannoo ibsaa gargaarameera.

Odeeffannoo karaa qorannoo qulqulleeffataatiin sassaabachuuf meeshaa mijataan mata duree qorannoo kanaatiif ta'u ammoo:- daawwannaa, af-gaaffiifi gaafii gareetiin kallattiin hawaasicha keessatti argamuun iddattootairraa funaannachuun gadi fageenyaan ibsa. Qorannoo aadaa hawaasaatiin walqabate gaggeessuun hawaasicha barsiisuu bira darbee waan haaraa hawaasicha irraa baruuf carraa guddaa uuma jedha, (Spradley 1979). Mata dureen qorannoo kanaas qorannoo aadaa hawaasaa jalatti ramadaman keessaa isa tokko. Qorannoon akkanaa kun ammoo, haala jiruufi jireenya hawaasa sanaa gadi fageenyaan waan calaqqisiisuuf, hirmaataa daawwachuudhaan, haala sochii isaanii ilaaluu, gaaffii afaanii gaafachuun, suuraa kaasuun, sagaleen woraabuufi yaadannoo qabachuun, dhuma irratti ragaalee funaannaman kanneen gadi fageenyaan xiinxallee tokko tokkoon adda baasee ibseera. Kanaaf qorannoon kunis waanuma hawaasicha keessatti argamu baasee waan ibsuuf gosa qorannoo ibsaati.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo qaama qorannoon irratti gaggeeffame kan ilaallatuudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2011:64) irratti “Qorannoon tokko irraawwatama qaba. Kunis namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuufi kan “irratti raawwatame” gaalee jedhu irraa adeemsa suphuutiin uumame.” Jedha. Akka yaada kanaatti qorannoon tokko qaama irratti raawwatamu qaba jechuudha. Qorannoon kunis ijoollee Oromoo godina Arsii Lixaa Aanaa Kokkossaa jiranirratti kallattiin kan gaggeeffame waan ta’eef irraawwatamni isaa ijoollee Godina Arsii Lixaa Aanaa Kokkossaati.

3.3. Madda Ragaalee

Qorannoo gaarii yookaan bu’a qabeessa ta’e tokko gaggeessuuf, odeeffannoo madda ragaalee sirrii ta’an gargaaramuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, adeemsa qorannoo kanaa keessatti madda ragaa tokkoffaa ta’anii odeeffannoo kan kennan, hawaasa aanaa kokkossaa keessaa isaan irracaalatti hubannoofi muuxannoo tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan irratti qabaniifi kan biraa immoo ijoollema dhimmi kun kallattiin ilaallatutu madda ragaa qorannoo kanaati. Akkasumas, ragaalee adda addaa waajjiri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Kokkossaa waa’ee tapha ijoolleerratti barreessan sakatta’uun akka madda odeeffannoo 2^{ffaatti} galma gahiinsa qorannoo kanaatiif fudhatamanii jiru. Qorannoo kanaaf immoo madda ragaa qabatamaa ta’uu kan danda’u madda ragaa tokkoffaadha. Madda ragaa tokkoffaa qorannoo qulqulleeffataa keessatti gargaaramuun ammoo qorannicha baay’ee bu’a qabeessa taasisa.

3.4. Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Iddattoo sirrii ta’e tokko haala mata duree qorannoo tokkoof mijatuun filachuun qorannoo gaggeeffamaa jiru bu’aa akka qabaatu taasisa. Sababni iddattoonni filatamaniif ammoo, qorataan baasii humnaa ol ta’eefi yeroo isaa qusachuudhaaf iddattootti gargaarama. Haaluma kanaan qorataan tokko qorannoo gaggeessu tokkoof iddattoo filachuuf mala adda addaatti gargaaramuu danda’a. Tooftaan kunis haaluma amala qorannoo kan qorataan adeemsa qorannoo isaa ilaalee akka isaaf mijatutti filatuudha. Dastaa (2013:132) Trochim (2006) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, “Sampling is the process of selecting units (e.g., people, organizations) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our results back to the population from which they were chosen.” Akka yaada kanatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota

ykn qaamota jamaa sanaa fudhatanii itti gargamuudha. Akkaatuma kanaan namoonni iddattoo mata duree qorannoo kanaa ta'anii filatamuu danda'anis, kallattiin dhimma tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan beekaniifi kan itti hirmaataniidha. Mata dureen qorannoo kanaas aadaa wajjiin kan walqabate waan ta'eef, qoratichi mala iddattoo akkayyooitti gargaarameera. Sababni isaas qoratichi, deebistoota yookiin odeef-kinnitoota dhimma kanarratti muuxannoofi beekumsa qaban kaayyoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uudhaan xiyyeeffannoon ykn itti yaaduun waan filateef tooftaa kana gargaarame.

Qorannoon kun sadarkaa aanaa tokkootti kan gaggeeffameedha. Aanaan kunis gandoota 25 ofjalaa qaba. Kanaaf gandoolee aanichaa mara keessaa ragaa funaanuun rakkisaadha. Sababoonni isaas: gabaabina yeroo, humnaa, fageenya gandootni walirraa qaban, taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan aanicha keessatti argaman baay'een isaanii gandoota adda addaa keessatti walfakkeenya qabaachuun isaanii fa'a ragaaleen gandoota muraasa keessaa akka funaanaman taasisaniiru. Kana keessatti odeeffannoon dhimma mata duree tapha aadaa ijoollee keessaa kanneen sochii qaamaatiin walqabatan irratti bakka ijoolleen loon itti tiksaniifi mana barumsaa keessatti yeroo isaan taphatan iyyaaffachuun erga mirkaneeffameen booda bakka sanatti argamuun mala daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee taasifameefi namoota muuxannoofi beekumsa dhimma tapha ijoollee irratti qaban irraa wallitti qabame tokkoo tokkoon isaanii bakka itti qaaceffamee dhiyaateedha. Adeemsa kana keessatti suuraafi viidiyoo waraabuun ragaaleen barbaachisan kan walitti qabamaniidha.

Haala kanaan qoratichi gandoota 8 keessaa namoota muuxannoofi beekumsa mata duree qorannoo kanaarratti qaban dhiira 15fi dubartii 4, walumatti namoonni 19 mala kaayyawaan afgaaffii qorannichaatiif yoo filataman, Malli lammaffaa qoratichi itti gargaarame immoo, mala iddatteessuu walhimaa yookaan darbaa dabarsaati. Malli kunis, kan qoratichi ragaa isaa namoota dhimma mata duree kanaarratti hubannoofi odeeffannoo gahaa qaban mala iddatteessuu akkayyooitti gargaaramee erga argatee booda, nama itti aanee ragaa kennuu danda'u walhimaa yookaan waleeruudhaan namicha isa dura odeeffannoo kenne irraa ka'ee gandoota baadiyaa 8 keessaa dhiira 5fi dubartii 1 walumatti namoota 6 mala kanattii gargaaramee af-gaaffiif filateera. Walumaagalatti namoonni 25 af-gaaffii qorannoo kanaatiif qoratichaan filatamanii odeeffannoon irraa funaanamee jira.

3.5. Mala Odeeffannoon Ittiin Sassaabame

Galma ga'iinsa qorannoo tokkoo keessatti odeeffannoon bakka guddaa qaba. Odeeffannoon kunis maddeen garaa garaa irraa argamuu danda'a. Odeeffannoo maddeen garaa garaa irraa argamu kana immoo meeshaalee funaansa odeeffannichaaf irra caalatti filatamaa ta'etti fayyadamani addaan baasuun itti fayyadamuun irra caalaa qorannoo gaggeeffamu sana bu'a qabeessa taasisa. Qorannoo qulqulleeffataan aadaa hawaasa tokkoo gadi fageenyaan ilaalee dhugaa tokko bira gahuuf, mala funaansa ragaalee garaagaraatti gargaaramuu qaba. Mal li odeeffannoo mata dureen qorannoo tokkoo ittiin sassaabamu, haala mata duree qorannicha sana irratti hundaa'a. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011:71) Denscobe (2007:294) wobeeffa chuun akka jedhetti,

To arrive at generalized conclusions, whatever from they take, the researcher needs interpret the data and make significant decisions; these key decisions are prioritizing certain parts of the data reducing. The number of codes, categories and themes, developing ahierarchy of codes, categories and themes, moving to wards key concepts and comparing the new generalized conclusions with alter native theories or explanations.

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, mala odeeffannoon ittiin funaanamu akka barbaachisummaa isaatti gosa gosaan kaa'uun itti fayyadamuudha. Haaluma kanaan qoratichis haala armaan olitti ibsame kana bu'uura godhachuun tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan hawaasa keessatti mul'atan kana, bifa qulqullina qabuun argachuuf tooftaalee armaan gadii kan akka:- daawwannaa, af-gaaffii, gaaffii garee, yaadannoo fudhachuu, sagalee woraabuufi suuraa kaasuu fayyadamee odeeffannoo isaa funaannatee jira. Odeeffannoowwan suuraafi sagaleen fudhataman boqonnaa afur jalatti qaacceffamuun gara barreeffamaatti deebi'anii ibsis itti kennameera.

3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo qulqulleeffataa ittiin sassaabamu keessaa isa tokkoodha. Kunis bakka dhimmichi sun kallattiin itti raawwatamu dhaqanii biratti argamuufi keessatti hirmaachuun kan hubataniidha. Akkasumas daawwannaan tooftaa odeeffannoon qab atamaan yoomessa dhugaa keessatti raawwatu irraa guuramuudha. Kana ilaalchisuun, Solomo on (2004:18) "Qualitative observations are those in which the researcher takes field notes on the behavior and activities of individuals at the research site" jedha. Yaanni kun kan ibsu, daawwannaan tooftaa qorataan dirree qorannoon isaa irratti xiyyeeffatu deemuun odeeffannoo

ittiin funaannatu akka ta'e addeessa. Akkaatama kanaan gandoota baadiyaa Torbaafi ganda magaalaa tokko kan mana barumsa sadarkaa tokkoffaa ofkeessaa qabu walumatti qabaan gandoota saddeet (8) qoratichaan filataman irratti yeroo kenname keessatti dhimma bahuun ha ala kanaa gadiitiin daawwannaan kallattiigaggeeffameera.

Gaaffileen af-gaaffis yeroodhuma armaan gaditti kaa'ame kanatti gaafatamuudhaan odeeffannoon kan fudhatameedha. Kunis akkaatuma jedhame kanaan gaafa guyyaa 21/7/2009-23/7/2009 tti ganda Heebanoo irratti, gaafa guyyaa 25/7/2009-27/7/2009tti ganda Hoogisoo irratti, gaafa guyyaa 28/7/2009-30/7/2009tti ganda Duulaa irratti, gaafa guyyaa 02/8/2009-04/8/2009tti immoo ganda Hora Sabbuu irratti, gaafa guyyaa 05/8/2009-09/8/2009tti ganda Guutuu Mana Barumsa sad. 1^{ffaa} Guutuu irratti, gaafa guyyaa 10/8/2009-12/8/2009tti ganda Dayyuu Daalattii irratti, gaafa guyyaa 13/8/2009-15/8/2009tti ganda Bokoree irratti, gaafa guyyaa 16/8/2009-17/8/2009tti ganda Haroo Shifaa irratti adeemsifameen kan walitti qabameedha. Daawwannaan taasifame daawwannaa kallattii ta'ee, yeroo taphni kun ijoolleen taphatamaa turettiidha.

Akkasumas, yeroo daawwannaan kun adeemsifamaa turetti, iddoo daawwannaadhaan ifa hintaanetti gaaffileen hincaaseffamin dhimmicha ifa taasisuuf yaadannoon tokko tokko fudhatameera. Dabalataanis, yeroo taphni ijoollee kun taphatamaa ture, akkamitti akka taphatamuufi meeshaaleen taphni kun irraa qophaa'u suuraan isaani kaafameera. Qabxiiwwan armaan olitti eeraman kanniin bu'uura godhachuun qoratichi, yommuu ijoollonni bakka loon tiksanitti, naannoo mana jireenya isaaniittiifi mana barnootaatti tapha kana taphatan bakka sanatti argamuun yoomessa uumamaa keessatti ragaa sirrii sassaabateera.

Akkasumas kanneen yoomessa uumamaa keessatti argachuun hindanda'amne taphoota akka: adaabbaa baalee, ruxii, tililloo, winciriirroo, waldhaansoo, diibiyyoo, korboo, utaalchoofi sadiiqaa fa'aaf qoratichi yoomessa nam-tolchee uumachuudhaan ragaa sassaabateera. Haala kanaan qoratichi daawwannaa daawwate kanarraa, meeshaaleen taphoonni ijoollee sochii qaamaa irraa qophaa'an maal akka ta'e, taphoonni kun haala kamiin akka raawwataman, seera isaan hordofaniifi, sochiin taphicha irratti mul'atu fa'a kan akkamii akka ta'e addaan baafateera.

Odeeffannoon kan funaaname irra caalaa yeroo armaan olitti tuqame kana keessatti haata'uu malee hanga gaafa odeeffannoowwan funaannaman dhufanii walfakkeenya agarsiisaniitti yookaan irra deddeebii agarsiisanitti funaansi ragaalee hindhaabbanne. Kanaaf odeeffannoowwan funaannamuu kan dhaaban gaafa isaanumti duraan funaannaman irra deebi'anii mul'ataniidha.

3.5.2. Afgaaffii

Meeshaalee funaansa ragaalee keessaa, af-gaaffiin kan biroo yommuu ta'u, innis mala qorataan tokko iddatto isaatiin wal argee odeeffannoo afaaniin gaafachuun fudhatuudha. Kunis ta'uu kan danda'u qoratichi dursee gaaffii qopheeffachuun gara odeef-kennitootaatti deemmuun gaaficha dhiyeessaaf. Barbaachisummaan mala kanaas, ragaa karaa daawwannaatiin argame dhugoomsuuf kan taasifamuudha. Yaada kana ilaalchisuun, Goldsten (1964:104) "Interview data includes information on what the informant, believes, expects, feels, wants, does or has done or which explains or gives reasons for any preceding" jedha.

Haaluma kanaan, qoratichi, odeeffannoowwan haala raawwiifi faayidaa tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan jedhaman argachuuf gaaffii mata duree qorannichaatiin walsima tu gaaffilee caaseffaman qopheessuun bakka qorannoon kun itti adeemsifamutti mala iyyaaffannootti gargaaramee namoota aanichaa keessaa kanneen dhimma qorannoon kun irratti adeemsifamu irratti hubannoofi muuxannoo qabaniifi ijoollota tokko tokko akkaataa taphichi itti taphatamu ilaalchisee akka ibsa kennangaafachuun mala kanatti dhimma bayeera. Kanaan walqabatee qoratichi gaaffilee kanneen akka, tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan jedhaman warra kam fa'a?, taphoonni kun yeroo akkamii keessatti taphatamu?, bakka kamitti taphatamu? taphoonni kunneen ijoolleedhaaf faayidaa akkamii qabu?, wantootni tapha aadaa ijoollee kanarraan dhiibbaa geessisan jiruu? kan jedhaman fa'a gaafachuun as irratti odeeffannoo argateera. Gaaffileen qorataan dhimma itti baye gaaffilee caaseffaman 9fi isaanis gaaffilee banaati. Yeroo kanatti bakka ifa hintaanetti gaaffiiwwan hincaaseffaminitti, dhimma bahuun yaada dabalataas argateera.

3.5.3. Afgaaffii Marii Garee

Mata duree qorannoo fookiloorii ta'e tokko gadi fageenyaan qorachuuf, gaaffii dhuunfaan dhiyaatuun alatti af-gaaffiin qophaa'ee bifa gareetiin deebiin dhimmicha irratti akka kennamu gochuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qoratichi namoota iddattoof filataman keessaa

hojjattoota mootummaa kanneen waajira aadaafi tuurizimii aanaa Kokkossaa keessa hojjetan 6fi barsiisota mana barumsa sada. 1^{ffaa} keessatti daree dhuunfaa barsiisan 4 mana barumsa sadii irraa walitti qabuun wolumatti qabaan namoota dhiiraa 10 kanneen dhimma tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kana irratti muuxannoofi beekumsa qaban jedhamaniif yeroo garaagaraatti gaaffii garee 9 dhiyeessuun odeeffannoo sassaabateera. Gaaffii marii garee qoratichi isaaniif dhiyeesse keessaa: akka naannoo kanaatti tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan jedhaman warra akkamiiti?, faayidaan taphni kun ijoolleef kennu maal fa'a?, taphoonni ijoollee amma nuuf eertan kunneen maal maal irraa qophaa'u?, fi taphoonni kunneen gara fuuladuraatti cimee akka itti fuufuuf maaltu godhamuu qaba jettu? Kan jedhan yoo ta'an akkaatuma gaaffichaatiin odeeffannoon argameera. Walumaagalatti, afgaaffiin dhuunfaafi gareef qophaa'e 18 yommuu ta'u, innis namoota 25f dhiyaateera.

3.6. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Malli mata dureen qorannoo kanaa ittiin qaacceffamu, mala akkamtaa yookaan hiikaati. Sababniisaas, jalqaba meeshaaleen odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaaname mala (daawwannaa, marii gareefi afgaaffiin) waan ta'eef odeeffannoon haala kanaan funaaname immoo mala akkamtaatiin gadi fageenyaan hiikuufi xiinxaluun waan qaacceffamuuf, qoratichis mala kanatti fayyadamuun ragaalee sassaabaman gadi fageenyaan xiinxaluufi hiikuudhaan kan raawwatameedha. Kunis ta'uu kan danda'u, jalqaba, odeeffannoo afgaaffii qophaa'een namoota hawaasa kana keessatti muuxannoofi odeeffannoo dhimma tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatin walqabatan irratti qabaniifi waajira Aadaafi Turiziimii irraa funaannamu walitti qabuun, karaa biraatiin immoogaaffii garee barsiisota manneen barnoota sad. 1^{ffaa} irra barsiisan irraa odeeffannoon qoratichaan funaaname akkaataa sagantaa isaatiin akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

Ragaaleen sassaabbaman kan mata durichaan walqabatan: qulqullini, sirrummaa, guutummaafi walqabatiinsi isaanii cuunfamee mirkanaa'eera. Ragaawwan kaayyoo qorannich aatiin walhinqabanneefi hanqina qaban immoo, battalumatti keessaa qulqullaa'aniiru. Haaluma kanaan akkaataa gosa gosa isaaniitti qoqqooduun isaan mata dureen wal qabatan gam-tokkoon isaan mata dureen walhinqabanne immoo gama biroon kaa'uudhaan ragaawwan kunniin bifa barreeffamaatiin qindaa'anii kan ibsamaniidha. Karaa daawwannaatiin ragaa sassaabame ilaalchisee, bakka odeeffannoon kun qulqullinaan itti argamuu danda'u kallattiin

abbaa dhimmaa bira deemuun, odeeffannoo kallattii yommuu ijoolleen taphoota garaagara a taphatan sagaleefi suuraan woraabbameera. Odeeffannoowwan sagaleefi suuraan fudhataman kunneen, tartiiba gochaafi yaada isaanii eeggachuun qindaa'anii barreeffamatti jijjiiramuun ibsamaniiru.

Boqonnaa Afur: Qaaccessa Odeeffannoo

Boqonnaa kana jalatti xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e haala raawwiifi faayida tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan aanaa kokkossaa ta'ee, akaakuu taphoota kanaa, akkaataa taphoonni kunniin ittiin qophaa'an, qaama tapha kana qopheessu, yoomessa taphoonni kunniin keessatti raawwataman, haala raawwii taphichaafi faayidaan inni qabu keessatti kan qaacceffamee dhiyaateedha.

4.1. Tapha Ijoollee Sochii Qaamaatiin Walqabatan

Hiikni maalummaa ijoolleetiif kennamu akkuma hawaasaatti garaagarummaa niqabaata. Akka hawaasa naannoo kanaatti ijoolleen horii tiksuu kan jalqaban immoo, naannoo woggaa 7^{ffaa}fi mana barumsaa kan seenan immoo yemmuu waggaa 8fi 9^{ffaa} isaanii irraa jalqabaniiti. Kanaafuu akka hawaasa aanaa kanaatti ijoolleen umrii 7-14 gidduu jiran yeroo isaanii kan dabarsan irra caalaa tika loonii keessatti waan ta'eef taphoonni kunniin kan taphataman immooirra caalatti ijoolloota kanaaniidha. Haala kanaan ijoolleen woggaa 7 gadi jiran daa'imman waan ta'aniif taphoota kana taphachuu hindanda'an yoo jedhaman, kanneen umrii 14 ol jiran immoo dargaggeeyyii jedhamuudhaan taphoota kana taphachuu bira darbaniiru jedhamu.

(Af-gaaffii Taammiraat Gammadaa 26/072009)

Maalummaafi gosoota tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan ilaalchisee ragaan iddaatoota irraa argame akkaataa itti aanuun ibsameera. Akka Obboo Badhaasaa Buttaafi Obbo Jabal Zarfuu ganda Bokoree irraa af-gaaffii gaafa (27/07/09) irratti ibsanitti taphoonni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kanneen yemmuu taphataman sochii qaamaatiin deeggaramanii taphataman ykn kanneen yemmuu taphataman sochiin qaamaa (hurruubummaan) irratti mul'atu yoo ta'an gosootni tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan aanaa kokkossaa keessatti baay'ee beekamoo ta'an kan akka, utaalchoo lafarraa, kan bishaan irraa, shururoo, winciriirroo, tun maal ishiin, ruxii a'uu, bishaan daakuu, farda walafoo qabuu, bijammirii, adaabbaa baalee, tirgaa, saddiiqa, buruntii, takii, haadarra utaaluu, korboo woraanuu, diibiyyo diiboo, woldhaansoofi kkf," jedhan. Kanuma bu'uura godhachuun gosoonni taphoota ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan isaan asii olitti tarreessanii akkaataa haala yeroo taphataman walfakkaataniin, faayidaa isaan ijoolleef kennaniin, bakka taphoonni kunniin itti taphatamaniifi haalli raawwii isaanii akka armaan gadiitti walduraa duubaan

ibsamaniiru. Haaluma Kanaan odeeffannoo daawwannaafi afg-aaffii adda addaa irraa argame irratti hundaa'uun taphoonni kunniin haala ittiin taphatamaniin bakka shanitti qoodamuun dhiyaataniiru. Tokkoo tokkoo isaanii jala gosoota taphaa garaagaraatu jira. Isaanis:

4.1.1. Taphoota Sochii Utaalchaa Ofkeessaa Qaban

Gosti taphoota kanaa yommuu taphataman gara gubbaatti, gara fuulduraatti, gara dalgaattiifi akkaatuma taphichi ajajuun kallattii barbaachisutti sochii utaalchaa agrsiisaa kanneen taphatamaniidha. Yeroo utaalumu kana immoo seera ittiin bulmaata tapha sanaa, sarara taphichaa akkasumas, tartiiba barbaachisus eeggachuudhaan kan taphatamuudha. Faayidaan taphootni kanneen ijoolleef qaban immoo qaamni isaanii akka jabaatuufi dandeettii utaalchaa akka baraaniif salphatti isaan gargaara. Akka odeeffannoo itti gaafatamaan waajira aadaafi turiizimii aanaa kokkossaa Obbo Taammiraat Gammadaa (af-gaaffii 5/8/09) ibsanittiifi daawwannaa bakkeewwan garaagaraatti godhame irraa hubatametti taphoonni kunniin kan akka: haadarra utaaluu (wozaawwazoo), utaalchoo lagarraa, lafarraa, uleerra utaaluu fi bijammirii fa'a ofjalatti qabata.

4.1.1.1. Utaalchoo

Utaalchoon, tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan beekamoo ta'an keessaa tokko ta'ee, tapha yeroo ammaa ispoortii ammayaatiif bu'uura ta'eedha. Taphni kun haala woldorgommii hoo'aan gidduu ijoolleetti kan adeemsifamu yommuu ta'u, baay'inaan tapha worra dhiiraa jedhamee beekama. Sababnisaas, tapha humna gaafatu ta'uuisaa odeeffannoo (daawwannaa gaafa 14/08/09) ganda Bokoree keessatti taasifame irraa hubachuun danda'ameera. Taphni kun gosa adda addaa sadiin taphatama. Isaanis: utaalchoo lafarraa, kan bishaan irraafi utaalchoo uleerraa of jalatti hammata.

4.1.1.1.1. Utaalchoo Uleerraa

Utaalchoo uleerraa kana ijoolleen ulaagaa mataa isaanii kaawwachuun eenyutu caalaa utaaluu danda'a isa jedhuun miira woldorgommii cimaa wolkeessatti kakaasuun taphatu. Haalli ittiin taphatan immoo, ulee lama wolcinaa gadi fageessanii dhaabuun ulee biraa sadaffaa ammo, ulee lamaan lafatti dhaabbatan sana addaan qabuun lafarraa ol ka'iinsa hanga naannoo mudhii isaanii bira gayutti tilmaamuunitti qabsiisanii irra utaaluu. Bakki tapni kun itti taphatamu bakka ijoolleen loon itti tiksaniifi naannoo mana jireenyaattis ta'ee, lafa dirree yookaan diriiraa, irra

caalaa lafa gooba yookaan goodda qabu jalatti ulee dhaabuudhaan. Sababiin isaa irraa gadee utaa luudhaaf waan isaanii salphatuufiidha.

“Akka odeeffannoo Obbo Isheetuu Alamaayyoo (af-gaaffii 22/07/09) wajjiin taasifameen ibsanitti, tapha kana dabaree dabareen utaa lu. Yeroo utaa lu kana inni ulee ishee ulee lamaanitti dalga irkifamte tuqee kuffise moo’ameera jedhamuun taphaan ala yoo ta’u; Kan osoo ulee hintuqin utaa lee darbe immoo moo’ateera jedhamuun ulee dalga jiru ol butuun taphni itti fuufama. Kanaaf seerri tapha kana keessatti eeggamuu qabu osoo ulee hinkuffisin utaa lanii darbuudha. Yoo hundumti isaaniyyuu utaa lanii irra darban immoo ulee gidduu uleewwan lamaanii jiru sana hanga tokko ol kaasuun yeroo lammataaf waldorgommii taasisu. Haala kanaan tapha kana kan moo’ateefi moo’atame addaan baasuuf, maloota lama fayyadamu. Inni duraa taphicha dabareen waan utaa laniif, yoo hundumtuu walqixa utaa lu ulee gidduu jiru yeroo yeroon ol butaa qabsiisuu yoo ta’u, inni lammaffaan immoo, hunduu yeroo tokkoof gubbaa irraa gadi yoo utaa lu, itti aansuudhaan ammoo gadii ol utaa luudhaan dandeettii abbaa isa caaluu addaan baasu. Suuraawwan kanaa gadiis yaaduma armaan olii kana gabbisu.



Suura 1. Ulee irra utaa lamuuf qophaa’e.



Suura 2. Yemmuu dabareen utaa lu.



suura 3. Mucaa utaa lee qilleensarra jiru.

4.1.1.1.2. Utaalchoo Lafarraa

Akkuuma utaalchoo uleerraa, utaalchoon lafarraas humna guddaa kan gaafatuufi innis ulaagaa ittiin taphatamu kan mataa isaa kan qabuudha. Akka odeeffannoo daawwannaan gaafa (03/08/09) ganda Horasabbuuttiifi af-gaaffii Obbo Waabee Sinbiruu wajjiin guyyuma kana taasifame irraa argame mul'isutti, jalqaba ijoolleen tapha kana wajjiin taphatan wolii galteen lafa isaaniif mijatu bakka tikaattis ta'ee naannoo mana jireetti barbaadatu. Kunis lafa marga qabu, lafa jiidhaafi lafa midhaan itti dhayame yookaan ayiidame filachuun namni tokko dursee utaalee 'shinge, bakka ani gale kanatti naaf galaa' jechuudhaan worra hafanitti shingifata. Kanaan booda worri itti shingifatame immoo bakka inni ka'umsa godhatee utaale sana milikkita itti godhachuun bakka inni itti gale sanatti kan gale shingee of irraa buuse yookaan injifateera, kan achi gayuu dadhabe immoo, moo'atameera. Seerotni tapha kana keessatti hordofamuu qaban immoo, bakka murteeffame qofarraa utaaluu, bakka jedhame sanarra qubachuufi wanta mallattoo ta'ee taa'e sana irra ijjaachuufi bira darbanii utaaluu dhabuu fa'a.

Haaluma kanaan hundi isaaniituu walitti shingifataa bakka itti galanis fuuldurumatti dheereffataa kan hunda caalaa utaalee sad. 1^{ffaa}, kan itti aane 2^{ffaa}, 3^{ffaa} jechuun woldorgommii isaanii itti fuufu." Ibsa armaan olii kana suuraawwan armaan gadii ilaaluun caalatti hubachuun nidanda'ama.



Suura 4. Yemmuu utaaluu ka'u.



Suura 5. Mucaa utaalee qilleensarra jiru.



Suuraa 6. Yemmuu utaalee lafa bu'u.

4.1.1.1.3. Utaalchoo Bishaan Irraa

Akkuma utaalchoo lafarraafi uleerraa utaalchoon bishaan irraas, ijoollee baadiyaa biratti baa'inaan kan beekamuufi humna guddaa gaafatuudha. Akka odeeffannoon daawwannaan gaafa 30/07/09 ganda Duulaa irratti taasifame agarsiisutti, jalqaba ijoolleen tapha kana taphatan bakka lagni utaalchaaf tolu filatu. Kanaan booda inni tokko akkuma utaalchoo lafarraa 'Shinge falattee hinqalattu kutaa abbaa keetii galtee hinfudhattu bakka ani galetti naaf gali' jechuudhaan dursee utaala. Akkas jechuun bakka ani amma utaalee galu kanatti utaaltanii naaf galuu qabdu; yoo dadhabdan ammoo injifatamtanii jirtu jechuudha. Haala kanaan isaan hafanis utaaluun bakka inni itti gale yookaan bu'e sanatti galuudhaan dabareen taphatu. Akka daawwannaa kana irraa hubachuun danda'ametti ijoolleen tapha kana yeroo bishaan daakanii raawwatan waan itti qorruuf akka qorri irraa baduufis jedhanii lagarra fiigaa utaalaa taphatu. Akkaatuma kanaan akka humna isaaniitti dabaree dabareen wolitti shingifataa bakka lagichi gabaabbatu irraa gara lagni addaan fagaatuutti dheereffataa utaalaa taphatu. Bakkuma mucaan jalqabaa utaalee itti shingifateen utaaluun fa'a seera tapha kana keessatti eegamuu qabuudha. Haaluma kanaan kan bakka lagichi addaan fagaatu utaale moo'ataafi kan utaaluu hindandeenye immoo moo'atamaa ta'a jechuudha. Suuraawwan itti aananis karaa daawwannaatiin bakka ijoolleen horii tiksan irraa kan fudhataman ta'anii yaaduma armaan olitti ibsaman kana caalatti ifa taasisu.



Suuraa 7. Yemmuu gareen utaaan.



Suuraa 8. Erga bishaan daakaan booda yemmuu utaaan.



Suuraa 9. Mucaa dursee utaalee shingifatu.



Suuraa 10. Kan itti shingifatame yemmuu utaalu.

4.1.1.2. Wazaawwazoo Taphachuu

Wazaawwazoon gosa tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa kan saala lamaanii taphatamu ta'ee, yeroo baay'ee garuu ijoolleen shamarranii kan taphatan akka ta'e, odeeffannoo (af-gaaffii 22/07/09) ganda Heebanoo Mana Barumsa Tulluu Gaduudaa keessatti barattuu Bunee Shaanqoofi ganda Haroo shifaa keessatti guyyaa biraa Obbo Hiikoo Kirriiwoliin taasifame irraa hubachuun danda'ameera. Taphni kun ijoollee lamaa hanga afuriin bakkuma isaaniif mijatetti kan taphatamuudha. Meeshaan inni irraa qophaa'u haada yookiin hoofee weessii yommuu ta'u, ijoolleen lama gamaafi gamana yookaan fuullee woli lamaan dhaabbatanii haada sana gara kallattii tokkootti lafa bira geessaa xinnoo ishee garuu lafa hanqisanii naannessu. Haaluma kanaan ijoolleen taphaaf qophaa'an haala lamaan taphachuu danda'u. Tokkoffaan, dabaree eeggatanii utuu haada kanatti hinbu'in yookaan hintuqin ariitiin yeroo haadni lafarra gayu irra utaaluu jalqabu.

Kanaan booda hanga haadni sun gubbaarra naanna'ee dhufutti dhaabbatanii eeguudhaan yeroo haadichi lafa miila isaanii jala gayu, miila isaanii jalaa ol kaasuun yookaan irra utaalun haada of jala dabarsaa taphatu. Abbaan haada tuqe taphicha addaan kutee keessaa baha jechuudha. Haalli biraa taphni kun ittiin jalqabu, ijoolleen wol duukaa lamaa hanga afurii ta'anii bakka haadichi lafa tuqu sana dhaabbatanii ijoolleen haada naannessitu akka isaan irra naannessuun taphichi jalqabamu godhu. Ammas isaan keessaa yoo namni tokko haadatti bu'e, taphaan ala ta'a jechuudha. Daawwannaa guyyaa gaafa 22/07/09 ganda baadiyaa Mana Barumsa Tulluu Gaduudaa keessatti taasifameen, tapha kana ijoolleen yeroo taphatan akkaataan taphichi itti taphatamu akka armaan gadiitti mul'ateera.



Suura 11. Yemmuu gareen taphatan

Suura 12. Yemmuu mucaan haadarra darbaa jiru.

Akka odeeffannoo Obbo Taammiraat Gammadaa (afgaaffii 05/08/09) fi daawwannaa yeroo adda addaatti taasifameen hubatametti, faayidaan ijoolleen taphoota kanarraa argatanis jiru. Taphoota kanneen irratti sochiin qaamaafi morkiin irratti godhamu taphoota ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kanneen biroo caalaa daraan kan irratti mul'atu waan ta'eef jabina qaama ijoolleetiifi dandeettii utaalchaa gonfachiisuuf taphoonni kunniin baay'ee gargaara jedhan. Akka yaada kanarraa hubatamutti ijoolleen taphatti gargaaramanii dandeettii fiigichaa, utaalchaafi jabina qaamaa salphatti baratu ykn argatu.

4.1.2. Taphoota Sarara Eeggachuudhaan Taphataman

Taphoonni kunniinis sochiidhuma qaamaa agarsiisaa kan taphataman ta'anii, sarara isaanii eeggachuudhaan sarara daangaa taphichaaf kaa'ame osoo hintuqin sarara jedhame sana irra dhaabbachuun fudhachuufi darbachuun gara fuula duraatti yookiin gara duubaatti deeddeebi'aa kan taphatamuudha. Akka daawwannaa gaafa (13/8/09) ganda Bokoree irratti

gaggeeffameen mul'atuttiifi jiraataa ganda kanaa kan ta'an barataa Caalaa Bulloo ibsetti, sararri isaan eeggataa taphatan kunis akka manaatti, akka daangaattifi akka ulaagaatti kan ilaallamuudha. Kan seera kana cabse, fakkeenyaaf sararicha irra ejjateefi meeshaa ittiin taphatuun sararicha tuqe taphaan ala taasifamaa kan immoo seera kana hunda eege taphicha itti fuufa. Taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan haala kanaan taphataman kan akka: bijammirii/merexee/, tirgaa, buruntiifi korboo darbachuu fa'a jedhan. Caalatti ifa gochuuf suuraawwan itti aananii dhiyaatan ilaaluun nidanda'ama. Suuraaleen armaan gadii yaaduma kana ifa taasisuuf kan dhiyaataniidha.

4.1.2.1. Bijammirii Taphachuu

Taphni bijammirii (merexee) jedhamuun beekamu kun, gosoota tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa isa tokko ta'ee, mana barumsaas ta'ee bakka tika looniifi mana jireenyaatti miila tokko lafa hanqisanii hokkoluudhaan miila tokko qofaan sarara qophaa'e keessa utaalaa, yeroo kaan immoo, miila lamaaniinuu sararoota eeyyamamu keessa ejjataa kan taphatamuudha. Taphni kun saala lamaaniinuu kan taphatamu ta'ee, garee ijoollee lamaafi isaa ol of keessaa qabuun taphatama. Akka odeeffannoo shamarree Dureettii Bulloo wojiin (afgaaffii 20/08/09) taasifameefi daawwannaa guyyaadhuma kana ganda Bokoree keessatti taasifameen yommuu ijoolleen tapha kana taphatan hubatameera. Akkaataan taphni kun itti taphatamu, bakkaa bakkatti garaagarummaa akka qabu daawwannaa bakka adda addaatti taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

Haata'uu malee, akka daawwannaa guyyaa jedhame kana irraa hubachuun danda'ametti, jalqaba ijoolleen taphaaf qophaa'an lafa wolqixxaayaa ta'e filatanii faltii loonii fuudhanii nama sararuu danda'uun sararootni roga afur ta'anii gidduu gidduu isaaniitti kutaa kutaa qabantu qophaa'u. Sararootni qophaa'an baay'inaan 8 hanga 10 yommuu ta'an kan ittiin taphatan immoo ulee jalli isaa qara qabuuniidha. Sararootni ijaaraman kunniin maqaa dhuunfaa isaanii qabu. Isaan jalqaba irraa kanneen gidduu osoo hinmuramin hafan 'mana' jedhamu. Isheen manneen kanatti aantee jalqaba irratti gidduu muramte immoo 'maskootii' kan maskootii kanatti aanee argamu tokko immoo 'falfalo' yoo jedhamu kan gara dhumaatti gidduu kutamee mul'atu immoo 'mangee' jedhamuun beekamu. Taphicha jalqabuuf dursa dabaree waliif kennu. Akkaatuma kanaan jecha 'bijammir' jedhu namni dura dubbate dursee tapha jalqaba jechuudha.

Haala kanaan dabaricha jalqaba fudhachuuf daddafee mucaan tokko bijammir jechuudhaan dabaree 1^{ffaa} yoo qabatu, kanneen hafan walduraa duubaan Biqaxxil, Bisallis, Bicarris, Bishaan woraabo, Mana haro jechuudhaan waliif hiru. Yommuu jalqabanus akkuma taphoota biroo akk aataa ittiin jalqabamu qaba. Kunis jalqaba mucaan dabaree tokkoffaa argate jedhe sun, ulee qara qabu sana qabatee dhiyaachuun ulicha darbatee mana jalqabaa keessa erga woraanee booda miila tokko ol qabatee miila isa hafe sanaan immoo mana uleen woraane sana irra utaaluudhaan kan itti aanu keessa miila tokkoon ejjataa akkasumas miila tokkoon hokkolfataa itti fuufuun bakka maskootii jedhaman sana immoo miila lamaaniinuu keessa ejjataa dhumarra yoo gayanis akkasuma ofirra naanna'ee duubatti deebi'a. kanaan booda haaluma jalqaba gara fuulduraatti deeme sanaan gara duubaatti deebi'uun ulee sana akkuma miila tokkoon dhaabate sanatti buqqifatee utaalee gara alaatti baya.

Akkaatuma kanaan yeroo lammataas mana itti aanee lammaffaa irra jiru woraanee irra utaaluun yoo ofduuba deebi'u ammoo ulee sana fudhatee gara alaatti bayuun hanga mana hunda woraanee xumurutti taphata. Yeroo taphatan ammoo seerotni hordofamuu qaban, osoo taphataa jiranuu miilaan sarara irra yoo ejjatan, uleenis sarara irra yoo woraananiifi gatantaranii miila lamaaniinis bakka eeyyamameen ala yoo ejjatan badeera yookiin gubateera waan jedhamaniif taphaan ala ta'uun abbaa itti aanuuf dabaree kennu. Haata'uu malee bakki maskootii jedhaman durumaayyuu hara galfachuuf miila lamaaniin akka irra ejjataniiif waan tolfamaniif yoo ishee bira gayan miila lachuunuu keessa ejjatanii sokondiif foorfatu. Haaluma kanaan namni gubatee taphaan ala ta'es, yeroo dabareen isaa naanna'ee itti deebi'u bakkuma irratti gubate sana irraa sirreessee taphicha itti fuufa. Akkanumaan yoo kallattii dura jalqabeen manneen hundaa woraanee xumure kallattii jijjiirachuun haaluma duraatiin mana hunda woraanee irra utaalee erga xumuree booda, gara alatti bayee ija isaa dunuunfachuun ulee sanaan darbachuun mana tokko woraana.

Haalli kun 'mana bituu' waan jedhamuuf mana tokko biteera jechuudha. Kanaan booda taphicha itti fuufee taphachuun yoo mana bitate bira gaye akkuma maskootii, luka lamaaniin mana isaa kanas keessa ejjata. Worri kuun garuu mana isaa bira yoo gayan irra utaaluu. Wonti hubatamuu qabu garuu mana bituun kan danda'mu tapha tokko taphatanii yoo xumuraniiifi mana bituu kan danda'u ammoo, nama sirritti taphicha danda'uufi seera isaa hunda eeggataa taphatuudha. Haala kanaan inni seera taphichaa hunda eeggachuun mana baay'ee bite

dureessa (abbaa mana baay'ee) kan itti aanee mana muraasa bite ammoo, abbaa mana muraasaa yookaan 2^{ffaa}, 3^{ffaa} akkasumas hiyyeessa bondee jedhanii sadarkaa waliif kennuun taphicha xumuru. Suuraawwan kanatti aananis yaaduma ibsame kana gabbisu.



13. Yeroo isaan mana (sarara) ijaaran

Suuraa 14. Yeroo isaan dabaree waliif kennan.



Suuraa 15. Yeroo darbatee mana waraanu.

Suuraa 16. Yemmuu okkolfataa taphatu.

4.1.2.2. Korboo Woraanuu

Korboo taphachuun waan tokko akeekkatanii yookaan qiyyeeffatanii woraanuu (rukutuu) kan ijoollee barsiisu waan ta'eef, tapha baay'ee barbaachisaadha. Akka odeeffannoo dargaggoo Taarikuu Yaayyoo (af-gaaffii 30/07/09) irraa argameefi daawwannaa guyyama kana ganda Hoogisoo irratti bakka ijoolleen loon tiksanitti adeemsifameen taphni kun hawaasa naannoo kanaa biratti bal'inaan hojiirra oolaa kan tureefi yeroo sanatti ijoolleedhaaf bu'aa guddaa buusaa kan tureedha. Haata'umalee yeroo ammaa kana bal'inaan kan hinmul'anneefi sadarkaa irraanfatumuu irra kan jiruudha. Meeshaan taphni kun irraa qophaa'u gaalee muka irratti baatu kan funyoo (haada) fakkaatu jabaataa muranii bifa geengoo fakkeessanii maruun erga hidhanii

booda hoofee (haada) worqii yookaan weessiitiin geengoo sana irra naannessanii qaama ishee hunda furdisuun akka goommaa konkolaataa fakkeessanii maru.

Kanaan booda ulee muka irraa murame jala isaa luluma yookaan hankaassee fakkeessanii erga qaranii booda isaan darbatanii woraanaa taphatu. Akkasumas akkaataa taphni kun itti taphatamu yoo ibsan, taphni kun tapha nama afuriifi hanga saddeetii giddutti taphatamuufi lafa diriiraa irratti kan taphatamu ta'ee, gareen namootaa yookaan ijoollotaa kun kallattii lamaan jechuun yoo 8 ta'an afuri afuriin yoo 4 ta'an ammo lama lama ta'anii xinnoo walirraa fagaatanii kallattii faallaa wolii hiriiraan dhaabatu.

Kanaan booda garee tokko keessaa namni tokko harka laallachuuf (shaakalaaf) uleesaaharka bitaatti qabatee korboo harka mirgaatiin gara garee lammaffaatti akkas jedhee darbata. “Korboon bukkee, bukkeen maseena, fardatti aseena, kan bukkee woraane abbaansaa bukkeedha” jedhee yoo darbate ishee kana hinworaanan. Kana booda haala haaraan irra deebi'ee taphicha jalqabuuf darbata. Yeroo kana gareen darbatameef sun akkaatuma tartiibaan dhaabbatan sanaan korboo sana ari'anii hanga isheen isaan bira dabartutti osoo isheen gadi hinciisin osoo konkolaachutti jirtuu ulee sanaan dabaree eegatanii darbatanii woraanu. Ijoollota hiriiraan dhaabbtan keessaa tokko yoo woraane kanneen hafan hinworaanan; garema kana keessaa namni biraa lammaffaa yoo waraane batteesse jedhama.

Akkuma jedhame garee korboon darbatameef keessaa namni tokko yoo woraane, kana booda garee korboo achii as darbatetu dhufanii woraanuuf “dooyaa (dooyisi)” jedhanii yoo gaafatan warri gaafataman ammoo “booyaa (boochisi)” jedhuun. Dooyaa jechuun dhufee waraanuu? jechuu yoo ta'u, boochisi jechuun immoo eeyyeen yoo dandeesse koottuu waraani jechuu ta'a. Kana booda gareen dooyaa gaafate bakkuma dhaabbatanii turanii darbatanii woraanuu yaalu. Bakka kanaa darbatanii woraanuu yoo dadhaban miila mucaan duraa dhaabbatee woraane sana irra dhaabbatanii darbatu. Bakka kanas dhufanii woraanuu yoo dadhaban ilma ofirratti lakkaa'atanii gara bakka isaaniitti deebi'uun taphicha haala haaraan itti fuufu. Haala woraansa korboo kana keessa geengoo korboo keessa loosuufi qaama ishee cinaa qofa woraanuunis qabxii hinargamsiisu. Qaama ishee cinaa qofa woraanuun shotaa jedhamee tuffatama. Shotaa woraane jechuun sirritti hinworaanne jechuudha. Ammas osoo gareen sun bakka isaaniitti hindeebi'in qabxii biroo itti lakkoofsisuuf jedhanii ariitiin akkas jechaa korboo sana isaan faana darbatu: “Worrattiin mana hinjirtu; Tan jirtu konsoofi qorsoo haafixxu jedhu”

jedhan. Akka daawwannaa guyyaa kanaa irraa hubatametti, wolaloon kun kan ibsu namni korboo darbatame sana woraanu karaarra jira; manatti hingalle, kanneen jiran immoo kanneen korboo woraanuu danda'an osoo hintaane namoota nyaata nyaachuu danda'an qofa jechuudha. Gareen kuunis ilmaan isaan irra jirtu ofirraa fixuuf korboo dabaree isaanii fudhatanii darbachuu qabu.

Haala kanaan gareen baay'ee woraanuun ilmaan hedduu argate moo'ataafi gareen woraanuu dadhabuudhaan ilmaan garee faallaa isaanii ofirraa ajjeesuu dadhaban immoo moo'atameera jedhama. Dhumarra gareen moo'ate wolaloo, Tumaa allaa, tumaa allaa, Nuti tumaan gallaa isin tumadhaa ballaa, jedhu kana faarsaa korboo sanaan dugda dugda isaanii keessa rukutuuf yoo ari'an isaan moo'ataman jalaa dheessuudhaan taphichi xumurama. Suuraawwan kanaa gadiis yaaduma kana ibsu.



Suura 17. Yemmuu korboon darbatamu.



Suura 18. Yemmuu mucaan korboo darbatame Waraanu.



Suura 19. Yemmuu darbatee dhabu.



Suura 20. Yemmuu dooyaa walwaaman.

4.1.2.3. Tirgaa Taphachuu

Taphni tirgaa darbachuu jedhamu gosa tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan bakka tika looniitti ijoolleen taphatan kan aanaa kanaa keessaa tokko yommuu ta’u, ijoollee dhiiraa qofaan kan taphatamuudha. Akka odeeffannoo (daawwannaa gaafa 04/08/09) ganda Hora Sabbuu keessatti taasifameen ibsametti: akkaataan taphni kun itti qophaa’u, jalqaba lafa xinnoo ishii irraa gadee ta’e yookaan waan akka karaa bal’aa marga ofirraa hinqabne kan irraa gadee jiru ilaallatanii bakka tokko haranii bareechisuun boolla gabaabduu bakka sanatti qotu yookaan baasu. Meeshaaleen tapha kanaaf barbaachisan kan akka: callee, qulfii woyaa moofaa, saantima, qorkiifi dhagaa battee guddini isaa giddu galeessa ta’e tokko fa’aadha. Kanatti aansuun boolla sana irraa hanga meetira lamaa fageessanii bakka dhaabbatanii meeshaalee kanniin gara boolla qophaa’e sanaa darbatan waan tokko kaayuudhaan milikiteeffatu.

Meeshaalee maqaan isaanii tuqame kanniin keessaa dhagaa batteen jedhame sun ‘manshii’ jedhama. Manshii jechuun tapha kana keessatti meeshaalee eeraman kaawwan darbatamanii boollatti osoo hingalin yoo hafan kan ittiin dhayanii boolla qophaa’etti ittiin galchaniin jechuudha. Taphni kun garee nama lamaa hanga shaniitiin taphatama. Haala kanaan wontoota kanniin bakka milikiteeffatan kana irra dhaabbachuun gara boollaatti darbatanii keessa buusuun taphatu. Akkaatuma amma jedhame kanaan ijoolleen hunduu meeshaalee kanniin tokko tokko fudhatanii jalqaba mana bulu. ‘Mana buluu’ jechuun hundi isaaniituu meeshaalee mataa mataa isaanii kanniin kaasanii ‘gicellee achii na hinkaafu’ jedhaa dabaree dabareen gara boollaatti darbatu. Kana jechuun bakka bule sanaa namni biraa meeshaa isaa kanaan meeshaa koo yoo rukutes ani bakka koo gadi hindhiisu jechuudha. Yeroo kana inni tokko boolla keessa, kaan immoo naannoo boollaa yoo buusan, kan boolla keessa buuse 1^{ffaa}, kan boollatti baay’ee dhiyeessee buuse 2^{ffaa}, kan itti aansee dhiyeesse 3^{ffaa}, 4^{ffaa} fi kan dhumaa ‘mace’ jechuudhaan dabaree taphaa woliif kennu.

Haata’uumalee yeroo tokko tokko nama lamatu boolla keessa bula. Yeroo kana inni jalqaba boolla keessa bule manaa naaf bayi waan jedhamuuf isa lammaffaa boolla keessa bule jalaa bayee irra deebi’ee darbata. Innis yeroo lammaffaaf yoo boolla keessa bule dabaree isaa manaa baasee irra deebisee bulcha. Yeroo haala kanaan namoonni boolla keessa bulan

deddeebisanii wal-baasan isaan boollaala ala bulan immoo, bakkuma jiranii gara boollaatti wajaalaa siqaa deemu. Kana booda namni dabaree 1^{ffaa} argate meeshaalee shananuu fudhatee bakka irra dhaabbatanii darbatan sana dhaabatee tokko tokkoon gara boollaatti darbata. Yeroo kana hammi tokko boolla keessa bu’u. Kanneen boolla keessa osoo hinbu’in hafan immoo tokkos ta’u lama hanga danda’ameef manshiin dhahuuf dhumarra manshicha itti darbata. Manshiin darbatame kun immoo meeshaaleen biroo boolla keessa osoo jiru boollichaa keessa yoo bu’e, ‘haqqisiise’ jedhama. Haqqisiisuun kanneen boolla keessa bu’anis irra deebi’amanii akka mucama sanaan darbataman taasise jechuudha. Manshiin kun boolla keessa seenuu dhiisee kanneen ala jiran keessaa tokko yoo rukute garuu mucichi kan dhayameefi kanneen boolla keessa buufamanis yoo jiraatan fudhatee taa’a. Karaa biraatiin manshiin kun yeroon inni meeshaa kana dhayee irra ciisu jira.

Yeroo kana ‘gubateera’ waan jedhamuuf meeshaan sun akka hinnyaatamnetti lakkaa’amuudhaan fuudhamee ittiin taphatamaan. Tapha kana keessatti meeshaalee kanniin hundaa malaan darbatee namni boolla keessa naqe manshicha lafatti darbatee hundaa waan nyaateef fudhatee deemuu danda’a. Yeroo liqeessuufi liqeeffachuunis nijira. Jechuun yoo mucaan tokko meeshaa hundaa nyaatee ijoolleen kuun immoo, meeshaa biroo kan ittiin taphatanhinqabne ta’e liqeesseefi akka isaan taphicha itti fuufanii taphatanii meeshaa isaa deebisaniif gochuu jechuudha. Yeroo tokko tokko ammoo akka carraa ta’ee akka waan waliif qoodaniitti meeshaalee kanniin tokko tokko qofa nyaatan jira. Inni kun ‘waanniin ka’uu’ jedhama. Jechi kun jecha afaan amaaraa fakkaataa hiikni isaa immoo ‘namni hunduu waan ofitiin gale’ jechuudha. Meeshaalee kanniin akka salphaatti boolla keessa buusuuf immoo mala mataa isaanii fayyadamu.

Innis boollichi lafa irraa gadee ta’e irratti qotamuu, meeshaalee yeroo darbatan boollaala gubbaarra yoo buusuun konkolaatee keessa akka bu’u gochuu, kan biraa ammoo sirritti ilaalanii yookaan qiyyeeffatanii boollichatti darbachuufi qulfii irratti biyyee laaffisanii akka yeroo darbatamu konkolaatee keessa bu’u gochuun fa’a maloota isaan itti fayyadaman keessaa isaan muraasa. Namni bakka irra dhaabbatanii haa darbataniif qophaa’e sana bira darbee darbates taphaan ala taasifamuun seera tapha kanaati.

Malootaafi haala amma asiin gubbatti jedhaman kanneen fayyadamee meeshaalee kanniin yeroo tokkoon darbatee namni boolla keessa buuse meeshaalee hundaa waan nyaateef moo'ateera jedhama. Suuraawwan armaan gadiis yaaduma kana ifa taasisu.



Suuraa 21. Boolla taphichaaf qophaa'e.



Suuraa 22. Bakka dhaabbatanii darbatan.



Suuraa 23. Yemmuu mana bulan.



Suuraa 24. Bakka bulan yemmuu ilaalan.

4.1.2.4. Buruntii Taphachuu

Taphni buruntii jedhamuun beekamu kunis, tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa tokko ta'ee, ijoolleen saala lamaaniituu bakka loon itti tiksanittis ta'ee mana barumsaatti kan taphataniidha. Akka odeeffannoo daawwannaan gaafa guyyaa 14/08/09 ganda Guutuu mana barumsa sad. 1^{ffaa}Guutuu keessatti taasifame mul'isutti, taphni kun lafa diriiraa ta'erratti kubbaa woyaa moofaa irraa hodhameen kan taphatamuudha. Akka daawwannaa guyyaa kanaa irraa hubatametti taphni kun garee nama afurii hanga jahaatiin kan taphatamuudha. Akkaataan taphni kun itti taphatamu ammoo dursanii ijoolleen lafa diriiraa jedhame kana irratti wolitti siqanii garee lamatti erga qoodamanii booda gidduu isaaniitti addaan fageenya meetira sadi gayu hanbisuun bakka irra dhaabbatan ammoo mallattoo

“milikita” woyii godhatu. Bakka mallattoo jedhamee kaa’ame kana darbanii dhaabbachuus ta’ee darbanii nama rukutuun taphaan ala isaan taasisa.

Kana booda gareen lachuu bakka mallattoo kaayatan kana irra dhaabbachuun fuulaan wal ilaalanii dhaabbatu. Kana booda garee tokko keessaa mucaan kubbaa harkaa qabu yeroo sadi ‘buruntii’ yoo jedhu gareen faallaa ta’e ammoo yeroo sadiinuu jalaa qabanii ‘zii’ yoo jedhan mucaan kubbaa harkaa qabu sun garee faallaa ta’e sana keessaa maqaa nama tokkoo yaamee kubbaa darbatee harka isaa irra buusuun jalaa of duuba fiiganii badu. Yeroo kana mucaan maqaan isaa yaamame sun kubbicha qilleensa irratti adamsee qabuun hanga tokko faana fiigee nama tokko keessaa rukuta. Ammas gareen rukutame kun kubbaa barbaadanii hanga sarara warri kuun irra dhaabbatanii bira gayanii deebisanii garee kaan keessaa nama tokko rukutu.

Yoo rukutamuu baatan garuu deebisanii kubbicha hindarbatan. Mucaan jalqaba kubbaan darbatamee itti kenname kubbaa darbatee nama tokkollee rukutuu yoo dadhabe qabxii tokko jedhamee irratti lakkaa’ama. Haaluma kanaan yeroo sadi darbatee yoo dhabe ammoo taphaan ala ta’a. Akkaatuma kanaan namni rukutamu tokkos yeroo sadi rukutamee gareen isaasta’ee inni deebisee rukutuu yoo dadhabe innis taphaan ala ta’a jechuudha. Akkaataa amma jedhame kanaan tapha tokko yoo fixan bakka duraan dhaabbatan waljijjiiraa gareen duraan kubbaa kennaa ture deebi’ee kubbaa fudhataa, akkasumas namni yeroo sadi rukutamee harka deeffatuu dadhabeefi kan yeroo sadi darbatee rukutuu dadhabes taphaan ala taasifamaa taphichi hanga nama lama qofa giddutti hafutti moo’ataafi moo’atamaa addaan baasaa taphatu. Suuraaleen armaan gadiis ganda Guutuu mana barumsa sad.1^{ffaa}Guutuu keessatti yeroo boqonnaa isaaniitti ijoolleen yemmuu tapha kana taphatan karaa daawwannaatiin kan fudhataman yoo ta’an tapha kanaaf ibsa dabalataa kan kennaniidha.



Suuraa 25. Yemmuu kubbaan kennamu. Suuraa 26. Yemmuu kubbaa fudhatee rukutu.



Suuraa 27. Isheen rukutamte yemmuu deebistee rukuttu.

Taphoonni kunniinis akkuma taphoota biroo ijoollotaaf faayidaa garaagaraa qaba. Akkuma hawaasa Oromoo keessatti meeshaaleefi maloota garaagaraatti fayyadamanii, harkaan fagotti diina adda addaa ofirraa qolachuu, bineensa garaagaraa ofirraa ittisuufi ajjeesuun danda'amu ijoolleenis akkuma tapha kana taphataa guddataniin dandeettii harka isaaniin qajeelchani waa tokko darbachuufi waraanuu danda'uu karaan ittiin shaakalan karaa taphoota ijoollee kanaatiin akka ta'e, odeeffannoon daawwannaa yeroo garaagaraa taasifameefi (af-gaaffii 13/08/09) Obbo Nageessoo Bulloofi marii garee barsiisota woliin taasifameen hubachuun danda'ameera. Akka yaada kanaatti ijoolleen taphoota kanniinitti fayyadamanii harka isaani qajeelchani waa darbachuufi adamsuu ittiin baratu.

4.1.3. Taphoota Kallattii Hundattuu Fiiguudhaan Taphataman

Gosoonni taphoota kanaa akka isaan kaanii sarara eeggachuudhaan osoo hintaane kallattiidhuma barbaachisutti deebi'anii waan sana ari'anii qabuuf akkasumas, dandeettii fiigichaaf qaban hundatti gargaaramuun dheessanii jalaa bahuuf yookaan mala fiigichaa barbaachisu fayyadamuun kan taphatamuudha. Akka odeeffannoo itti gaafatamaan waajira

aadaafi turiizimii aanaa kokkossaa Obbo Taammiraat Gammadaa (af-gaaffii 5/8/09) ibsanittiifi daawwannaa gandoota aanichaa garaagaraatti godhame irraa hubatametti taphoonni kunniin kan akka: minnemminneessoo, adaabbaa baaleefi buruntii fa'aadha. Suuraa armaan gadii irraa ilaaluun nidanda'ama.

4.1.3.1. Adaabbaa Baalee

Taphni adaabbaa baalee jedhamuun beekamu kun, tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa isa tokko ta'ee, baay'inaan ijoollee baadiyaa biratti kan beekamuudha. Ha ata'uu malee yeroo tokko tokko ijoolleen bakka loon tiksanitti, mana barumsaafi naannoo mana jireenya isaaniitti nitaphatu. Akka odeeffannoo Aadde Zannabech Kuraa (af-gaaffii guyyaa 29/07/09) ganda Hoogisoo keessatti ibsaniifi daawwannaa gaafa guyyaa 17/08/09 ganda baadiyaa mana barumsa Tulluu Gaduudaatti yeroo ijoolleen barnoota aadaa qaban taphatan irraa hubatamettijalqaba ijoolleen taphaaf wolitti gurmaa'an lafa diriiraa wol qixxaataa fiigichaaf tolu irratti ulee lama wol irraa fageessanii lafatti dhaabu. Kanaan booda garee ijoollee keessaa nama tokko woliigalteen akka isaan ari'ee qabuuf filatu. Haaluma kanaan isa ari'uun ala, worri kuun yeroo tokko gara ulee isa tokkoofi yeroo lammaffaa immoo gara ulee isa lammaffaa dhaqanii harkaan qabachuun yeroo muraasaaf dhaabbatu. Haalli kun 'mana barachuu' jedhama.

Mana barachuun karaa biraatiin fuulduraaf daandii sanarra salphatti akka fiiganiif gargaara. Kanaan booda yeroo isaan ulee lammataa gadi dhiisanii fiigan mucaan ari'us fiigee qabachuu jalqaba. Yeroo ari'u kana uleewwan lamaan kunniin mana waan jedhamaniif nama ulee sana harkaan qabate qabuun dhoorkaadha. Osoo ulee hinqabatin alatti yookaan dirreetti ari'ee yoo qabe, marga jiidhaa kutee mataarra kaayuudhaan 'namoo nama kiyya naaf ta'i' jedha. Kana jechuun namni haala kanaan qabamee akkas jedhame isa ari'u sana gargaaree worra kaan ari'ee akka qabu taasifameera jechuudha. Margi jiidhaan irra kaa'ame sun mallattoo ittiin warra hinqabamin irraa addaan baafameen jechuudha. Ijoolleen fiigan yeroo tokko tokko yoo dadhaban ulee sana qabatani yeroo muraasaaf turu. Yeroo kana mucaan ari'u 'manni isinitti ajaa'e' jechuudhaan akka isaan ariifatanii manaa bayan taasisa. Akka seera tapha kanaatti kan ilaallaman, qabamanii hinqabamne jechuu dhiisuu, mana qabatani yeroo dheeraa turuufi mala osoo hintaane humnaan qabamuu diduun fa'a taphaan ala nama taasisa.

Haaluma kanaan osoo ari'amanii qabamanuu namni tokko kan humna, tooftaa miliquufi dandeettii fiigichaa qabu akkuma ta'e ta'ee dhumarra yoo hafe, isa kanaaf marsaa sadii hanga shaniitu lakkaa'amaaf. Kana jechuun yoo marsaa lakkaa'ameef kanatti osoo hinqabamin hafe, moo'eera jedhamee aangoon akka korma looniitti barooduu kennamaaf. Kana booda innis yeroo torba barodee moo'achuu isaa sagaleen dhageessiffata. Karaa biraatiin immoo, ijoolleen hundi yeroodhuma tokkoon qabamanii yoo dhuman kormi baroodu waan hinjirreef mucaan jalqabarra qabame ari'ee akka qabu taasifamee taphni marsaa lammaffaa itti fuufa. Suuraaleen kanaa gadiis yemmuu ijoolleen mana barumsa keessatti yemmuu barnoota aadaa qaban taphatan kan fudhatameedha.



Suuraa 28. Yemmuu mana baratan.



Suuraa 29. Yemmuu mucaan qabuuf ari'u.



Suuraa 30. Yemmuu qabee marga irra kaayu.



Suuraa 31. Yemmuu mucaan manni isinitti ajaa'e jedhuun.

4.1.3.2. Diibiyyo Diiboo Taphachuu

Diibiyyo diiboon tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa tokko ta'ee, akkaataa itti qophaa'uufi meeshaa irraa qophaa'u kan mataa isaa kan qabuudha. Taphni kun karaa biraat iin maqaa 'takkooyyee' jedhamuunis nitaphatama. Jechi diibiyyos ta'ee takkooyyee jedhame maqaa taphichaaf ijoolleen moggaasaniidha. Haala kana ilaalchisee odeeffannoo (daawwannaa gaafa 02/08/09-04/08/09) ganda Horasabbuu bakka ijoolleen loon itti tiksanitti taphatan irraafi af-gaaffii Obbo Waabee Sinbiruu wajjiin guyyuma kana taasifame irraa akka argametti, taphni kun garee ijoollee afurii hanga torbaatiin taphatamuu akka danda'uudha. Akkaataan itti taphatamus, ijoolleen taphichaaf qophaa'an fuulaan wolitti naanna'anii harka isaanii fuulduratti diriirsuun garaa isaaniitiin lafatti gadi garagalanii gadi ciisu. Kana jechuun bakka ciisanitti miila isaanii gara duubaattiifi harka isaanii immoo wolitti dhiyeessuun gara fuula duraatti akka lakkaa'uudhaaf isaaniif tolutti diriirsanii lafa gayanii ciisu.

Tapha kana kan dura bu'aa ta'ee taphachiisu isaanuma keessaa inni tokko woliigalteen filatamee ka'ee dhaabbachuun ulee yookaan harcumme qalloo harkatti qabachuun isaan harka diriirsanii ciisan harka harka isaanii irra xixiqeessee rurrukutaa lakkaa'uu itti fuufa. Namni taphachiisu kun jechoota yookaan wolaloo itti gargaaramee lakkaa'u qaba. Haata'uu malee gandaa gandatti garaagara. Akka daawwannaa gandoota garaagaraa irratti taasifameetti, wolaloon tapha kana ittiin taphachiisan haala lamaan mul'ata. Akka odeeffannoo daawwannaa guyyaa gaafa 28/07/09/ ganda Duulaa irratti taasifame irraa hubatametti, kan taphachiisu wolaloo armaan gadii fayyadamuun taphachiisa. Odeeffannoo argame irraa akka hubatametti jechoonni kuneen akka lakkoofsaatti isaan gargaara malee hiika biraa hinqaban.

Diibiyyo	Diiboo
Dibo	Nooraa
Nooraa	Isgooraa
Isga	Quurxii
Qurxii	Salaalee
Salaale	Leemboo
Leemboo	Kulleentaa
Killa	Waaqaa
Shawwanne	Waagaa

Ijoolleen harka isaanii lamaanuu gara fuulduraatti diriirsanii ciisu. Namni taphachiisu tartiiba eeggachuun osoo irra hinutaalin, diibiyoo diiboo, dibo nooraa, nooraa isgooraa, isga quurxii, quurxii salaalee, salaale leemboo, leembo kulleentaa, killa waaqaa, shawwanne waagaa jechaa lakkaa'a. Abbaan 'shawwanne waagaa' jedhameen harka isaa dursa jedhame sana dhangachuun olsassaabbata. Haaluma kanaan, kan taphachiisu hanga ijoolleen taphaaf qophaa'an harka isaanii ol dadachaafatanii hanga nama sadiitti galanitti itti fuufee taphachiisa. Isaan harka isaanii lamaanuu dachaafatan bakka ciisanii ka'anii bakka biraa taa'u.

Dhumaratti ijoollee sadiin hafan ammoo, haala adda ta'een lakkaa'uun addaan baasuuf lakkoofsi itti fuufama. Haalli addaa kunis ijoollee sadiin boodarra hafan kanniin akka yeroo duraa osoo hintaane kan taphachiisu ulee yookaan harcummee qabatee lakkaa'u sanaan yeroo rurrukutu sirritti jabeessee rurrukutuun lakkaa'uu itti fuufa. Kaayyoon isaa nama tokko dhuma irratti hanbisuudhaan inni ammoo ijoollee duraan carraan jalaa baasee bakka ciisanii ka'anii deeman yoo isaan dhokatan barbaadee akka arguufiidha. Haala kanaan ijoollee sadiin keessaa mucaan dhumarra 'shawwanne waagaa' jedhameen kun hanga ijoolleen deeman jalaa dhokatanitti ija isaa harkaan yookiin immoo woyyaa happii woyiin qabatee ciisa. Yeroo kana ijoolleen dhokachuuf jedhan akka hanga isaan dhokatanitti inni hinilaalleef akkana jedhanii kakachiisuun waadaa galchu:

Ijoollee :	Killeen maali?
Mucaa :	duudaadha.
Ijoollee:	yoo ilaalteef hoo?
Mucaa :	duudee du'a.

Jedhee innis waadaa galaaf. Haala kanaan mucaan ija qabatee rafe sun sagalee isaa ol fuudhee:-ka'uu yoo jedhu, ijoolleen dhokachaa jiran ammoo, yoo hindhokatin ta'e, hinka'in, yoo dhokatanii jiraatan ammoo waan cal jedhaniif mucaan ija isaa qabatee ciiseeru yeroo kana bakka ciisuu ka'ee isaan barbaaduutti qajeela. Mucaa barbaadus ta'ee, kanneen barbaadaman kaayyoon isaanii waldursanii waldhokatanii bakka mucaan rafe sana gayanii harka isaanii lafaan rukutaa dhangachuudha. Kana jechuun mucaan dursee bakka sana gaye harka isaan lafa sana rukutaa harkuma isaa kana dhangate (minneesseera) jechuudha. Maqaan taphichaas minn eminnesoo kan jedhamuuf sababuma kanaaf. Jechi minneessoo jedhu maqaa minnii jedhamurraa dhufe. Minniin immoo raammoo garaa namaa keessatti argamuudha. Akka

isaaniitti siminneesse jechuun minniii garaa keessaa waan qabduuf fiigdee nama barbaaduufi arguu hindandeessu jechuudha. Kanaafuu bakka sana gayanii dhungachuuf fiigichaafi tooftaa dhokachuu waan isaan barbaachisuuf dandeettii fiigichaa qabaniifitooftaalee adda addaa hunda fayyadamanii bakka sana qaqqabuu yaalu. Mucaan barbaadu immoo mala garaagaraa fayyadamee barbaadee yoo arge maqaa nama sanaa waamuun abalu si argeera kuunnoo bakka sanaa koottuu bayi jechaa akka mucichi dursee bakka hingenyeef gara bakka rafee ka'eetti deebi'ee bakkicha dhungata. Osoo innihinargin mucaan barbaadamu, bakka dhokate sanaa ka'ee fiigee bakka sana yoo dhungate immoo, isatuminneesse yokaan injifate jedhama. Kanaaf inni barbaadus ta'ee, kan barbaadamu injifachuuf tooftaafi dandeettii fiigichaa qabaachuun dursanii bakka sana gayuutu isaan irraa eegama.

Akkaatuma kanaan tapha kana keessatti, mucaan barbaadu sun ijoollee barbaadu keessaa walakkaa isaaniitii gadi yoo minneesse, 'harma haadha teetii lammeeffadhu' jedhamee isumatu deebi'ee rafuun taphichi itti fuufama. Harma haadha keetii lammeeffadhu jechuun harmi haadhaa lama waan ta'eef atis tapha kana yeroo lama taphsiisi jechuudha. Yoo akkas gochuu baatte immoo harmi haadha keetii lama osoo hintaane tokkoodha jedhuun. Yeroo kana mucaan sun kana dheefaaf irra deebi'ee taphsiisa. Ijoollee dhokatan keessaa walakkaa isaaniitii ol yoo minneesse yookaan arge immoo, mucaa isa jalqaba irra argametu rafuudhaan barbaadaa isaanii ta'a. Haaluma wal-fakkaatuun, daawwannaa guyyaa adda addaa gandoota adda addaatti taasifameen hubachuun akka danda'ametti seerri taphichaa tokko ta'us, wolaloon ittiin taphatan garaagara ta'uu isaa mul'isa. Fakkeenyaaf: daawwannaa ganda Heebanootti gaafa 21/07/09fi ganda Haroo Shifaatti gaafa 17/08/09 taasifameen akka hubatametti wolaloon taphichaa akkana jedha.

Takkooyyee	lamooyyee
Lamarraan	kuleenaa
Kulakkuu	waadoo
Daabboo	daraboo
Siilee	sililii
Kaarruu	karaamaa

Fiittoo fittiriqi. jechuudhaan lakkaa'aa taphatu. Jechoota kana immoo akka lakkoofsaatti itti gargaaramu. Tapha kana keessatti kan moo'ataa ta'u, isa yoo barbaadus ta'ee dhokatu mala

garaagaraa fayyadamee arguufi kan yeroo barbaadamus sirritti jalaa dhokachuun minneessuu danda’u yoo ta’u, faallaa isaa inni akkuma salphatti argamuu danda’uufi barbaadee baasuu dadhabuun irra deddeebi’ee minneeffamu immoo, moo’atamaa ta’a. Yaadota asiin olitti ibsaman kana suuraawwan kanaa gadiirraa ilaaluun caalatti hubachuun nidanda’ama.



Suura 32. Yemmuu isaan harka walii lakkaa’an.



Suura 33. Yemmuu mucaan rafee warri kuun dhokachuuf deeman



Suura 34. Yemmuu mucaan warra dhokatan barbaadu



Suura 35. Mucaa deebi’ee lafa dhungatu.

Taphoonni kunniinis dandeettii fiigicha ijoollee gabbisuuf bu’aa guddaa akka qaban daawwannaa yeroo garaa garaatti gandoota adda addaa irratti taasifameefi ibsa Obbo Jimmaa Teessoo (af-gaaffii 05/08/09)fi marii garee irratti yaada barsiisotni kennaniin hubachuun danda’ameera. Akka yaada kanaatti, hawaasa kana keessatti ijoolleen dalagaa gara garaatiin maatii isaanii tajaajilu. Isaan keessaa muraasni: fiiganii ergaa dhaquu, fiiganii bineensota midhaan irraa ari’uu yommuu ta’u kana raawwachuuf ammoo fiigicha danda’uutu isaan irra

jira. Faayidaan ijoolleen fiigicha irraa argatan kan biroo immoo, wontoota balaa itti fiduuf jedhan jalaa fiiganii ittiin miliquuf yommuu ta’u, karaa biraatiin ammoo waan barbaadan faana (duukaa) bu’anii ari’anii qabuufis ta’ee, tooftaa balaa isaanitti dhufu jalaa ittiin miliqanii bayan isaan barsiisuu bira darbee, jabina qaama isaaniitiifillee bu’aa guddaa akka qabu addeessa.

4.1.4. Taphoota Taa’uufi Walitti Naanna’uudhaan Taphataman

Gosoonni taphoota kanaa bifa giingoonis ta’ee bifa gamaafi gamana taa’uutiin walitti marsanii, wolitti siqanii taa’uun yookiin akka cinaachaan ciisuu ta’uudhaan gareen kan taphataniidha. Yommuu taphachuuf jedhanis dursa naanna’anii harka wolqabachuun akkasumas, bakkuma marsanii dhaabbatan sana gadi taa’uudhaan taphatama. Akka daawwannaa gaafa guyyaa (29/07/09) ganda Hoogisoo irratti taasifameen hubatametti taphoonni kunniin akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

4.1.4.1. Tun Maali Ishiin?

Taphni ‘kubbaa agartanii’ jedhamu kun yeroo baay’ee ijoollee baadiyyaa loon tiksan biratti bakka guddaa kan qabu yommuu ta’u, ijoolleen mana barumsaatti yeroo boqonnaa isaaniifi barnoota aadaa qaban kan taphatan ta’ee, bakka tika looniittis yeroo tokko tokko akka taphatan ganda Guutuu Mana Barumsa sadarkaa tokkoffaa Guutuu keessatti (af-gaaffii 06/08/09) barsiisaa Bariisoo Diboo kan barnoota aadaa barsiisu waliin taasifamerraa hubachuun danda’ameera. Haaluma wol-fakkaatuun odeeffannoon shamarree Bune Shaanqoo irraa argameefi daawwannaan gaafa 11/08/09 ganda Dayyu-Daalattii keessatti taasifame irraa hubachuun akka danda’ametti, ijoolleen tapha kana yeroo taphatan dursanii bakka dhaabbatanitti bifa geengoo tokko uumu. Kana booda bakkuma geengoo uuman kana miila isaaniirra gadi ququphanu (taa’u). kanatti aansuun isaan keessaa inni tokko ka’ee kubbaa woyaa moofaa yookaan dhumataa irraa hodhame tokko qabachuun duuba duuba ijoollee gadi jedhee akka nama tokkoo tokkoo isaanii jala kaayuu fakkeessaa akkas jedhaa isaan irra naanna’a.

Mucaa:	Tun maali ishiin?
Ijoollee:	kubbaadha. Yookaan ammo:
Mucaa:	kubbaa agartanii? Jedhee yoo gaafatu,
Ijoollee:	hin agarre. jedhanii deebisuuf.

Yeroo kana osoo isaan of irratti hinbeekin mucaan kubbaa harkaa qabu, mucaa tokko jala kaayee, naanna'ee dhufee bakka sanatti yoo deebi'e inni kubbaan jala kaayame sun 'gubateera' jedhama. Namni sun ammoo bakka sanaa ka'ee wolakkaa ijoollee akka taa'u taasifama. Faallaa kanaa ammo namni kubbaan jala kaayame akka jala kaayame beekke dafee kubbicha butatee mucaa fiigaaru sanaan yoo rukute kan rukutametuu gubate jedhama. Akkasumas kubbaa sana darbatee rukutuu dadhabnaan is akkuma gubatetti lakkaa'amee gidduu seenee taa'a. kanaaf yeroo taa'anii jiranitti hundi isaaniituu akka hingubanneef ofeeggannoo taasisu. Akka seeraatti tapha kana keessatti kan ilaalamu, bakka jedhame qofa taa'uu, ofeeggannoo gochuufi yoo gubatan fa'a gidduu seenanii taa'uudha. Haaluma kanaan hanga dhumaatti adeemuun gubataa ta'u. Suuraawwan itti aananis yaaduma kana ibsu.



Suura 36. Ijoollee taphaaf qophaa'an.



Suura 37. Yemmuu kubbaa jala kaa'u.



Suura 38. Yemmuu kan jala kaa'ame ari'u.



Suura 39. Tapha gara dhumaatti jiru.

4.1.4.2. Worarii Taphachuu

Warariin tapha sochii qaamaatiin walqabatan kan ijoollee baadiyaa biratti baay'ee beekamu ta'ee akka taphoota kaanii kan ijoollee qofaan taphatamu osoo hintaane, namoota umrii

kamuu keessa jiraniin kan taphatamuudha. Akka odeeffannoon (af-gaaffii 14/08/09) obbo Isheetuu Alamaayyoo irraa argame mul'isutti akka naannoo kanaatti meeshaan taphni kun irraa qophaa'u, dursanii ijoolleen tapha kana taphachuuf lafa qulqulluu marga giddu-galeessa ofirraa qabu filatanii ulee horii ittiin tiksaniin boolla gaggabaabduu 12 tarree gamaafi gamanaan jaha jaha wolitti dhiyeessanii baasu. Kanatti aansuun dhagaa kubbaa fakkaatu babbareedoo hammi isaanii giddu-galeessa ta'e yookaan firii baargamoo barbaaddatanii tokkoo tokkoo boollaa keessa dhagaa yookaan firii baargamoo afur afur wolumatti dhagaas ta'ee firii 48 naqu jedhan.

Daawwannaa guyyaa 11/08/09 ganda Dayyu Daalattiifi guyyaa 17/08/09 ganda Haro Shifaa keessatti taasifame irraa akka hubatametti taphni kun garee nama lamaa hanga afuriitiin taphatama. Kana jechuun yoo nama lama ta'an mana jaha jaha qabachuun yoo immoo nama afur ta'an mana sadi sadi qabachuun taphatu. Haata'uumalee yeroo baay'ee nama lama lamaan taphatama. Tapha kana keessatti nama taphicha jalqabu addaan baasuuf carraa woliif buusu. Kana booda namni dabaree tokkoffaa argate haala itti taphatuufi eessaa ka'ee eessatti akka galu, akkasumas sadiiqni eessatti akka isa galchu tilmaamee erga beekke booda kallattii harka bitaa isaa irraa gara mirgaatti manneen isaa keessaa sadiiqota mana tokko keessa jiran yaasee harkatti hammaarrachuun boollaawwan itti aananii jiran keessa tokko tokko buusaa deema.

Adeemsi sadiiqqa buusuun jalqabe kun ittuma fuufee sadiiqni dhumarra boolla dhumaa keessa buusan boollichi duraan yoo duwwaa ta'e 'ona bule' jedhamee dabareen nama itti aanuuf kennama. Faallaa kanaa boollichi sadiiqqa of keessaa qaba yoo ta'e ammoo, sadiiqqa takkittii sanas keessa buusuun kanneen boolla keessa jiran yaasanii buusaa adeemuu itti fuufu. Akkasumas mucaan osoo buusaa adeemuu gama nama kaanii irratti mana sadiiqqa sadi qofa of keessaa qabu irra yoo gaye daddafee idduun 'hintuqamu woraaneera' jechuun kan ofii godhata. Kana booda manni kun horii isaa waan ta'eef namni kamiyyuu jalaa hintuqu. Inni immoo osoo taphatuu mana bite kana bira gayee sadiiqni yoo harkaa dhume 'xaci yookaan obaaseera' jedhee sadiiqqa keessa buusee ammas dabaree nama biraaf kenna malee, mana kana yaasee hintaphatuun. Kanaaf sadiiqota achi keessatti kuufaman dhumarra loon ykn horii kiyya jedhee oofata jechuudha. Tapha kana yeroo taphatan namni taphatu mana tokko harkaan qabee yaasuuf jedhee yoo deebise 'kan qabde geessi' jedhamaan. Kana jechuun mana

biraa yaasuun hindanda'amu kanuma yaafta sanaan taphadhu jechuudha. Kanaaf akka seera tapha kanaatti, manuma dura yaasaniin taphachuu, mana namaa tuquu dhiisuufi dabaree eeganii taphachuun fa'a isaan muraasa. Tapha kana keessatti yeroo jalqaban hundi isaaniituu jechuun lamas ta'an afurillee yoo ta'an mana walqixa qoodamu. Inni kun immoo isaan keessatti waan akka hawaasummaa ykn walitti dhufeenya uumuu danda'a. Garuu adeemsa keessa beekumsaafi dandeettii garaa garaatti fayyadamanii inni tokko horii ykn dannaba isa kaanii fudhatee ofii isaa duroomee isa kaan immoo akka hiyyoomu taasisa.

Kana jechuun tapha kana keessatti moo'achuun duroomuu yoo ta'u, moo'atamuun immoo akka hiyyummaatti ilaallama. Kanarraa ka'uudhaan taphni kun ijoollee kan barsiisu beekumsaafi dandeettii qabaannaan qabeenya argachuun salphaa akka ta'eefi faallaa isaa dandeettiifi beekumsa waan tokkorratti qabaachuu dhabuun immoo hiyyummaa akka fiduu danda'uudha. Haala kanaan seerota asiin olitti eeraman kana hunda keessa darbee namni mana baay'ee woraanee horii yookaan dannaba baay'ee kuufate moo'ateera yoo jedhamu, inni dannaba homaayyuu hinarganne ykn xinnoo argate moo'atameera jedhama. Suuraawwan armaan gaditti mul'atan ibsa dabalataa mata duree kanaa kan kennaniidha.



Suura 40. Yemmuu dabaree waliif kennan. Suura 41. Yemmuu mucaan mana yaasu.



Suuraa 42. Yemmuu mucaan saddiiqa buusaa deemu.

4.1.4.3. Takii Taphachuu

Taphni takii taphachuu kun tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa isa tokko ta'ee, saala lamaanii kan taphatamuudha. Taphni kun bakka kamittuu mana barumsaa, bakka tikaafi manaattis taphatamuu danda'a. Akka odeeffannoo daawwannaa guyyaa gaafa 08/08/09 ganda Guutumana barumsa sadarkaa 1^{ffaa} Guutuu irratti taasifame irraa hubatametti, taphni kun dhagaa xixiqqaa babbareedoo kubbaa fakkaatu shaniin kan taphatamu ta'ee, akkaataan itti taphatamu immoo jalqaba lafa marga hedduu of irraa hinqabnetu filatama. Kana booda ijoolleen lamaa hanga afurii saala lamaanii akkuma argamaniin wolitti marsanii erga taa'anii booda akkaataa taa'umsa isaaniitiin mirgaa gara bitaatti dabaree waliif kennu. Karaa biraatiin 'takii duroo durri ana, itti aanso ana, itti aanso ana' jechuudhaanis dabaree qabachuun jira. Kanaan booda namni dabaree tokkoffaa argatedhagaa shanan keessaa tokko ol darbachuun arfan immoo lafatti naqa. Itti aansuun isa oldarbate hanga inni gubbaa gadi deebi'utti dhagaa arfan lafatti naqe keessaa tokko fuudhee kan gubbaa dhufus qilleensa irratti qabata.

Haala kanaan arfanuu lafaa funaanee fixa. Yeroo kana dhagaan ol darbatamu lafa bu'uu hinqabu. Erga tokko tokkoon lafaa funaanee xumuree booda arfan isaanii immoo al-tokkoon dhagaa tokko haaluma duraa sanaan ol darbachuun lafaa hammaaree fudhachuun kan ol darbates qilleensa irratti qabata. Kanaan booda niqayyifata. Akka odeeffannoo obbo Bariisoo Diboo barsiisaa barnoota aadaa kan ta'an (af-gaaffii 23/07/09) irratti kennaniin 'qayyifachuu' jechuun erga sadarkaa yeroo tokkoon dhagaa arfanuu lafaa hammaarachuu bira darbanii

booda, ammas dhagaa shananuu xiqqeessanii ol darbachuun faallaa barruu harka isaanii gubbaa irraan quba isaanii arfan keessaa tokko jalatti gadi baasuun akka dhagaan irra dhaabbatu godhanii irra naqatu. Ammas xinnoo ol darbachuun danda'amnaan hunda isaayyuu ta'uu baannaan immoo, hanga danda'e keessaa barruu harka isaatiin adamsee qabata. Dhagaan haala kanaan qabatame lakkaa'amee ilma hagana jedhee nama isatti aanee taphatu irratti lakkaa'ata. Akkaatama kanaan hanga badutti itti fuufee taphatee osoo oldarbatuufi qayyifatu yoo bade nama itti aanutti dabaree kenna. Fakkeenyaaf osoo qayyifatu dhagaan takka yoo lootee harkaa baate badeera jedhamee dabaree dabarsa. Mucaan itti aanee taphatus haaluma inni jalqabaa taphateen yoo ilmaan namaa of irraa qabaate ilmaan taphatee argatu sanaan of irraa ajjeesaa deema. Yoo ilmaan nama biro of irraa hinqabne ta'e immoo innis nama isatti aanutti ilmaan dhalchee lakkaa'ata.

Mucaan seera tapha kanaa hunda eeggatee taphatee ilmaan 50-70 namatti dhalche nama ilmaan isaa irra jirtu sana 'ciqilee' dhoofsifata. Ciqilee dhoofsisuun immoo qormaata hunda keessa darbuu waan agarsiisuuf moo'achuu agarsiisa. Akkaataa kanaan ciqilee dhoofsisuu jechuun nama ilmaan irraa qabu sana harka guutuu isaa lafarratti akka diriirsu taasisee dhagaa fiixee quba isaa gidduutiifi ciqilee isaa dhumaa bira erga kaayee booda haaluma duraa sanaan dhagaa tokko oldarbatee hanga inni gubbaa deebi'utti dhagaa lamaan kanniin yeroo tokkoon fageenya kanarraa sassaabee kan gubbaas qabata.

Ammas inni ciqilee dhayu, qubbiin isaa gadi cabsuun, tuntuummachuuniifi qubbiin harka isaa akka manaa fakkeessee lafatti dhaabuun mucaan taphatu immoo dhagaa ol darbataa kan lafaa arfan sanniin mana sana keessa galchuun yoo raawwate jechuudha," Jedhan. Haata'uumalee namni sun akka ciqilee hindhoofneef, ilmaan sana daddafee ofirraa ajjeesuun yookaan deebisuun jalaa bayuu nidanda'a. Kanaaf tapha kana keessatti kan moo'atu isailmaan baa'yee namatti dhalchuun haala kanaan ciqilee dhoofsifate yoo ta'u, kan ilmaan baa'yee itti dhalchaniifi ilmaan kana ofirraa ajjeesuu (deebisuu) dadhabe immoo moo'atamaa ta'a. Haala kanaan kan moo'ate,

ii'ii, ii'ii baarree baadhubara nagayaa nyaadhu
Gabbattu si sala yarattu sitti qala

Jechuudhaan akka korma looniitti kan moo'atame sana itti ii'isaa duukaa fiigaa ari'ata. Baarree baadhu jechuun ati kanaa booda haadha manaa tiyya waan taateef meeshaa aananii guddaa qabadhu barri kan nagayaa siif haata'u, yoo gabbatte ykn mifte sitti mooya yoo immoo huqqatte sitti qalee si soora jedhee itti dhaamata. Kana jechuun mucaan ciqilee dhoofsifate sun nama sana ijoollee waan itti dhalcheef akka niitii isaatti ilaala jechuudha. Kanaaf kan inni akka korma looniitti itti ii'isuuf. Karaa biraatiin ii'isuun kun moo'achuu waan agarsiisuuf haadha manaa isaa godhatee akka itti moo'aa jiru agarsiisuuf ii'isa. Suuraawwan daawannaa irraa argaman kanaa gaditti mul'atanis yaaduma barsiisaa Bariisoo Diboo armaan olitti kennan deeggaruudhaan kan cimsaniidha.



Suura 43. Yemmuu gareen taphatan.



Suura 44. Yemmuu qayyifatu.



Suura 45. Yemmuu ciqilee dhoofsisu.



Suura 46. Yemmuu fudhachuuf qophaa'u.

Akka odeeffannoo barsiisonni afur (af-gaaffii garee 25/07/09) kennan irraa akka hubatametti, taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan ijoolleen taphatan kun faayidaa guddaa kan qabu yoo ta'u, kunis dandeettii waa yaaduu isaanii ittiin gabbifatu, safuufi duudhaa

hawaasaa ittiin eegu, wolduraa duuba yaadaafi gochoota garaagaraa ittiin hubatuufi kan kana fakkaatan fa'a.

Fakkeenyaaf tapha takii ilaalchisee, akka odeeffannoo dargaggoo Caalaa Bulloo (af gaaffii 13/08/09)fi hojjatoota waajjira Aadaafi tuuriziimii aanaa kanaa kan ta'an, Obbo Jimmaa Teessoof i Obbo Gammadaa Gadaa (af-gaaffii 5/08/09) ibsanitti namoota gareen taphatan keessaa inni taphataa jiru ilmaan isaa yeroo yerotti shallagaa matatti qabatee osoo hindagatin yoo inni woliin taphatu ilmaan tantee natti baay'atee ciqilee siif dhayaa jedhe gara ciqilee dhoofsisuutti deema.” Jedhan.

Tapha saddiiqaa ilaalchisee immoo, Akka ragaa odeeffannoo Obbo Isheetuu Alamaayyoo (af-gaaffii 21/07/09)tiin addeessanitti taphni saddiiqaas loon wolitti horsiisuufi yaasuu jedhu waan ofkeessaa qabuuf namoonni woliin taphatan loon isaanii shallagaa qabachuu, loon meeqa qabatee mana kamii bayee mana kamitti akka isa galchu dursee herreegee erga beekke booda malee kan mana isaatii bayu osoo kana hinraawwatin miti. Akka isaan jedhanitti taphoonni kunniin tartiiba gochaalee duraa-duubatti, duubaa-duratti jiran sammutti beekuuf, dandeettii waa shallaguufi dandeettii sammutti waan tokko qabachuutiifis isaan gargaara ,” jedhan.

Akka odeeffannoo Barsiisaa Ganamoo Duubee barsiisaa barnoota aadaa kutaa 2^{ffaa} barsiisan ibsanittifi odeeffannoo marii garee hojjatoota W/A/T/ irraa argameen taphoonni kunniin tartiiba laakkofsaa jalqabaa gara guddaatti akkasumas guddaa irraa gara xiqqaatti adeemuun waan shaakalsiisuuf dandeettii waa yaaduu ijoollotaa akka gabbisu (af-gaaffii 21/07/09) irraa argameen hubachuun danda'ameera. Akka odeeffannoowwan armaan oliirraa hubatamutti, ijoolleen tapha sochii qaamaatiin walqabatu kanatti gargaaramanii dandeettii waa yaadachuu, dandeettii waa sammutti qabachuu, shaakala tartiiba gochaaleefi kan kana fakkaatan hunda taphoota adda addaatti gargaaramaniiti argatu.

4.1.5. Taphoota Haala Adda Addaatiin Taphataman

Taphoonni kunniin akkuma maqaa isaanii irraa hubatamutti tokko tokkoon isaanii haala ittiin taphataman kan mataa isaanii qabu. Taphoonni haala kanaan taphatamanis kan akka shururoo, winciriirroo, bishaan daakuu, woldhaansoofi fardaan gulufuu fa'a bal'inaan akka itti aanutti ibsamaniiru.

4.1.5.1. Woldhaansoo Wolqabuu

Tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa woldhaansoon, tapha jabeenya qaama isaanii ittiin argatan keessaa isa tokkoodha. Akka odeeffannoo dargaggoo Huseen Tukee (af-gaaffii 15/08/09) ibsanitti ijoolleen ciminaafi jabina qaama isaanii kan ittiin ibsatan yookaan mirkaneeffatan woldhaansoo lafa diriiraa irratti taphataniin” jedhan. Haaluma kanaan odeeffannoondaawwannaan guyyuma 15/08/09 ganda Bokoree keessatti taasifame akka mul’isutti ijoolleen tapha kana taphachuuf, jalqaba lafa diriiraa erga filataniin booda nama isaan taphachiisu tokko kan umriin worra taphataniin ol ta’e filatu. Namni filame kunis tapha jalqabsiisuuf, dursee marga ‘saardoo’ jedhamu mataa isaa wolitti guduunfuudhaa mana ijaareefii ijoollee woldhaansoo wolqabuuf qophaa’an sana dabaree dabareen gaaffii akkas jedhu kana gaafata. Margi guduunfame sun mana ijaarame jedhama.

Taphachiisaa: Manni kun kan eenyuuti?

Mucaa : kiyya

Taphachiisaa: yoojabaatte situ keessa gala;yoo sodaatte hantuutatu keessatti dhala.

Yeroo kana ijoollee lamaan keessaa inni tokko dursee marga maqaa isaatiin guduunfame sana kutee mucaa kaan irra kaaya. Sababni isaa mucaan dursee marga yookaan manasana kutee mataa isa tokkoo irra kaaye, onnee qaba yookaan goota waan jedhamuufiidha. Kana booda inni margi mataarratti darbame yookaan kaa’ames waan aaruuf taphichaaf ofqopheessa. Haala kanaan harka isaanii bobaa bobaa isaanii jala baasanii yookaan loosanii wol qabachuun miila isaaniitiinis erga sirritti lafatti ejjataniin booda tooftaalee akka: abbaan danda’e hidha isaa wolitti kutuun yookaan gara ofiitti butuun, miila isaanii luka walkeessa galchuun yookaan caasoo walitti maruufi olbutanii gadi deebisuun lafaan woldhahuu yookaan wolkuuffisuuf haala mijeeffachaa taphatu.Karaa biraatiin ijoollee woldhaansoo akka walqabaniif barbaadaman “Woldhaansoo billahaa kan sodaate garaan rimaha” jechuudhaanis akka isaan onnataniin woldhaansoo jalqaban gochuun nidanda’ama. Kana jechuun taphni woldhaansoo akka billahaatti jabaata, namni woldhaansoo kana sodaate immoo, garaa isaatuu baatee hindanda’u; garaa isaa keessa ilmoo ykn waan itti ulfaatutu jira jechuudha.

Mucaan dhiiraa immoo ilmoo garaa keessatti godhachuu waan hindandeenyeef aarii/ xiiqii keessa galuun taphicha keessa seena yookaan salphatti taphicha akka jalqabu taasifama. Tapha woldhaansoo kana keessa ‘Cinoo woliif qabuu’ wonti jedhamus jira. Cinoo woli qabachuu jechuun ijoollee woldhaansoo wolqabatan keessaa tokko humnaanis ta’ee tooftaalee adda addaatiin mucaa kaan irra caalee walfaana yeroo lamaafi sadi yoo lafaan dhaye, namni hiriya mucaa isa deddeebi’ee kufe sanaa ta’e tokko, bakka bu’eefii isa kuffise sana woliin woldhaansoo qabataaf jechuudha. Akkaatuma kanaan kan duraan lafaan gayes dabaree yoo lafaan gayameisaafis cinoon niqabamaaf.

Akka odeeffannoo guyyaa 15/08/09 irraa hubatametti ‘Woldhaansoo jalli lola’ jedhama. Sababni isaa haalli yeroo taphni kun taphatamu keessatti mul’atu adeemsa morkii lola dhugaa fakkaatu waan ofkeessaa qabuufiidha. Seeri eegamuu qabu immoo bakka eeyyamameen ala walqabachuu dhiisuu, osoo sirritti wal hinqabin lafaan walldhayuuf yaaluufi walrukutuun fa’a taphaan ala nama taasisa. Haala kanaan namni hanga dhumaatti osoo lafaan hingayamin ture moo’ataa yookaan kan dhadhaafi aananiin guddate jedhamee gurri guddaan yoo kennamuuf, kan moo’atame immoo, kan bishaaniifi raafuun guddate jedhamee arrabsamaa taphichi xumurama. Haata’uumalee, taphni kun yeroo ammaa hawaasa kana keessatti akka duraanii taphatamaa akka hinjirre odeeffannoo dargaggoo Huseen Tukee af-gaaffii gaafa 15/08/09 irratti kennaniin hubachuun danda’ameera. Ibsa dhimma tapha woldhaansoo irratti kenname ifa taasisuuf suuraawwan kanaa gadii fudhatamaniiru.



Suuraa 47. Yemmuu manni ijaaramuuf.



Suuraa 48. Yemmuu caasoo itti maru.



Suuraa 49. Yemmuu kuffisuuf olbutu. Suuraa 50. Yemmuu mucaan biraa cinoo qabuuf.

4.1.5.2. Winciriirroo Taphachuu

Taphni ‘winciriirroo’ jedhamu tapha ijoollee sochii qaamaatiin wal-qabatan keessaa tokko ta’ee, karaa lamaan taphatamuu danda’a. Akka odeeffannoo (af-gaaffii guyyaa gaafa 27/07/09) ganda Duulaa keessatti Obbo Jaarsoo Waaqayyo ibsanitti, taphni winciriirroo akkaataa lamaan taphatama. Kunis damee mukaa ishee mukicha irraa gadi rarraatu qabachuufi gaalee yookaan waan akka haadaa fakkaatu kan mukarratti maramtee margituun taphatama” jedhan.

i. Damee mukaa qabachuun kan taphatamu

Taphni winciriirroo haala kanaan taphatamu kun, ijoollee dhiiraa qofaan kan taphatamu ta’ee, dame muka tabba gubbaa jiru irraa gadi rarraatee jirtu kan qabachuuf toltuufi akka laayyotti cabuu hindandeenye barbaadaniis gara gooddii oliitti harkisuun qabataniis winciriirratu. Odeeffannoo (daawwannaa gaafa guyyaa 03/08/09) ganda Hora Sabbuu keessatti taasifame irraa hubachuun akka danda’ametti, taphni kun gareen taphatama. Yommuu winciriirratan ammoo akka humna argatanii fagaatanii deebi’aniif mucaan tokko garee sana keessaa karaa duubaa dhaabbatee yoo inni achii as dhufu gara fuul-duraatti deebisee darbachaa kan taphatamuudha. Haata’uumalee dameen mukaa kun citee kufuu danda’u waan jedhamuuf tapha kana yeroo baay’ee taphachuu sodaatu.

ii. Gaalee mukarratti baatee gadi rarraatu qabachuun

Taphni winciriirroo haala kanaan taphatamus, haalliisaan ittiin taphatan isuma damee mukaa qabachuutiin taphatamuun wolfakkaata. Haata’uumalee akka odeeffannoo (daawwannaa 03/08/09) taasifameen akka hubatametti, taphni gaalee qabataniis taphatan kun garuu, akka isa kaanii damee mukaa qabachuun osoo hintaane, gaalee haada fakkaatu kan uumamaan

mukarratti marmee marguun argamu barbaadanii gadi harkisuun akka qabataaf tolutti sirreessanii akkuma tapha isa kaanii gareen wol darbachaa taphatu. Karaa biraatiin tapha kana haada damee mukarratti hidhuudhaan akkuma gaalee kanaa fakkeessuun waan lukaan irra ejjatanis itti tolchuun sirreessanii harkaafi lukaan itti ejjatanii fa'a taphatu. Suuraawwan armaan gadiis bakka tika looniitti yemmuu ijoolleen tapha kana taphatan karaa daawwannaatiin kan fudhataman ta'anii akkaataa itti taphatamuufi gosootuma tapha kanaa caalatti kan ibsaniidha.



Suuraa 51. Yemmuu mucaan darbatamu.



Suuraa 52. Yemmuu darbatamee deebi'u.



Suuraa 53. Yemmuu gareen winciriiratan.

4.1.5.3. Bishaan Daakuu

Bishaan daakuun ispoortii ammayyaa yeroo ammaa addunyaa irratti bakka guddaa qabu kun ka'umsi isaa ispoortii aadaa ijoollee baadiyaa biratti beekamuudha. Haata'uumalee bishaan daakuun tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu isa ijoollee baadiyaa biratti hanga har'aa hindagatamneedha. Kanumaan wolqabatee odeeffannoon daawwannaa guyyaa gaafa 15/08/09 ganda Bokoreefi guyyaa 17/08/09 ganda Haroo Shifaa ijoolleen bakka horii tiksanitti yoo bishaan daakan taasifame irraa akka hubatametti ijoolleen akkuma tapha aadaa ijoollee

sochii qaamaatiin walqabatankanneen biroo gareen ta’anii bishaanis daakaa taphatu. Yeroo taphatan kanas haala adda addaatiin woldorgomaa taphatu. Garee ijoollee kanaa keessaa mucaan tokko “shinge mee akka ani itti daaku kanatti naaf daakaa” jedhee worra kaan xiiqii qabachiisaa daakuu jalqaba. Fakkeenyaaf ededa bishaanii gubbaarraa utaalani bishaan keessa seenuun, bishaan jala dibamaanii yeroo muraasaaf turuu, dugdaan bishaan gubbaa ciisanii daakuu, bakka tokkoon jala seenanii bishaan jala loohuun karaa biraatiin mul’achuu yookaan bahuufi akka Daakkiyyeetti garaachessanii bishaan gubbaa adeemuu fa’aadha. Kanaaf bishaan daakuun kun waan salphaan jalqabee ijoolleen qaamni isaanii akka jabaatu kan taasisuufi addunyaarratti dorgomtoota isaan taasisa. Haala kanaan akkaataa asiin olitti ibsame kanaan kan bishaanicha daake moo’ataa jedhanii kan akkaataa jedhame kana hindandeenyeen immoo, moo’atamaa jedhanii wolonnachiisaa taphatu. Fakkiiwwan asiin gadii kan bakka ijoolleen horii tiksanitti yemmuu bishaan daakaan daawwannaan argaman yoo ta’an yaadotuma armaan olitti tuqaman kana deeggaru.




Suura 54. Yemmuu bishaan seenan.



Suura 55. Yemmuu waldorgoman.



Suura 56. Yemmuu jala dibamuuf qophaa’an.



Suura 57. Yemmuu qarqara irraa utalan

4.1.5.4. Farda Gulufsiisuu

Fardaan gulufuun kanuma nama hundaa yoo ta'eeyyuu ijoollee baadiyaa biratti akka tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabataniitti ijoolleen yeroo hunda kan itti fayyadamaniidha. Ijoolleen fardaan gulufuu kana, yeroo kaan akkuma namoota biroo faayidaa garaagaraatiif itti haafayyadamaniyyuu malee, bakka horii tiksanitti garuu, fardaan gulufuu taphumaaf itti gargaaramu. Akkuma beekamu farda yaabbachuuf meeshaalee baay'eefi haalota garaagaraatu barbaachisa. Haata'umalee akka odeeffannoo daawwannaa guyyaa gaafa 03/08/09 ganda Horasabbuu keessatti taasifame irraa hubatametti ijoolleen taphumaaf jedhanii farda yaabbatu yookaan gulufu.

Kunis ijoolleen jalqaba lafa horii itti tiksanitti bakka fardaan gulufuuf mijatu filatu. Kana booda gareen ta'anii faradoo humna isaaniitii olhinta'in haada yookiin gaalee ta'e woyii barbaaddatanii farda qabanii lafa jedhame sanaan erga gayanii booda haala lamaan dugda fardaa gubbaa bahu yookaan yaabu. Inni tokko qorophsuu yoo jedhamu lammaffaan immoo, garaachessuu jedhama. Qorophsuun haada fardaa qofa qabatanii gara lafa gooddaatti fidachuun yookaan lafuma dirreetti utaalani fardicha irra bu'uu yoo ta'u, garaachessuun immoo, akkuma qorophsuu ol utaaluu naannoo lapheefi garaachaatiin erga fardicha irra ciisan booda, suutuma jedhanii luka shee bitaa dugda fardaa gubbaa baasuun qajeelanii taa'u. Kanabooda tottofatani kan abbaa afoo bayuu haa ilaalluu jedhanii yeroo tokkoon faradoo isaanii gadi itti dhiisu. Taphni kun taphaa humnaafi mala baay'ee barbaachisu waan ta'eef akkasumas ijoolleen irraa kufanii miidhamu jedhanii waan amananiif yeroo baay'ee ijoollee dhiiraa qofatu taphata.

Akkasumas ijoolleen lafa loon tiksanitti wontoota garaagaraa sababeeffachuun farda yaabbatu. Isaan keessaa: wol afoo baasuuf (kan abbaa afoo bahuu beekuuf), horiin yoo jalaa fagaate yookaan midhaaniifi lafa nama biraatti darbe ittiin deebisuuf yookaan dachaasuufi horii bakka tokkoo gara bakka biraatti geessuuf fardaan gulufu. Haata'umalee akka namoota gurguddaa yeroo kana meeshaa fardaaf barbaachisuufi ulaagaa isaa hunda guutaniitii miti. Haala kanaan yeroo fardaan gulufaa taphatan mucaan worra kaan hunda afoo yookaan dura baasuun moo'ate, kanaa booda nidubbattaa? akkas siif godha abbaan booraa!, abbaan daamaa!, abbaan booqaa!, abbaan bulloo!, abbaan daalee!, abbaan hamaraa!, abbaan gurraachaa!, abbaan odolee! atimmoo, galii maxaanaa kee kana itti fe'adhu jechuudhaan itti dhaadatee moo'achuu

isaa ibsata. Kan jechuun fardi keessan/kee kanaa booda gulufaaf ykn morkaaf osoo hintaane itti fe'achuudhaaf ta'a kanaaf moo'anteertaa galiitii farda kana caalu barbaaddadhu jechuudha. Suuraaleen armaan gaditti tarreeffamanis yemmuu ijoolleen farda yaaban, yemmuu isaan gulufuuf waliin marii taasisan, gareen yemmuu waldorgoman, lama ta'anii yemmuu waldorgomaniifi yemmuu isaan adeemsa gulufuu irra jiran hanga tokko kan agarsiisaniidha.



Suura 58. Yemmuu garaachessuun yaaban.



Suura 59. Yemmuu gulufuuf qophaa'an.



Suura 60. Yemmuu gareen gulufan.



Suura 61. Lama ta'anii yoo gulufan.

4.1.5.5. Shururoo Shurfachuu

Taphni shururoo taphoota ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa kan ijoollee baadiyaa biratti baay'ee jaalatamuufi bakka guddaa qabu ta'ee, ijoollee dhiiraa qofaan bakka isaan loon tiksanti kan taphatamuudha. Akka odeeffannoo daawwannaa gaafa 15/08/09 ganda Bokoree ijoolleen bakka loon tiksanti taphatan irratti taasifame akka mul'isutti, taphichi kan irraa qophaa'u, ulee qaamaan qulqulluu furdinni isaa giddu-galeessa ta'eefi lafa ilaalaa gooddiigadi ta'ee marga baay'ee ofirraa hinqabneedha. Akkasumas taphni kun garee nama lamaa hanga afuriitiin taphatama. Haala kanaan ijoolleen yeroo taphatan bakka jedhame kana erga

filatanii booda, ulee fudhatanii goodda sana gubbaa erga gayanii ulicha fuula gara gadiitti qajeelchaniirra taa’anii mucucaatu. Yeroo kana hanga yeroo muraasaaf bitaafi mirgaan harkaan lafa qaqqabatu malee, suuta suuta jedhanii harka isaaniis olsassaabbatanii ulee irra taa’anii gulufu. Haata’uu malee yemmuu shururfataa jiranitti guutamaaguututti lafa qabachuun taphaan ala seera nama taasisu keessaa isa tokkoodha. Ulee kana irra namni lamaas akkaatuma nama tokkoo kanaan taa’anii mucucaachuun nidanda’ama. Yommuu lafa itti dhaabbatan gayan goodii ol waan hindanda’amneef ulee isaanii harkatti baatanii deebi’u. Tapha shururoo kana keessatti moo’ataafi moo’atamaan kan addaan bayu, namni ulee irraa osoo hinkufiniifi deddeebisee harkaan osoo lafa hinqabatin yeroo baay’ee shururfate moo’ataafi kan waan jedhame kana raawwachuu hin dandeenyeefi muraasa qofa raawwate immoo moo’atamaa ta’a.



Suuraa 62. Ulee shururoof qophaa’ee.



Suuraa 63. Mucaa shururfataa jiru.



Suuraa 64. Yemmuu gareen shururfatan.



Suura 65. Yemmu bakka shururootti deebi’an.

4.1.5.6. Bililissaa Taphachuu

Taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu kan tililloo jedhamu kun, nama lamaafi isaa oliin kan taphatamu ta’ee, ijoolleen bakka horii tiksanitti kan taphataniidha.

Akka odeeffannoo dargaggoo Taarikuu Yaayyoo (af-gaaffii 16/10/09) irraa argameefi daawwannaa guyyaa gaafa 12/10/09 ganda Duulaa keessatti taasifameen taphni tililloo kan taphatamu ulee qal'oo qaamni ishee qulqulluu ta'eefi lafa dirree akkasumas lafa horii itti tiksan kan irraa gadee ta'e fa'atu filatama. Kana booda taphichi haala adda addaatiin taphatama. Isaan keessaa tokkoffaan, jalqaba ijoolleen taphaaf qophaa'an ulee mataa mataa isaanii qabatani bakka tokko dhaabbatu. Kana booda mucaan tokkichi 'shinge falattee hinqalattu, kutaa abbaa keetii galtee hinfudhattu ulee teessan bakka ani darbadhee buuse naaf buusaa' jedhee bakka ta'e tokkotti mallattoo ykn agarsiistuu wayii godhee bakka sana irra dhaabbatee humna qabu hunda fayyadamee ulee isaa fageessee darbata.

Falattee hinqalattu, kutaa abba keetii galtee hinfudhattu jechuun, yoo waan amma ani isiniin/siin jedhu yoo raawwachuu dhabde/dhabdan akka dhiiraa sirna kamuu keessatti hinhirmaattu, kutaa abbaan kee yeroo nyaatu siif kennuufi qabeenya inni siif qoodus galtee hinfudhattu, kanaaf waan ani amma jedhu kana naaf raawwadhu/raawwadhaa. Kana booda ijoolleen worri hafan bakka inni dhaabbatee ulee darbate dhaabbatani dabaree dabareen ulee isaanii darbatu. Isaan keessaa kan bakka mucaan inni jalqabaa buuse sana buuse shingee ofirraa baaseera yoo jedhamu, kan achi geessuu dadhabe ammoo, irra deddeebi'ee darbata. Haala kanaan isaan bakka sana buusuu dadhabaniifi bakka mucaan jalqabaa dhaabbatee darbate sana bira darbaniibililiffatan taphaan ala yoo taasifaman, kanneen waliin morkan garuu wolitti shingifataa hanga wal-injifatanitti taphicha itti fuufu. Uleen isaanii yeroo darbatan kana yeroo tokko tokko lafa woraanani dhaabbatu; yookaan immoo lafumaratti kufuu danda'u.

Haalli lammaffaan taphni kun ittiin taphatamu ammoo, ijoolleen bakka horii tiksanitti ulee isaanii mukarraan darbatani qaarisuun taphatu. Kunis dursee mucaan tokko muka dheerina qabu ilaalee ulee isaa mukicha irraan qaarisee darbachuun shingifata. Ijoolleen kuunis akkaatuma kanaan dabaree eeggatanii darbatu. Haala kanaan kan mukarra dabarsee lafa buuse morkataafi kanneen mukarratti fa'a rakkisan moo'atamoo ta'u. Akkaataan taphni tililloo ittiin taphatamu inni sadaffaan ijoolleen garee lama kan baay'ina lama lama yookaan tokko tokko ofkeessaa qabanitti walqoodaniifageenya hanga ta'ee wol irraa fagaachuun ulee isaanii qabatani dhaabbatu. Itti aansuun gareen tokko yookaan mucaan tokko 'tililloo' yoo jedhu garee kaan keessaa immoo 'inna'o' yookaan 'hinna'o' jechuun walitti darbachuun taphatama.

Kana jechuun inni tililloo jedhu si woraanuu jechuu yoo ta’u, kan jalaa qabee inna’o jedhu ammoo atuu hindandeettuu yoo dandeette naworaani jechuu ta’a. Kana booda inni tililloo jedhe ulee isaa itti gadi dhiisa. Gareen darbatame immoo taphaaf jedhanii inna’o jedhan malee, akka uleen isaan hinworaanneef tooftaa garaagaraa fayyadamanii ulee jalaa miliqu. Haata’umalee, kaayyoon isaanii wolworaanuu osoo hintaane, ulee sana darbatanii wolbira buusuudha. Akkaatuma kanaan gareen kuunis dabaree isaanii ulee deebisanii darbatu. Haala kanaan mucaan ulee darbatee garee inna’o jedhe sana bira buuseefi akka isaan ulee jalaa baqachuuf muddaman taasise moo’ataafi haxxee waan jedhamuuf morkiiitti fuufuun yoo taphatan, kanneen kana hundaa hindandeenyeefi bakka sana geessuu dadhaban ammoo, moo’atamoo waan jedhamaniif taphaan ala taasifamu. Suuraawwan kunis yaaduama kana ibsu.



Suura 66. Ulee tililloof qophaa’e.



Suura 67. Yemmuu darbachuuf qophaa’an.



Suura 68. Yemmuu mucaan shingifatu.



Suura 69. Uleewwan darbatamanii lafa bu’an



Suuraa 70. Yemmuu mukarra qaarisuudhaan waldorgomaa gareen taphatan.

4.1.5.7. Ruxii A'uu

Taphni ruxii a'uu jedhu kun gosa tapha ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qabani kan ijoollee baadiyaa biratti beekamu ta'ee, garee worra dhiiraa qofaan kan taphatamuudha. Akka odeeffannoo daawwannaa gaafa (17/08/09) ganda Harooshifaa keessatti taasifame irraa hubachuun akka danda'ametti, tapha kana taphachuuf ijoolleen jalqaba harcummee laxaa muka hindheessaa yookaan gaattiraafi leemman irraa yookaan damee mukkeen jedhaman kanniinii gara fiixee isaanii muranii irraa ciruun qulqulleessu. Kana booda biqiltuu laafaa muka fakkaatu kan hancuurraa jedhamu gaggabaabsuun rasaasa fakkeessanii erga mummuraniin booda harkatti guurrachuun kaan immoo fiixee laxaa kanaatti suuqanii akkuma rasaasaatti dhukaasu (darbatu).

Ijoolleen tapha kana haala garaagaraatiin taphatu. Fakkeenyaaf: yeroo tokko tokko bakka loon tiksaniitti gareen walqoodanii akkuma waan daangaa biyyaa irratti wallolaa jiraniitti waldarbataa haaluma lola dhugaa fakkeessanii taphatu. Yeroo haala kanaan wol lolaa taphatan ijoolleen tokko tokko laxaa kana akka nama meeshaa woraanaa lama qabatee fakkeessanii yoo tokko darbatan tokkoon immoo of eeggannoo gochaa taphatu. Karaa biraatiin immoo ijoolleen tapha kana kan taphatan yeroo jaldeessaafi bineensota biroo kanneen midhaan balleessan mukarrattis ta'eebosona keessaa adamsaa midhaan irraa ittisuufitti gargaaramaniidha.

Taphni kun ijoollee kan barsiisu akkamitti waan tokko qiyyeffatanii akka woraanan (rukutan), akkamitti immoo jalaa akka miliqaniifi yeroo lolaa of eeggannoon barbaachisu kan akkamii fa'a akka ta'eedha. Haata'uu malee yeroo tokko tokko ijoolleen yeroo tapha kana taphatan ofeeggannoo barbaachisu yoo hingoone ta'e, ija wol balleessu jedhamees sodaatama. Garmalee walitti dhiyaatanii walrukutuuniifi hancuurraa osoo hinta'in harcummichaan

walrukutuun fa'a tapha kana keessatti seeraan dhoorkamaa waan ta'eef taphaan ala nama taasisa. Haala kanaan gareen darbannaa sirreeffatee daangaa ofii irraa ari'ateefi kan mukarratti jaldeessa, weenniifi sinbira fa'a rukute 'haxxiyyaa harki ija qabu' jedhamee yoo faarfamu, kanneen kana gochuu hindandeenye ammoo 'badduu harki okkotee keessa oolee bulu' jedhamanii arrabsamu. Kan jechuun namni okkotee keessaa midhaan qotatee nyaate harki isaa qajeelchee waadarbachuufi rukutuu hindanda'u jechuudha.



Suuraa 71. Ijoollee ruxii darbachuuf qophaa'an. Suuraa 72. Yemmuu isaan jaldeessa darbatan

Taphootni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan faayidaalee hanga ammaatti ibsameen alattis ijoolleen tapha taphatan irraa faayidaa akkaataa haala jireenya hawaasummaa argachuu akka danda'an odeeffannoo Obbo Badhaasaa Buttaa af-gaaffii gaafa (27/07/09) irratti kennan irraa hubachuun danda'ameera. Taphni ijoollee akka isaan hawaasummaa baratan taasisa. Kana jechuun ijoolleen yemmuu walitti gurmaa'anii taphatan walgargaaru, walkabaju, walti dhufeenya gaarii uummatu, yaada waliif dabarsu, waldanda'u, yaada walirraa fuudhuun walgorsaa waan taphataniif xiqqeenyummaa isaaniirraa taphatti gargaaramanii akka isaan hawaasummaa baratan taasisa.

Karaa biraatiin taphni ijoollee akka onnatan taasisa. Kana jechuun ijoolleen yeroo taphoota garaagaraa taphatan walmoo'achuufi moo'atamuun waan jiruuf akkaatuma moo'ataa deemaniin fuulduraafis malaafi humna akkamiin nama moo'achuun akka danda'amu walirraa barataa guddatu. Yeroo kana immoo obsas nibaratu. Fakkeenyaaf: osoo taphachaa jiranuu inni tokko yoo moo'ame dabaree isaa obsaan eeggatee malaafi humna qabu fayyadamee moo'ata. Akkasumas taphatti gargaaramanii akkaataa qabeenya horachuun danda'amuunis nibaratu. Kunis kan ta'u yemmuu taphatan beekumsa isaaniitti fayyadamanii meeshaalee ittiin taphatan

sana akka loon horachuufi loon sana immoo walirraa fudhachuun kan irraa fudhate duroomuufi kan irraa fudhatame immoo hiyyoomuu danda’u fa’a barataa guddatu. Akka yaadota kana irraa hubatamutti, ijoolleen taphaan gargaaramanii jiruufi jireenya hawaasaa, mala garaagaraa akka itti namoota faana jiraatan barachuu danda’u.

4.2. Tapha Ijoollee Akkaataa Koorniyaatiin

Mata dureewwan armaan olitti tarreeffaman jalatti akkaataa taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan ittiin qophaa’antu dhiyaate. Kanumaan wolqabatee haalli taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan itti taphatamu kunis seera qabaachuun isaa beekamaadha. Mata duree kana jalatti ammoo, tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan isa kamtu koorniya kamiin taphatama kan jedhutu dhiyaata. Taphoonni taphataman kunniin yeroo baay’ee taphoota gareen taphatamaniidha. Gareen yommuu taphataman ammoo, eenyu fa’atu keessatti hirmaata gaaffii jedhu kaasuu danda’a. Kunis sababni isaa aadaa wajjiin wolqabatee taphoonni safuu ibsaniifi koorniya filatan waan jiraniif. Haaluma kanaan akka naannoo kanaatti ijoollee koorniya kamiitu tapha kami irratti hirmaata, kan jedhuirratti hundaa’uudhaan bakka gurguddoo lamatti qoodameera.

(Af-gaaffii Taammiraat Gammadaa 29/07/2009)

4.2.1. Taphoota Ijoollee Dhiiraa Qofaan Taphataman

Taphoota ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa, taphoonni ijoollee dhiiraa qofaan taphataman nijiru. Taphoonni kunniin baay’een isaanii humna guddaa kan barbaadaniifi diidatti jechuun naannoo manaa irraa fagaatanii bakka ijoolleen horii itti tiksanitti kan taphatamaniidha. Kanaaf ijoolleen shamarranii naannoo mana jireenyaa irraa fagaatanii hinoolan; akkasumas horii akka tiksaniifis dubarri baay’ee hin abboomaman. Karaa biraatiin taphoonni kunniin sochii miila isaanii solkaasuun utaaluu, qaama isaanii hunda akka fedhanitti gaggaragalchuu, woyaa isaanii of irraa baasanii qaama qullaa taphachuufi akka barbaadanitti kufanii ka’uu waan of keessaa qabuuf, haalli akkanaa kun ammoo, akka hawaasa naannoo kanaatti ijoollee shamaraatiif qaanii waan ta’eef carraan inni shamarran hirmaachisuuf qabu dhiphaadha. Akka odeeffannoo daawwannaa yeroo garaagaraa gandoota adda addaa irratti godhameefi af-gaaffii Obbo Jaarsoo Waaqayyoo gaafa guyyaa 27/07/09fi marii garee hojjattootni W/A/T/ aanichaa (09/08/09) taasisan irratti ibsaniin taphoonni kunniin

kan akka:- utaalchoo, shururoo, winciriirroo, bishaan daakuu, ruxii a'uu, saddiiqa, fardaan gulufuu, korboo, tililloofi tirgaa taphachuu fa'a maqaa dhahuun nidanda'ama.

4.2.2. Taphoota Koorniya Lamaaniinuu Taphataman

Taphoota ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa, taphoonni saala lamaanuu wol qixa hirmaachisan nijiru. Taphoonni akkanaa kunniin, akka barbaachisummaa isaatti wol keessa makamaniis ta'ee qofaa qofaan taphachuu kan danda'aniidha. Haala kanaan yeroo taphatan ijoolleen filannoo sadi akka qaban beekamaadha. Worri dhiiraas ta'ee, shamarranii qofa qofaan taphachuu danda'u. Akkasumas ammoo, shamarranis ta'ee dhiirri wolitti makamanii taphachuu danda'u jechuudha. Taphoota kana keessatti haalli worra shamarraniis qaanessu baay'een hinmul'atu waan ta'eef itti hirmaatu. Taphoonni haala kanaan taphataman kan akka:- buruntii, tun maali ishiin, adaabbaa baalee, bijammirii, funyoo utaaluu, takiifi dhokachoo fa'a maqaa dhahuun nidanda'ama. (af-gaaffii obbo Isheetuu Alamaayyoo gaafa 22/07/09)fi marii garee barsiisota woliin gaafa (25/08/09) taasifameen.¹

4.3. Yoomessa Tapha Ijoollee Waytii Keessatti Taphatamaniin

Wontootni aadaa hawaasa tokkoo calaqqisiisan yeroofi bakka itti raawwataman qabaachuu qabu. Haaluma walfakkaatuun aadaan tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan aanaa kokkosaas yoomessa keessatti taphatamu kan mataa isaa qaba. Akkaataa odeeffannoo dawwannaa yeroo adda addaatti taasifameefi af-gaaffii garaagaraatiin ibsametti taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan aanaa kanaa yeroo adda adda keessatti akka raawwatamuudha. Haalli kunis, calluma jedhamee osoo hintaane aadaa wojjiin wol qabsiisuun yeroo midhaan hinfacaane yookaan hinmargine, yeroo lafti jiidha qabu, yeroo horii eeguun itti ijoollee hinrakkifnee), yeroo meeshaaleen taphichi kun irraa tolfamu salphatti argamuufi yeroo taphichaaf mijatu irratti xiyyeeffachuun qoqqoodama.

Haala kanaan taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kunniin yoomessa guyyaa qofa keessatti kan taphataman ta'anii woqtiileedhaan immoo akka armaan gadiitti qoodamaniiru. Isaanis:-tapha yeroo arfaasaa taphatamu, tapha yeroo gannaa taphatamu, tapha yeroo birraa

¹ Hubachiisa:- Akka odeeffannoo daawwannaa bakkeewwan adda addaafi af-gaaffii namoota garaagaraa irraa argame irraa hubatametti, akka nannoo kanaatti taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan warri shamaraa qofti dhuunfaa isaaniitti taphatan baay'inaan hinmul'atan. Sababa kanaaf kan qoratichi tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kana koornayaan yoo qoodu iddoo lama qofatti qoodeef.

taphatamu, tapha yeroo bonaa taphatamuufi tapha yoomessa kamiyyuu keessatti taphatamuu danda'an akka jedhaman odeeffannoo obbo Bariisoo Diboo waliin (af-gaaffii 12/08/09) gaggeeffamerra hubatameera.

4.3.1. Taphoota Yeroo Arfaasaa Taphataman

Akka aadaa hawaasa naannoo kanaatti taphoota sochii qaamaa ofkeessaa qaban ta'anii kanneen yeroo arfaasaa taphatamuun beekaman kan akka:- tapha tililloo, saddiiqa, korboo, adaabbaa baaleefi bishaan daakuu fa'aadha. Akkuma beekamu yeroon kun bonni darbee aduun nama gubduufi hoo'i adda addaa rooba arfaasaa kanaan waan qabbanaa'uuf qaamni ijoollee woqtii kana keessa baay'ee itti tola, nifoorfatu, akkasumas bakka horii tiksanitti ammoo midhaan adda addaa yeroo kanaa waan qotamuuf rakkoo tokko malee taphoota kanniin akka taphatan odeeffannoo marii garee hojjatoota waajira aadaafi tuurizimii aanichaa ta'an irraa (gaafa 09/08/09) argameen hubatameera.

4.3.2. Taphoota Yeroo Gannaa Taphataman

Yeroo gannaa kana akka hawaasa naannoo kanaatti taphoonni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan ijoolleen taphachuu jaalatan jiru. Taphoonni kunniin kan akka:- utaalchoo lafarraa, uleerra, tililloo, winciriiroofi ruxii fa'a maqaa dhahuun nidanda'ama. Akka odeeffannoo obbo Taammiraat Gammadaafi dargaggoo Ayyuub Hasoo (af-gaaffii 19/08/09) ganda Bokoree keessatti kennan irraa akka hubatametti, yeroon kun yeroo roobni gahaan roobee, lafti bishaan dhugeefi biyyeen baay'ee waan lallaafuuf lafti uleenis ta'ee meeshaa biraatiin salphatti woraannamuu waan danda'uuf, ijoolleen taphoota eeraman kana osoo taphatanuu yoo kufanis miidhamuu waan hindandeenyeef salphatti taphatu jedhan. Haata'uu malee yeroo ammaa taphoonni akkanaa kunniin, irraanfataamaa dhufuu irraa kan ka'een ijoolleen tapha aadaa kanneen wollaaluudhaan bakka isaa taphoota ammayaa buufachaa akka jiran itti dabalani ibsaniiru.

4.3.3. Taphoota Ijoollee Yeroo Birraa Taphataman

Woqtiin kun immoo yeroo ganniifi dukkanni darbee, lafti hundi ifee, gamaafi gamanni, tulluuwwan, laggeen, hundinuu daraaraa garaagaraatiin daraaree midhaagee itti mul'atuudha. Keessattuu yeroo kana abaaboon birraa lafa hundarratti daddaraaree karaa irraa yeroo itti nama yaamuudha. Akkasumas yeroo kana ijoolleen asheetaafi shonkoora nyaatanii waan quufaniif waan hundaa raawwachuuf itti tola. Akkasumas yeroo kana humna waan horataniif

taphachuuf fedhii guddaa wolitti agarsiisu. Taphoonni yeroo kana isaan taphatanis:- farda gulufsiisuu, bishaan daakuu, woldhaansoo wolqabuufi bijammirii fa'aadha. Haala kanaan yeroo kana dargaggoonni humna waan qabaniif, eenyu akka caalu ilaaluuf lafa diriiraa irratti woldhaansoo fi farda gulufsiisuun woldorgomaa taphatu. Odeeffannoo af-gaaffii itti gaafatamaa waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Kokkossaa obbo Taammiraat Gammadaa (guyyaa gaafa 19/08/09) irraa argameen.

4.3.4. Taphoota Ijoollee Yeroo Bonaa Taphataman

Akka hawaasa naannoo kanaatti taphoota ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban keessaa taphoonni yeroo bona taphataman: shururoo, korboo, saddiiqaafi tirtaa darbichuu fa'aadha. Akka odeeffannoo obbo Isheetuu Alamaayyoo (af-gaaffii 23/08/09)fi marii garee hojjattoota W/A/T/taasisaniin ibsanitti taphoonni jedhaman kunniin lafa gogaa kan barbaadan ta'anii, shururoon lafa ilaalaa (gooddii gadi) ta'efi lafa marga baay'ee hinqabne waan filatuuf taphni kun irra caalaa yeroo bona filata. Karaa biraatiin taphoonni kunniin humna guddaa waan hingaafanneef akka salphatti yeroo kana taphatamuu danda'u.

4.3.5. Taphoota Yoomessa Garaagaraa Keessatti Taphatamuu Danda'an

Taphoota ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban keessaa baay'een isaanii yoomessa garaagaraa keessatti taphatamuu danda'u. Taphoonni akkanaa kun akkuma duraan ibsamuuf yaalametti yoomessaa galgalaatiin alatti woqtiilee jiran arfan keessattuu taphatamuuf yeroon kamiyyuu kan isaan hindaangessineedha. Taphoonni haala kanaan taphatamanis kan akka: tapha diibiyyoo, wazaawwazoo, takiifi tun maali ishiin tapha jedhaman fa'a maqaa dhahuun nidanda'ama. (Af-gaaffii Bariisoo Diboo 25/08/09)

4.4. Dhiibbaawwan Tapha Ijoollee Kana Akka Dagatamu Taasisaa Jiran

Taphoonni ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban kan aadaan hawaasaa ittiin lufaa yookaan darbaa ture kun yeroo ammaa kana dhiibbaan adda addaa karaa garaagaraatiin akka irra gayaa jiru beekamaadha. Yaada kana ilaalchisee marii bal'aa hojjattootni waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa Kokkossaa guyyaa gaafa 24/08/09fi barsiisonni mana barumsa sad. 1^{ffaa} Guutuugaafa 25/08/09 taasisaniin akkanatti ibsaniiru:- wontootni tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kana akka dagatamaa dhufuuf sababa ta'aa jiran kan akka, babal'achuufi dagaagu amantiin wolqabatee ijoolleen tapha aadaa kanaaf yeroo kennuu dhiisanii gara mana amantiitti deebi'uu, taphoota ammayaafi fiilmiiwwan adda addaa karaa fooddaa televijiiniitiin

daawwataniif yeroo kennuu, akka durii ijoolleen umrii dargaggeeyyii ta'an dagachuu isaanii irraan kan ka'e taphoota kana ijoollee isaanitti aanan barsiisuu dadhabuufi kan kana fakkaatan eeruun ibsaniiru.

Haaluma kana fakkaatuun sababni biroo immoo, rakkoo taphoonni ammayaa tapha aadaa ijoollee irraan gahaa jiru yoo ta'u, inni kun dhiibbaa jalqabaa kan tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan irra gahaa jiruudha. Kunis ijoolleen yeroo baa'ee waan haaraatti of maxaqsuu waan barbaadaniif aadaa duraan ture caalaa waan booda dhufetti of barsiisaa adeemuun aadaa isaanii dagatanii aadaa ormaa kan hinbeekne caalsifataa adeemu. Akkasumas yeroo ammaa kana horii tiksuu caalaa qarshii barbaaddatanii miidiyaalee adda addaa ilaaluf gara magaalatti baqatuufi tapha aadaa taphachuu caalaa geemiiwwan moobayilii fa'a taphachuu filatu. Ijoolleen tapha aadaa kan shaakalan ammoo yoo horii tiksan ta'e qofa. Haalli kun yeroo baay'ee manneen barnootaa keessatti fa'a baay'inaan mul'ata. Yaanni akka sababaatti ka'e inni biraa akka durii lafti diriiraafi bal'aan woliinii dhabamuu isaati. Kunis akkuma beekamu yeroo ammaa lafti dur loon woliinii itti bobba'u bal'aafi diriiraan kan jiru osoo hintaane, namni hunduu dhuunfaan kaloo kalachuudhaan.

Boqonnaa Shan: Cuunfaafi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti, goolabaafi yabootu dhiyaate. Akkuma boqonnaawwan darban jalatti ibsamuuf yaalametti, mata dureen qorannoo kanaa qaaccessa haala raawwii tapha ijoollee kanneen sochii qaamaa ofkeessaa qaban kan aanaa Kokkossaa qaaccessuudha. Qoratichi mala odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa daawwannaa, marii gareefi af gaaffii fayyadameera

5.1. Cuunfaa

Akkaatuma kaayyoo qorannoo kanaa irratti ibsameen, barbachisummaan qorannoo kanaa tapha ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban aanaa Kokkossaarratti kan xiyyeeffatu ta'ee:- akaakuu tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kanneen aanaa kanaatti taphataman, akkaataa itti qophaa'uufi meeshaa irraa qophaa'u, maalummaa taphichaa, eenyuun fa'a akka affeeru, faayidaa isaa, yoomessa keessatti taphatamuufi dhiibbaa irra gahaa jiru ilaalchisee:- daawwannaa yeroo adda addaatti taasifame irraa, namoota adda addaatiif af-gaaffiifi marii garee taasifameen qabxiileen boqonnaa afur jalatti qaacceffaman, akka armaan gadiitti cuunfamarii dhiyaataniiru.

1. Maalummaa tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatani ilaalchisee, gosa tapha hawaasaa ijoolleen taphattuu keessaa, kan sochii yookaan hurruubummaa qaamaa of keessaa qabu ta'ee, kan adda durummaan ijoolleen keessatti hirmaatan, qaama isaanii cimsachaa woliin taphatan, kan ijoollummaa isaanii woliin ittiin qooddataniifi hawaas ummaa isaanii ittiin calaqqisiisaniidha.
2. Gosoonni tapha ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qabani 18 aanaa Kokkossaa keessatti kan argaman ta'anii, yeroo taphataman akkaataa sochii qaamaa irratti mul'atuun walqabatee bakka gurguddoo shanitti qoodameera. Tokko tokkoo isaanii jala immoo gosoonni taphaa nijiru. Isaanis:- 1^{ffaa} taphoota sochii utaalchoo ofkeessaa qaban. Taphoonni kunniin kallattii taphichaaf mijatutti yookiin taphichi sun ajajutti sochii utaalchaa agarsiisaa kan taphatamaniidha. Haata'umalee yeroo utalamu kana sararoota barbaachisaniifi of eeggannoon godhamaa kan taphatamuudha. Taphoonni akkanaa kunniin kan akka: haadarra utaluu, utaalchoo lafarraa, uleerraa, lagarraafi bijammirii (merexee) fa'aadha.

Gosoonni taphaa 2^{ffaan} taphoota sarara eeggachuudhaan taphatan yoo ta'an, isaanis kan akka korboo a'uu, bijammirii, tirgaafi buruntii fa'a ofjalatti hammatu. Taphoonni kunniinis sararoota taphichaaf jedhamee qophaa'u bira osoo hindarbin, keessaa hinbayiniifi hinejjatin seericha faana bu'uun kanneen taphatamaniidha. Gosti taphaa 3^{ffaan} immoo taphoota kallattii hundattuu fiiguudhaan taphatamaniidha. Isaan kun akka taphoota kaanii sararoota jedhame qofa keessatti daangeffamuu osoo hintaane, bakka barbaadame sana gayuuf kallattii barbaachiseefi humna fiigichaaf qaban hundatti fayyadamanii kan taphatamaniidha. Taphoonni akkanaa kunniinis: diibiyyo diiboofi adaabbaa baalee fa'a maqaa dhahuun nidanda'ama.

Gosa taphaa inni 4^{ffaanis} tapha taa'uudhaan wolitti naanna'anii taphatamaniidha. Isaan kun kan taphataman bifa geengootiinis ta'ee haala gamaafi gamana taa'uutiin wolitti siquufi wolitti marsuun lafa gayanii taa'uufi miila isaanii irra gadi ququphanuun kan taphatamaniidha. Isaanis kan akka: kubbaa agartanii, takiifi saddiiqa fa'a tarreessuun nidanda'ama. Gosa taphaa 5^{ffaa} kan ta'an immoo, taphoota haala adda addaatiin taphatamaniidha. Taphoonni kunniin akkuma maqaa isaanii irraa hubatamutti tokko tokkoon isaanii haala ittiin taphataman kan mataa isaanii qabu. Taphoonni haala kanaan taphatamanis, kan akka shururoo, winciriirroo, bishaan daakuu, woldhaansoofi fardaan gulufuu fa'a jedhamu.

3. Taphoonni ijoollee akkaataa itti qophaa'aniifi meeshaa irraa qophaa'an qabu. Meeshaalee irraa qophaa'an ilaalchisee haala lamaan akka qophaa'uu danda'utu hubatame. Tokkoffaa, yeroma tapha tokko filatanii taphachuuf ka'an meeshaalee battaluma sanatti argamuu danda'an yookaan meeshaalee harka isaaniitii qabanitti fayyadamanii taphatu. Fakkeenyaaf, tapha adaabbaa baalee yoo fudhanne ulee lamaan dhaabuudhaan taphatama. Ijoolleen horii tiksaa ammoo ulee harka isaaniitii waan hindhabneef yeroma barbaadan akka salphatti qopheeffatanii taphachuu danda'u. Haalli lammaffaan immoo, osoo taphichi hinjalqabin dura itti yaadamee erga meeshaan taphichaaf barbaachisu qophaa'een booda kan taphatamuudha. Tapha akkanaatiif fakkeenya kan ta'u, korboo, bishaan daakuufi fardaan gulufuu fa'a.

Yeroo kana seera taphaa eegaa waan taphatamuuf namni seera taphichaa cabse taphaan ala taasifama. Kan seera taphichaa eegee raawwate immoo moo'ee maqaa yoo argatu, faallaa kanaa kan moo'ame immoo, waan barbaachisuun adabamee yeroo itti aanu moo'uudhaaf akka ofqopheessu taasifama. Taphoonni kun yeroo taphataman gareedhaan waan ta'eef yeroo sana eenyu fa'atu keessatti hirmaata gaaffiin jedhus jiraachuu danda'a. Kunis ta'uu kan danda'eef, aadaa hawaasaa wajjiin wolqabatee taphoota safuu ibsaniifi humna taphni sun barbaadu fa'a irraa ka'eeti.

4. Kanuma sababeeffachuun haala koorniya hirmaachisuutiin taphoonni kun bakka lamatti qoodamaniiru. Isaanis taphoota warra dhiira qofaan taphatamaniifi taphoota koorniya lamaanuu walqixa hirmaachisan jedhamaniiti. Taphoonni warra dhiiraa qofaan taphataman kanneen akka:- utaalchoo, shururoo, winciriirroo, bishaan daakuu, ruxii a'uu, saddiiqa, fardaan gulufu, korboo, tililloofi tirgaa fa'a tarreessuun nidanda'ama. Taphoonni worri kun humna cimaa, haala warra shamarraniitiif hinmijanne kan gaafatuufi yeroo baay'ee naannoo mana jireenyaa irraa fagaatanii bakka ijoolleen loon tiksanitti kan taphatamu waan ta'eef carraan inni warra shamarranii hirmaachisuuf qabu dhiphaadha. Karaa biraatiin immoo, taphoonni koorniyaa lamaanuu wal-qixa hirmaachisanis nijiru.

Taphoonni akkasii kunniin kanneen akka:- buruntii, tun maali isheen, adaabbaa baalee, bijammirii, funyoo utaaluu, takiifi wal-dhokachoo fa'a eeruun nidanda'ama. Taphoota kana ijoolleen yeroo taphatan haala sadiin taphachuu danda'u. Innis:- shamarran qofti wal wajjiin ta'uun, dhiirti qoftiifi shamarraniifi warri dhiiraa walitti makamanii taphachuu nidanda'u. Taphoonni kunniin hundinuu adeemsa ittiin taphataman kan akka:- taphicha yeroo jedhametti jalqabuu, seera isaa eeggatanii taphicha keessa turuun moo'achuufi moo'atamuu fa'a qabu. Akkasumas adeemsi kunniin hundinuu seerota hordofan qabu. Karaa biraatiin sadarkaa isaaniitti faayidaa seeraafi duudhaa hawaasummaa wal barsiisu qaba.

5. Karaa biraatiin taphni ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban yoomessa keessti taphataman qabu. Gosa tapha ijoollee keessaa taphoonni halkan taphataman haa jiraatan malee, taphoonni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan garuu kan guyyaa qofa taphatamuudha. Sababni isaas taphoonni kunniin sochii qaamaa waan of

keessaa qabaniif mana keessattis ta'ee halkan taphachuun hindanda'amu. Haala kanaan taphoonni ijoollee kun yoomessa armaan gadiitti qoodama. Isaanis: taphoota yeroo birraa taphataman, yeroo bonaa taphataman, yeroo arfaasaa taphataman, kan yeroo gannaa taphatamaniifi taphoota yoomessa adda addaa keessatti taphatamuu danda'aniidha. Akkasumas taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kunniin sochii qaamaa irratti waan xiyyeeffataniif woqtiilee wojjiin wolitti hidhannaa qabu; keessaayyuu, haala lafaa irratti hundaa'uudhaan mul'atu.

6. Wontootni tapha ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban kana akka dagatamuuf sababa ta'anis nijiru. Innis yeroo ammaa kana ijoolleen taphoota bifa ammayyaatiin karaa miidiyaa hawaasaa adda addaatiin dhiyaatan irra xiyyeeffannoo isaanii kaayyachuufi taphoota moobaayilii keessatti argaman irratti yeroo isaanii waan dabarsaniif taphoota ijoollee isa aadaa kana akka dagatan taasiseera. Akkasumas ijoolleen yeroo ammaa horii tiksuu caalaa qarshii xinnoo yoo argatan gara magaalatti deemanii taphoota ammayaa jedhaman kana ilaaluufi maatiinis ijoollee isaanii akka loon tiksaniifi tapha barsiisuu caalaa gara mana amantaalee adda addaafi mana barnootaatti erguu filachuun isaaniifi xiyyeeffannoon karaa maatii ijoolleetiinis ta'ee, karaa hawaasa biraatiin tapha kanaaf kennamuu dhabuun fa'a dhiibbaa tapha aadaa ijoollee irra gahaa jiran keessaa isaan muraasa.

5.2. Yaboo

Taphoonni ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban kanneen hawaasaaf bu'aa adda addaa kennaa turan yeroo ammaa sadarkaa irraanfatumuu irra gahanii akka jiran qorannoo kanaan bira gahameera. Aadaa akkanatti hawaasaaf bu'aa buusu kana sirritti kunuunsuufi tursiisuun hambaa seenaa godhanii dhalootaa dhalootatti akka darbu gochuun immoo dhimma murteessaadha. Kanaafuu taphni ijoollee kun lubbuu godhatee akka turu, kunuunsuufis ta'ee tursiisuuf:-

- Qorannoon bal'aan kan taphoota ijoollee Oromoo Arsii naannoo hundaa hammatu bal'inaafi gadi fageenyaan osoo gaggeeffamee,
- Barsiisonni barnoota aadaa barsiisan osoo hubannoo barattootaaf kennanii,
- Ogeeyyiin barnootaa, taphoota ijoollee sochii qaamaa ofkeessaa qaban kan haala kanaan aadaa hawaasaa calaqqisiisan kana sirna barnootaa keessa galchani osoo qopheessanii,

- Biiron Aadaafi Tuuriziimii sadarkaa jalaa hanga gubbaatti jiran aadaa tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kana suuraafi sagalee adda addaatiin worabuun, akkasumas seeraan galmeessanii hambaa godhanii osoo kaayanii,
- Ijoolleen tapha akka hindaganneef ummanni Oromoo Aanaa Kokkossaa hanga danda'ametti osoo ijoollee isaanii tapha barsiisanii,
- Waajjiri ispoortii dargaggootaa ispoortii aadaa keessatti kanneen hammatamuu qaban irratti ogeessotaan qorachiisee osoo bakka argatanii,
- Qorattootni garaagaraa dhimma mata duree kanaatiin wolqabsiisanii gara fuulduraatti kallattii kanaan ta'ee kallattii Garaagarummaafi walfakkeenya taphoota ijoollee sochii qaamaatiin walqabataniifi tapha ammayaa gidduu jiru gama faayidaatiin jedhuun qorannoo osoo gaggeessanii,
- Taphoonni qabeenya hawaasaa ta'anii haala kanaan hawaasa bal'aa keessatti beekamaniifi faayidaa guddaa kennaa turan kunniin, moggaasni maqaa isaanii jechootuma afaanichaatiin osoo ta'ee carraan aadaa hawaasaa ibsuu isaa kana caalaa bal'aa ta'a yaada jedhuun qaba.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa, Yaadrimee Qorannoo Hujoo*, Finfinnee.
- _____. (2016). *Semmoo' Oromiyaa*: Finfinnee.
- Abdulmaliik Abdurahamaan. (2003) “Akaakuu Tapha Ijoollee Ibsuu Godina Harargee Lixaa Aanaa Masalaa” Yuunivarsiitii Aaddis Ababaa:Waraqaa Qorannoo Digrii Duraa (Kan hinmaxxanfamne)
- Ann Birch. *Developmental Psychology: Infancy to Adulthood*. 2nd edition. Pal Grave: St Martin's Press, 1997.
- Ann Grideo.(1980) “*The Study of Children's Folklore*” Western states folklore society.
- Asafa Tefera. (2004) *Theorizing the Present Towards a Sociology of Orom Literature, Jaarsoo Waaqoo's poetry*. Finfinnee branna printing enterprise.
- Ayyaano Shonbole. (2007). *Seenaa Ilka Waabee*. Barruu hinmaxxanfamne.
- Badhaasaa Buttaa. (2005). *Handhuura Waabee*. Hawaasaa: Teedii
- Bascom, W. (1992). *American Folklore In the New World Blooming to And Indiana Polis*: Indiana University Press.
- _____. (1954) “Four Functions of Folklore” *American folklore society*
- Beekan Gulummaa. (2015). *Koomtoo*, finfinnee
- Ben Amos, Dan. (1975). “Folklore in African society.” *In Research in African Literature* 6(2) pp. 165-198.
- _____. (1979). *To Ward a Definition of Folklore in Context* (reading in american Folklore) South Asian publishers Ltd. New Deshi.
- Berg, B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social Sciences*, California state University, Long Beach. Best, J.
- Bonney. (1985). *Teaching Anthropology Throuth Folklore*. Black well publishing on Behalf of the American anthropological association
- Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Addis ababa. Far Fast Trading PLC.
- Dorson, M. (1972). *Folklore and folk life studies: An introduction*. The University of Chicago press.
- Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Berkeley: prentice-hall, inc.

- Finnegan, R (1970). *Oral Literature in Africa*. Open Book publishers CTC Lid
- Geetaachoo Rabbirraa. (2009). *Seer-luga Afaan Oromoo*. Finfinnee. Dhaabbata Maxxansa Intarnaashinaalii.
- Georges Robert A. and Michael Owen Jones. (1995). *Folkloristics: An Introduction*. Indiana University Press.
- Goldsten, Q. (1964). *A Guide for field workers in Folklore*. Hat boro: Folklore Associates Inc.
- Jilee Goobanaa.(2012). “ Qabiyyee Tapha Ijoollee Oromoo Gujii Aanaa Bulee Horaa Godina Booranaa” Yuunivarsiitii Aaddis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii Duraa (Kan hinmaxxanfamme).
- Karbon, H. (1989). *Sociology, Social Structure and Social Conflict*. New York Mc Millan Company.
- Lachiisaa Birruu.(2011). “Haala Dhiyeenyaafi Qabiyyee Tapha Ijoollee Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu” Yuunivarsiitii Aaddis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii Duraa (Kan hinmaxxanfamme)
- Marzolph. (1998). *What is folklore good for?* Indiana University Press.
- Masfin Tashoomee. (1995). “ *Tapha Ijoollee*” *Wiirtuu Barruulee Qormaata Afaan Oromoo, Jildii 7*. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Gumii Qormaata Afaan Oromoo.
- Mechling Joy in Fekede. (2003). *Reader For Etl: Folklore*. Department of Ethiopian Language and Literature MA. In Ethiopian Literature and Folklore.
- Melakne Mangistu. (2006). *Fundamentals of Litrature*. Addis Ababa University.
- Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii. Bu’uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee.
- Namarraa Bashaa.(2007). “Qaaccessa Raawwii Tapha Ijoollee Aanaa Boojjii Dirmajii”Yuuni varsitii Aaddis Ababaa : Waraqaa Qorannoo Digrii 2^{ffaa}(kan hinmaxxanfamin)
- Oring, E. (1984). *Folk Groups and Folklore Geners*. An Introduction: Longman Utaha State University.
- Selamnew Feleke. (2008). *Mala Baruu Barsiisuu Taphootaafi Ispoortii Aadaa* . Finfinnee. (Kan hinmaxxanne)

- Sims and Stephen.(2005). *Living Folklore an Introduction to the Study of Peopsand their Traditions*. Utah State University Press.
- Spradley, J.P. (1979). *The Ethnographic Interview*. New York. Holt, Rinehart and Winston.
- Solomoon Araaya, (2004). *Qulitative Research: Beyond a Number Game*. Inistitution Of Educational Research Flambeau. Addis Ababa University. (vol. aa,N.2)
- Tadasse Jaleta. (2011). *Children as Interpreters of Culture: Producing Meanings FromFolk tales*. InSouthern Ethiopia. Indiana University Press.
- Tadesse Jaleta and Simonesen. (2014). “ *The Role of Oromo Speaking Children in the Story Telling Tradition in Ethiopia*”. Journal of AmericanFolklore. Vol.45 No. 2. Indiana University Press.
- Wasanee Basha. (1990). *Qorii Hambaa*. Finfinnee. Dhaabbata Maxxansa Meeggaa.
- Wendy Reich. (1991). *The Use of Folklore in Revitalization Movements*.Taylor and Francis Ltd.
- Zawudee Taddasaa. (2001). “*Gosoota Afoola Afaan Oromoo*”. Dhaabbata Qunnamtii Barnootaa. Ministeera Barnootaa. Finfinnee.
- ዘሪሁንአስፋው፡፡(1992)፡፡ የስነጽሁፍ መሰረታዊያን፡፡ ኦዲዮ ኦቦባ፤ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡

Dabalee A

Yuunvarsitiin Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qo’annoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii.

Gabatee Qabxiilee Daawwannaa (Observation Check List)

T.L.	Wantootaa Daawwataman	Deebii
1	Taphni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan meeshaalee akkamiirraa qophaa’u?	
2	Taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan haala akkamiitiin qophaa’u?	
3	Taphoonni kunniin seerota akkamiifaa hordofuun taphatamu?	
	- Naanna’anii dhaabbatuu?	
	- Naanna’anii taa’uu?	
	- Tarree galanii dhaabbatuu?	
	- Dhuunfaan taphatamaa?	
	- Gareedhaanii?	
4	Yeroo taphatamu haala (sochii) hurruubummaa akkamii agarsiisu?	
	- Duratti fiiguudhaanii?	
	- Duubatti fiiguudhaanii?	
	- Duraafi duubatti fiiguudhaanii?	
	- Olutaaluudhaanii?	
	- Okkolfachuudhaanii?	
5	Hirmaattonni tapha kanaa eenyu fa’i?	
	- Shamarran qofaan taphatamaa?	
	- Dhiira qofaan taphatamaa?	
	- Saala lamaanii kan taphatamudha?	
6	Yoomessi taphoonni ittiin taphataman:	
	- Yeroo Birraa	
	- Yeroo Bonaa	
	- Yeroo Arfaasaa	
	- Yeroo Gannaa	
7	Bakkaan itti taphatamuun hoo:	
	- Bakka loon tiksanittii?	
	- Mana Barumsaattii?	
	- Bakka Lamaanittiyyuu?	

Dabalee B

Af-gaaffii

Yuunvarsitiiti Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii.

Kabajamtoota obboloota /abboota koo, duraan dursee gaaffii afaanii amma isiniif dhiyeessuuf akka naaf eeyyamtan kabajaan isin gaafadha.

Kaayyoon gaaffii kanaa dhimma tapha aadaa ijoolleetiin walqabate irratti odeeffannoo sassaabachuu waan ta'eef, yaadaafi muuxannoo dhimma kanarratti qabdan osoo hinqusatin yoo gumaachitan bu'aan qorannoo kanaa olaanaa ta'a.

1. Akka naannoo kanaatti tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kan jedhaman warra kam fa'aadha?
2. Taphoonni kunniin yeroo (woqtii) armaan gadii keessaa isa kam keessatti taphatama?
 - 2.1. Kan yeroo gannaa taphatamu
 - 2.2. Kan yeroo birraa taphatamu
 - 2.3. Kan yeroo bonaa taphatamu
 - 2.4. Kan yeroo arfaasaa taphatamu
 - 2.5. Kan halkan taphatamu
 - 2.6. Kan guyyaa taphatamu
 - 2.7. Kanneen yoomessa garaagaraa keessatti taphataman kam fa'i?
3. Taphoonni kunniin bakka kam fa'atti taphatamu?
4. Taphoonni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kun ijoolleedhaaf faayidaa akkamii fa'a qabu?
5. Taphoonni aadaa ijoollee asiin olitti tarreessitan kun maal maal irraa qophaa'u?
6. Akkaataan qophii tapha aadaa ijoollee asiin olitti addeessitanii maal fakkaata?
7. Tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kana kan qopheessuu eenyu fa'a?
8. Haala raawwii tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabataniin ilaalchisee yeroo taphatan sanatti maal fakkaata?

- 8.1. Taphachiisaa gaheen isaa maali?
- 8.2. Hirmaattotni seera taphichaa eeggatanii akkamitti taphatu?
- 8.3. Kan moo'ame akka seera taphichaatti maal ta'a? kan seera cabse hoo?
- 8.4. Taphni warra dhiiraa qofaan taphatamu kam fa'a? maaliif?
- 8.5. Taphoonni warra shamarranii qofaan taphataman kam fa'a? maaliif?
- 8.6. Taphoonni saala lamaaniinuu taphataman kam fa'i?
9. Wantootni tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kanarraan dhiibbaa geessisan jiruu? Yoo jiraatan maal fa'a?

Dabalee C

**Yuunvarsitiif Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa,
Joornaaliziimiifi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookiloorii.**

Gaaffilee Marii garee

Kabajamoo barsiisota /ogeeyyii W/A/T/, duraan dursee gaaffii marii amma isiniif dhiyeessuuf akka naaf eeyyamtan kabajaan isin gaafadha.

Kaayyoon marii kanaa, dhimma tapha aadaa ijoolleetiin walqabate irratti odeeffannoo sassaabachuu waan ta'eef, yaadaafi muuxannoo dhimma kanarratti qabd an osoo hinqusatin yoo gumaachitan bu'aan qorannoo kanaa olaanaa ta'a.

1. Akka naannoo kanaatti tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan jedhamanii kan beekaman kam fa'aadha?
2. Faayidaan taphni kun ijoolleedhaaf kennu maal fa'aadha?
3. Taphoota armaan olitti tarreessitan kana ijoolleen yoomessa akkamii keessatti taphatu? Maaliif isinitti fakkaata?
4. Taphoonni kunniin eessa fa'atti taphatamu? Maaliif isinitti fakkaata?
5. Taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan amma eertan kunniin maal maal irraa qophaa'u?
6. Akkaataan qophii taphoota kanniinii akkami?
7. Tapha aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu kana eenyu fa'atu qopheessa?
8. Wantootni tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan kanarraan dhiibbaa geessisan jiruu?
9. Gara fuulduraatti taphoonni kun cimee akka ittifuufuuf maaltu godhamuu qaba jettu?

Dabalee D

Odeef-kennitoota

T.L	Maqaa	Koorniyaa	Umurii	Gahee Hojii
1	Alamaayyoo Bariisoo	Dhi	60	Hojjataa W.A.T.
2	Ayyaanoo SHonboleee	Dhi	27	Hojjataa W.A.T
3	Ayyuub Hasoo	Dhi	13	Barataa
9	Badhaasaa Buttaa	Dhi	59	Jaarsa
4	Bariisoo Diboo	Dhi	29	Barsiisaa
5	Birhaanuu Shimallis	Dhi	11	Tiksee
6	Bunee Shaanqoo	Dha	12	Barattuu
7	Caalaa Bulloo	Dhi	18	barataa
8	Caaltuu Kabbadaa	Dha	21	Qonnaan bulaa
10	Dureettii Bulloo	Dha	19	Qonnaan bulaa
19	Gammadaa Gadaa	Dhi	33	Qonnaan bulaa
11	Ganamoo Duubee	Dhi	32	Barsiisaa
12	Hiikoo Kirrii	Dhi	26	Barsiisaa
13	Huseen Tukee	Dhi	22	Qonnaan bulaa
14	Isheetuu Alamaayyoo	Dhi	34	Qonnaan bulaa
15	Jaarsoo Waaqayyoo	Dhi	62	Qonnaan bulaa
16	Jabal Zarfuu	Dhi	35	Barsiisaa
17	Jimmaa Teessoo	Dhi	30	Hojjataa W.A.T
18	Makkoo Shimallis	Dha	10	Barattuu
20	Nageessoo Bulloo	Dhi	31	Barsiisaa
21	Qaabatoo Mariiboo	Dhi	30	Hojjataa W.A.T
22	Taammiraat Gammadaa	Dhi	60	Hojjataa W.A.T
23	Taariquu Yaayyoo	Dhi	22	Qonnaan bulaa
24	Waabee Sinbiruu	Dhi	66	Jaarsaafi waardiyaa W.A.T
25	Zannabech Kuraa	Dha	40	I/G/ Dhimma dubartootaa

Dabalee E

Suuraa marii garee



Yemmuu hojjattootni W/A/T/ walwajjiin marii garee taasisan.

Yemmuu Qorataan hojjattoota W/A/T/ wajjiin marii taasisu.



Yemmuu qorataan barsiisota barnoota aadaa barsiisan wajjiin marii garee taasisu.

Dabalee F

Taphoonni kunniin bifa gabateetiin gabaabinaan yoo ibsaman

T. L	Gosoota Taphaa	Koorniya taphatamuun	Waqtii taphatamu	Ulaagaa tapha taasisu	Faayidaa taphoota kanneenii
1.	Winciriirroo	Dhiiraan	Ganna	Madaala ofii eeguuf	Jabina Qaamaatiif
2.	Bijammirii	Lamaaniinuu	Birraa	Mana baay'ee bituuf	Harkaan qajeelchani waa darbachuuf
3.	Diibiyoo	Lamaaniinuu	Hunda	Walminneessuuf	Dandeettii fiigichaatiif
4.	Utaalchoo	Dhiiraan	Ganna	Baay'ee utaaluu	Jabina Qaamaatiif
5.	Korboo	Dhiiraan	Bonaafi Arfaasaa	Dooyaa waamuuf	Harkaan qajeelchani waa darbachuuf
6.	Tun-maalishiin	Lamaaniinuu	Hunda	Gubuuf	Dandeettii fiigichaatiif
7.	Waldhaansoo	Dhiiraan	Birraa	Walkuffifachuuf	Jabina Qaamaatiif
8.	Tirgaa	Dhiiraan	Bona	Mi'a fudhachuuf	Harkaan qajeelchani waa darbachuuf
9.	Haadarra utaaluu	Lamaaniinuu	Hunda	Utaalchaaf	Jabina Qaamaatiif
10.	Adaabbaa Baalee	Lamaaniinuu	Hunda	Barooduuf	Dandeettii fiigichaatiif
11.	Takii	Lamaaniinuu	Hunda	Ciqilee dhoofsisuuf	Harkaan qajeelchani waa darbachuuf
12.	Saddiiqa	Dhiiraan	Bonaafi Arfaasaa	Loon horachuuf	Dandeettii waa yaaduufi shallaguu
13.	Shururoo	Dhiiraan	Bona	Madaala eeguuf	Jabina Qaamaatiif
14.	Fardaan gulufuu	Dhiiraan	Birraa	Farda walii ilaaluu	Jabina Qaamaatiif
15.	Buruntii	Lamaaniinuu	Hunda	Miliquuf	Dandeettii fiigichaatiif
16.	Tililloo	Dhiiraan	Arfaasaa	Waraanuuf	Harkaan qajeelchani waa darbachuuf
17.	Ruxii	Dhiiraan	Ganna	Dhahuu	Harkaan qajeelchani waa darbachuuf
18.	Bishaan daakuu	Dhiiraan	Birraafi Arfaasaa	Dhiqachuuf	Jabina Qaamaatiif

Hub. Taphootni gabatee kana keessatti tarreeffaman hundinuu gareen kan taphatamaniidha.

Waraqaa Mirkaneeffannoo

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uusaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatin ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____